# XIINXALA ITTI FAYYADAMA HASGOCHA BARATTOOTAAFI BARSIISOTA MANA BARUMSAA BURQAA HAARBUU SAD.2FFAA BULCHIINSA MAGAALAA HOOLATAA

**FUFAA DHEERESSAA XAAFAATIIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) (BARNOOTA AFAANIIFI OGBARRUU OROMOO) ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA’EE YUNVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIIF KAN DHIYAATE**

**SADAASA, 2014 /2021**

**FINFINNEE**

# XIINXALA ITTI FAYYADAMA HASGOCHA BARATTOOTAAFI BARSIISOTAA MANA BARUMSAA BURQAA HAARBUU SAD.2FFAA MAGAALAA HOLATAA

**FUFAA DHEERESSAA XAAFAATIIN**

**GORSAA: AMANU'EEL ALAMAAYYOO (PHD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) (BARNOOTA AFAANIIFI OGBARRUU OROMOO) ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNVARSIITII ADDIS ABABAAKOOLLEEJJII NAMOOMAA,QORANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFIN QUUNNAMNTII MUUMMEE AFAAN OROMOO ,OG BARRUU FI FOOKILOORIIF KAN DHIYAATE**

**SADAASA, 2014 /2021**

**FINFINNEE**

## Yunvarsiitii Addis Ababaa Mana Barnootaa Qo’nnoo Sagantaa Eebba-boodaa

Waraqaan qorannoo kun mata-duree “Xiinxala itti fayyadama hasgocha barattootaafi barsiisotaa mana barumsaa Burqaa haarbuu sada.2ffaa irratti Fufaa Dheeressaatiin kan hojjetamedha. Kunis, waraqaa qorannoo barnoota digirii lammaaffaa (MA) (barnoota afaaniifi Hogbarruu Oromoo) gamisaa guuttachuuf seera yunvarsiitichaa eeguun qulqullinaafi sadarkaa isaa eeggatee hojii jalqabaa isaa ta’uun kan qophaa’edha.

**Koree qormaataa:**

**Qoraa keessaa_________________________ Mallattoo __________Guyyaa__________**

**Qoraa alaa_______________________________Mallattoo_________ Guyyaa__________**

**Gorsaa_________________________________ Mallattoo __________ Guyyaa _________**

# Axereeraa

*Qorannoo kana mataduricharaatti gaggeessuuf dhimmoota sabaaba ta'aan keessaa inni guddaan hasgocha barattoonniifi barsiisoonni itti fayyadaman kan akkamii akka ta'e baruufi maaliin akka walqabatu lafa ka'uufidha.Ka'uumsi koo inni biraan ilaalchi barattoonniifi barsiisoonni barnootaaf qaban akkamiin hasgochaan akka mul'atu adda baasuudhaaf, hubannoo barattoonniifi barsiisoonni hasgocha irratti qaban beekuu,hariiroo barsiisaafi barataa gidduu jiru bira gahuufi haaloota hasgocha barattootaa fooyyessuu danda'an baruufan mata duree kanarratti qorannoo gaggeessuuu filaadhe.Kanaafuu kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Barattoonnifi barsiisoonni mana barumsaa Burqaa Haarbuu Sadarkaa 2ffaa hasgocha akkamiitti akka fayyadamaan adda baasuun xiinxaluu.*

*Kaayyoo kana galmaan ga'uuf mala qorannoo akkamtaatti irra jireessa kanan fayyadame yoo ta'u lakkoofsaan walqabatee garuu hagamtaattis fayyadamuudhaan odeeffannoon bargaafii,afgaaffii,waraabiifi daawwaannaan walitti qabame.Argannoon argame hasgochi naamusaan,kaayyoon,humna raawwiin,amanamummaan,aadaan, fakkenyumaan,waan itti amannuun,hariiroon,yoomeessaan,gaalchoon,sarmummaan,karibsoon walqabachuusaatu argameArgannoon 2ffaa hanqinni itti fayyadama hasgocha barattootaafi barsiisotaa:walkabajuu dhabuu, tuffii,fakkeenyummaa dhabuu hasgocha barsiisaa mataasaa,tarsiimoo hasgochaa wallaaluu,haala duraan keessa turani, haala mijataan dhabamuufi imaammata barnootaa keessaa hasgochi dhabamuun kan walqabatu ta'uusaatu hubatame.Walumaagalaatti,hasgocha barattootaafi barsiisotaa wantoonni galma geesisan:aadaa kabajuu,maalnaan jedhuu beekuu,sarmummaa qabaachuu,ga'uumsa qabaachuu, kaayyoo qabaachuu, yeroo kqabajuu,beekumsa hasgochaa qabaachuui,tarsiimoo hasgochaa beekuu, hariiroo sirriifi walgadhahuu danda'uu,fakkeenyummaa qabaachuu hasgocha barsiisaafi hoggantoota biyya bulchaniifi barnoota walmaddeessaa kenuun akka barbaachisutu hubatame.*

***<u>Jechoota furtuu/keywords</u>*** : maaljoo, Xiniika, xinikaala,**:**sarmummaa,Hasgocha

## Galata

Duraan dursee isa karaa hundaan na gargaaree asiin na ga'e Waaqayyoof galanni guddaan keessaa namummaa koo guutummaa irraa madde barabaraan haata'uuf. Akkasumas, gaaf tokkollee dadhabe osoo hinjedhiin yeroofi beekumsa isaanii osoo hinqusatiin ogummaa isaaniin na tumsanii dhidhiibanii gara ta'utti na qajeelchan gorsaa koo Doktoor Amaanu'eel Alamaayyoof galata onneerra ta'en qabaaf.Itti aansuudhaan haadha warraa koo kabajamtuufi jaalatamtuu Almaaz Ayyalaafi ijoollee koo kennaa Waaqayyo guddaa ta'an Sinsiif fi Anaansaan galateeffadha.Itti dabalees,maatiin irraa dhaladhe, firoota, hiriyyoota karaa garagaraa na tumsaa turaniifi tajaajiltoota waliin tajaajillu hundaafuu galanni koo jechaa olidha.Hundaan ol haadha koo karaa hundaanuu gatiifi dadhabbii namni dadhabuun ol dadhabdee na guddiftee Guddattuu Bushii waaqayyo inni hunda danda'u lubbuu ishee mootummaa isaa keessatti naaf yaa tursiisu jechuun jalalaafi kabajan isheedhaa qabu ibsa!!

**Sadaasa, 2014**

**Gabatee Baafataa/ Table of Content**

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereeraa ..... i

Galata ..... ii

**BOQONNAA TOKKO** ..... 1

1. SEENSA ..... 1

1.1.Seen -Duubee Qorannichaa ..... 2

1.2.Ka'uumsa Qorannichaa ..... 6

1.3. Kaayyoo Qoranichaa ..... 7

1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qoranichaa ..... 7

1.3.2. Kaayyoo Gooree Qoranichaa ..... 7

1.4. Faayidaa Qorannichaa ..... 8

1.5. Daangaa Qoranichaa ..... 8

1.6. Hanqina Qorannichaa ..... 8

BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'A BARRUU FIROOMANII ..... 9

2.1. Hasgochaafi xinikaala ..... 9

2.2. Xinikaala ..... 9

2.3. Ibsa Yaadrimeewwaan Hasgochaa ..... 10

2.4. Yaaxina hasgochaa ..... 12

2.5. Hasgocha Kallattii, alkallattiifi raawwannaa ..... 15

2.6. Akaakuu Haasgochaa/Types of speech acts ..... 16

2.6.1. Haasawa/ Locution ..... 16

2.6.2. Faayidaa haasawaa/ Illocution ..... 17

2.6.3 Bu'aa haasawaa/ Perlocution ..... 18

2.6.3.1. Murteessuu (verdictives)/Assertives ..... 18

2.6.3.2. Kallattii kennuu ( Exercitives) /Directives ..... 19

2.6.3.3. Waadaa ( Commisives) ..... 19

2.6.3.4. Labsii (Behabitives)/Declaration ..... 19

2.6.3.5. Addeessuu/ Expositives ........................................................................................ 20
2.6.4. Qooddii Searle (Searle’s classification) ................................................................ 20
2.6.5. Haala baay’ee mijataa ta’een/Felicity Conditions ................................................ 21
2.6.6. Hiika dubbataan ittiin hojiitti hiikuu .................................................................... 22
2.6.7. Caasaa himaafi Tajaajila dubbii .......................................................................... 22
2.6.8. Waliigaltee aadaa adda addaa ............................................................................ 23
BOQONNAA SADI: MALA QORANICHAA ................................................................... 23
3.1. Irraawatama Qoranichaa------------------------------------------------------------------------24
3.2 .Iddattoofi Mala Iddatteessuu ................................................................................. 24
3.3 .Madda Ragaalee ................................................................................................ 24
3.4. Mala Funaansa Ragaa ......................................................................................... 25
3.5. Mala Xinxaala Ragaa.......................................................................................... 25
3.6. Qindaa’ina Qabiyyee Qoranichaa ........................................................................ 26
BOQONNAA AFUR : XIINXAALA RAGAA ................................................................... 26
4.1. Qaacceessa Bargaaffii barattootaa ........................................................................ 27
4.2. Qaacceessa Ragaa Waliin dubbiifi Tallamsa Barataafi Barsiisaa …………………………. 39
4.3. Qaacceessa Ragaa Waliin dubbii,Taphaafi Falmii Barsiisotaa……………………………….49
4.4. Qaacceessa Ragaa Afgaafii Barsiisotaa ................................................................ 60
BOQONNAA SHAN ....................................................................................................... 64
5. GUDUNAFAA, YABOO FI YAADA FURMAATAA ..................................................... 64
5.1. Gudunfaa ........................................................................................................... 65
5.2. Argannoon bu’uuraa mul’ates: ............................................................................ 66
5.3. Yaada Furmaataa/Yaboo ..................................................................................... 67
Wabii/References ............................................................................................................ 68
DABALEE A- Gaafannoo Barataa ................................................................................... 74
DABALEE-B Waliin dubbii Barataafi Barsiisaa ............................................................... 76

# BOQONNAA TOKKO

## 1. SEENSA

Xinikaalli dame xinqooqaa ‘Linguistics’ ta’ee ittifayyadama afaanii waliigaltee keessaatti qorata.Yoo xiinikaala beekne malee maalummaa afaanii hubachuun nu rakkisa.Akkataa Leech (1983, p.1) ibsutti “Wecannot understand the nature of language itself unless we understand pragmatics” jedha. Bu’aa haasawaarratti hundaa’uun gochi raawwatamu hasgocha jedhama.Yaada kana Yule (1996)yoo ibsu akkana jedha, ‘the act being performed as a result of uttering a sentence is called ‘Speech act or a language function.’’ Xinikaalli akkaataa ilmi namaa waliigaltee keessaatti afaanitti fayyadamuudha.Yaada kana Mey (2001:6)akkanatti ibsa, “Pragmatics as the study of the human being use their language in communication,bases itself on a study of those premises and determine how they effect and effectualize human language use.” Jedha.Nunan (1999, p.131) akka ibsiteetti immoo ‘Speech acts are simply things people do through language, for example apologizing, complaining.instructing, agreeing and warning.’ Akka yaada kanaatti hasgochi afaaniitti fayyadamuudhaan waantoota namoonni hojjetaan kanneen akka qajeelfaama kennuu, akeekkachiisuu…faa taa’uusaatu hubatama.

Hasgochi xinikaala keessaatti barbaachisummaan isaa olaanaadha ‘Speech act has advanced significantly in pragmatics (Agbedo, 2008; Dylgjeri, 2017). Xinikaalli hasgocha aadaa hawaasaa keessaatti qo’ata ‘Pragmatics studies speech act in context of social cultures.’

Hasgochi damee xinikaalaa ‘pragmatics’ yoo ta’u,innis namni jechoota dubbatuun gochaa maalii akka raawwatu kan ibsuudha;itti fayyadama haawaassaa,guutummaa adaaafi adeemsa Afaaniitti dhimma bahuun hiika uummachuudhaan sammuu dhaggeeffataafi waana jedhame sanaatti hiika yoomeessa giddu-galeeffate laachuudha. Hasgochi naamuusaan, kaayyoon, kabaja namoomaan, kabaja barnootaan kan walqabate ta’uunsaa kan walqabateedha.Hasgochi sirrii hin taane bifa adda addaan mana barnootaa keessaatti kan mul’atuudha. Kunis gama qajeelfaama hojiirra oolchuu dhiisuun walqabatee, naamuusa qormaataa eeguu dhiisuun walqabatee, hasgocha fakkeenyummaa hin qabneetti fayyadamuun walqabatee, namummaan walqabatee

barattootaraatti kan mul’atu ta’ee argameera.Galma gahiimsa hasgochaaf akkataan ittiin dubbatame, haalli keessaatti dubbatame,hariiroon dubbataafi dhaggeeffataa gidduu jiru,dhaggeeffataan waan itti amanuunfi akkasumaas tarsiimoo hasgochaa beekuudhaan fiixaa bahiinsa hasgochaaf ijoo akka ta’aan biraa gahameera.

Xinxaalli itti fayyadama hasgocha barattootaafi barsiisotaa gama yeroo kabajuun, aadaa kabajuun, sarmummaa eeguun, maaljoon, qajeelfaama adda addaa hojiirra oolchuun yaada ijoo furmaata qaamolee hedduu gaafatu akka ta’e mul’ateera.xinxala ittifayyadama hasgochaa kana furuudhaaf muuxannoon, haaldureen, ilaalchi, kaayyoon, xiyyeeffannoon barbaachisaa akka ta’e hubatameera. Gama biraan, hasgochi barattootaa maatii isaan guddiseen kan hubame ta’uufi hiriyyoota isaaniin kan hubame ta’uun hubatameera.Akasumaas,aangoo giddu-galeeffachuun hasgocha sirrii hin taane namoonni fayyadaman dhaaloota miidha akka jiraan agarsiiseera.Hasgochi barattootaafi barsiisoota tokko tokkoo tarsiimoo deeggaruu mitii tarsiimoo mormuullee kan giddu- galeeffatae akka hin taaneetu hubatame.Barsiisoonni hasgocha human raawwii barattootarratti uumuu danda’u akka fayyadamaa hin jirre agarsiiseera.

**1.1.Seen -Duubee Qorannichaa**

Yaaxxinni hasgochaa itti fayyadama afaanii keessatti namni waan dubbatuun gochaa raawwatudha.Yaxinni kun jalqaba John Austin(1962) yoo uumameyyuu caalmaatti John Searle (1969)guddate.Austin bu’uuraalee hasgochaa sadiitti qoode.Isaaniis: 1)haasaa ‘Locutionary’ 2) faayidaa haasaa ‘illocutionary’fi 3)bu’aa haasaa ‘Prelocutionary’.Searle Immoo faayidaa haasaa ‘Illocutionary’ bakka shaniitti qoode.Haasaan: hiika kallattii /karaa baramaadhaan dhaggeeffataa biratti hubatamuudha.Hiika sadarkaa jalqabaatti xiinxalamu jechuudha.Faayidaan haasaa:Gochoota dubbachuun raawwatamaan agarsiisa.Gocha dubbataarraa qaama biraatti fiixa bahiinsa raawwiif darbudha.Fkn.akeekkachiisuu…Bu’aan haasaa:waan qabatamaa dubbataan dubbate bu’uura taasifachuun gochaa dhaggeeffataan raawwatudha.Searle(1979) immoo faayidaa hasaa bakka shanitti qoode.1) addeessuu ‘Declaration’ 2)Bakka bu’aa ‘Representative’ 3)Ibsuu ‘Expressive’ 4)Qajeelchuu ‘Directives’ 5) Waadaa Comissive’dha.

Itti fayyadamni hasgocha barattootaafi barsiisotaa yeroo durii rakkoo qabaachuu baatullee,yeroo ammaa itti fayyadamni hasgocha barattootaafi barsiisotaa rakkoo kan qabu ta’eera.Hasgochi damee xinikaalaa ‘pragmatics’ yoo ta’u,innis namni jechoota dubbatuun gochaa maalii akka

raawwatu kan ibsuudha.Xinikaalli immoo haala murtaawaa tokko keessaatti dubbataan dhaggeeffataan maal akka hojjetuuf kan dubbate ilaallata.Austinfi Searle akka jedhaniitti , ‘Xinikaalla  adeemsa waliigaltee Afaanii keessaatti faaraan beekuun waan jedhamuuf yaadame sanaaf hubannoo jalqabaati jedhu’.Kun immoo kan inni ibsu, itti fayyadama haawaassaa,guutummaa adaaafi adeemsa Afaaniitti dhimma bahuun hiika uummachuudhaan sammuu dhaggeeffataafi waana jedhame sanaatti hiika yoomeessa giddugaleeffate laachuudha.Dabalataaniis,xinikaalli ‘pragmatics’ hiika dubbataa, hiika barreessaa, hiika haalaa bu’uureeffate,dhaggeeffataafi dubbisaa akkasumaas hiika ibsoota walitti dhufeenya kan haammate akka ta’e kaa’aniiru(1962).

Akka sirna barnootaatti barattoonnifi barsiisoonni mana barumsaa keessaatti hasgocha yoomeessa giddu galeeffate fayyadamuu akka qabaan yoo eegeyyuu, barattoonniifi barsiisoonni muraasni garuu hasgocha haalaa giddu hin galeeffanne fayyaadamu.John Saeed akka jedhutti, ‘xinikaalli Afaan giddu-galeessa godhachuudhaan waliigaltee baratamu irratti xiyyeeffata (2003:219) jedha.Sperberfi Wilson akka jedhamitti immoo,xinikaalli hariiroo mallattoolee fi namoota mallattoolee sanatti fayyadamaniiti jechuudhaan ibsa.Kunis hiikaa namoonni mallattoolee sanaaf kennaan kan qabatu ta’uu ibsaniiru.Dabalataanis,yaaxina waliigalaa ga’umsa dubbataa/dhaggeeffataa yookiin qabiyyee xinikaala seerluga keessaatti kan irratti xiyyeefatamudha jedhu(1986).

Imaamanni barnootaa ministeerri barnootaa baase ‘blue print’ barataan naamuusa barnootaa eegee barachuu akka qabu lafa kaa’a.Kun immoo hasgocha barataa waliin kallattiin kan walqabatuudha.Hasgocha jechuun haasawaan nama tokkoo yaada isaa ibsuu qofa osoo hin taane,waan inni haasawa isaa sanaan hojjetus kan of keessaatti qabuudha.Kun immoo hasgocha ‘speech acts’ jedhama.Hasgocha keessaatti dhaggeeffataan yookiin dubbisaan hiika xiinqooqaafi beekuumsa xiinqooqaan ala ta’e walitti fidee haasawa dubbataarraa ergaa uummata, gochaaniis ni agarsiisa.Kanaaf, hasgochi bu’uuraalee sadii qaba :Haasawa ‘locutionary’, faayidaa haasawaa ‘illocutionary’fi bu’aa haasawaa’prelocutionary’dha(Austin 1962).Qorannoon kun kan inni waliin qo’atamu yaaxina hasgochaa, keessumaayuu galma gahiinsa hasgochaaf haaloota murtaawaan irratti bu’uureeffachuun ta’a.Sababa itti fayyadama Afaanii kallattiifi alkallattii

hasgochaa waliin dubbii guyyaa guyyaa keessatti ni xiinxalaama.Hasgocha bu'a qabeessa taasisuuf haaloonni mijaawwoon guutaman jiraachuun barbaachisaadha.

Hasgocha tokko qixaan beekuun beekuumsa xinikaalaa keessaa isa tokko yoo ta'u,xinxaalli itti fayyadama hasgocha barattootaafi barsiisotaa mana barumsaa Burqaa Haarbuu sad.2[ffaa] xiinxaluun immoo beekumsa isa bal'aa gaafata.Xiinxalli hasgochaa akkamitti akka adeemsifamu, barbaachisummaan isaa, xiinxala booda bu'aa argamu sirriitti beekuu qaba. Kana malees, yaaxina beektoota adda addaa fayyadamuufi adeemsa hasgocha ittifayyadama afaanii ta'eetti fayyadamuun ittiin gaggeeffamuu,hubannoo qabaachuun barbaachisaadha.Akkaataa Hasgochi aadaa,safuu, umurii,kabaja namummaa, kaayyoofi kabaja ogummaan walqabatullee kan ilaallamanidha. Itti fayyadamni Afaanii waliigaltee keessaatti dhugaa ibsuuf ooluurra kan darbeedha.Ijaarramni Afaanii waan baratamu danuufi xiyyeeffannoodhaan akkamiin akka hojjetu caasaa Afaaniin walitti hidhachuudhaan raawwannaa adda addaa Afaan barreeffammaafi Afaan dubbii keesssatti gaggeeffamuudha.

Yaadrimee kanarraa ka'uudhaan,yaaxinni hasgochaa akka raawwii hirmaannaa hawaasummaatti kaa'ama.Caasaan waliigaltee inni xiqqoon caashima akka hin taane morma.Filannoodhaan,innis hidhata unka xummuramefi kan amala mataa isaa qabu,kuniis hima ijaaruudhaaf,gaaffii gaafachuudhaaf,ajaja kennuudhaaf, ibsuudhaafi wkf caasaa xiinqooqaa isaanii bu'uureeffachuudhaan akka bu'uura dhabbataa unka waliigalteetti fudhatama.Isaan kunneen immoo sadarkaa hasgochaati, addunyaa dhugaa keessatti waan qabatamaa dubbataan hojjeetudha.Itti fayyadamni hasgochaa karaa muuxannoo argame inni sirriin aadaa waliin walqabachuun baay'ee barbaachisaa akka ta'eefi walitti dhufeenya haawaassummaaf fakkeenya sirriidha. Dhimma kan keessaatti, hasgochi maal akka ta'e murteessuuf tarsiimoo isa kamiin addatti iitti fayyadamu maal akka ta'e adda baasuun hasgocha barbaaddamu bifa barbaaddamuun dabarsuuf oola Yule (1996).

Tarsiimoon hasgochaa maal akka ta'e ibsuun Afaan keessatti matuma isaattuu barbaachisaadha.Qorannoon akkanaa walitti bu'insaa waliigaltee aadaa tokko keessaa hubachuuf gargaara.Kanaafuu,tarsiimoon hasgochaa akkamitu barattootaafi barsiisoota mana barumsaa Burqaa Haarbuu sadarkaa 2[ffaa]tiin adeemsifama yemmuu dhiifama gaafachuu(apologizing),

yaada mormuu (complaining), diduu/faalleessuu (refusing), galateeffachuu (thanking) kunneen qorannoo kana keessatti ibsamuuf ni yaallamu.

Afaan dhimma hawaassummaa qaba.Haala murtaawaa keessatti namoonni Afaaniitti fayyadamu fedhii isaanii ibsuudhaaf ,odeeffannoo kennuudhaaf,yookiin namni biraa waa akka hojjetu taasisuudhaafi innis baay'ee murteessaadha, dubbataadhaaf dhaggeeffataa biratti karaa ifaadhaan akka hubatamuudhaaf.Hima waliin namoonni Afaan fayyadamu gocha raawwachuudhaaf, John Austin (1962) , 'Afaan akka uunka gochaatti dhiyyeesse.'Dubbii taasisuudhaaf, dubbataan karoorri sammuu isaa keessa jiru dhaggeeffataa biraatti beekamtii akka argatu eega. Haaloonni dubbii marsan dhaggeeffataa gargaaru akka inni karoora dubbataan sammuu isaa keessaa qabu hubataniif.Adeemsa waliigaltee Afaanii keessaatti hawaasummaafi xiinsammuu xinikaalaa faaraan beekuun wanta jedhamuuf yaadame sanaaf hubannoo jalqabaati.Kun kan ibsu, xinikaalli/pragmatics guutummaa hawaasummaa, guutummaa aadaafi adeemsa Afaaniitti dhimma bahuun hiika uummachuu sammuu namaafi hiika hasgochaa laachuuti.

**Xiniikaalli** :hiika dubbataa_hiika barreessaa_hiika haalaa_dhaggeeffataafi dubbisaa; akkasumaas hiika ibsoota wajjin walitti dhufeenya inni qabu kan haammatedha.Xinikaalli afaan bu'uureffachuun waliigaltee barachuu irratti xiyyeeffata(John Saeed 2003:219).Xinikaalli hiika galumsa/haalarratti hundaa'e kan qabatuufi ijaarrama addaa adeemsa fiduumsa unka dhaabbataa qo'atudha (gregoryWard & LaurenceR.Horn).Xinikaalli yaaxina waliigalaa ga'uumsa dubbataa/dhaggeeffataa yookiin qabiyyee xinikaalaa seerluga keessaa irratti kan xiyyeeffatuudha (Sperber& Wilson :1986).Haaluma walfakkaatuun falaasifaa jaalatamaan Chaarlees Mooris (1938) xinikaalli jecha ammayyaan yaada dimshaashaa qo'annoo mallattoolee(signs) ta'uu isaa lafa kaa'eera.

Kanaaf inni xinikaala akka itti fayyadama Afaanii fayyadamtoonni haala qabatamaa keessattiiti fudhata.Kunis sadarkaa xinikaalli walitti hidhiinsa yaaxinni amala addaa mallattoolee isaa waliin qaban guddisuu irrattiifi isa kamtu karaa ifa ta'eefi gahaa ta'een akka qoratamu(study) ibseera.Xinikaalli akkataa haalli dubbii/haasaa itti qoqqoodamutti deeggarsa qabsiistuu adda baasee hima kenname keessatti ibsuuf oola(Stalnaker 1972:383).kana jechuun hiikni himaa kan murteeffamu akkataa tajaajila galumsaa/haalaa irraa argamuutti(yeroo,bakkafi addunyaa jiru

dabalachuudhaani) walhidhannaa keessaattidha.Kunis yemmuu walta’iinsi addunyaa jiru keessatti tajaajila sana dhugaa kennuudha.Kanumarraa ka’uun xiinikaalli hiika walitti dhufeenya ibsa galuumsa haasaafi elementoota/caacculee hiika keessaa ibsuuf olaanidha.Egaa yoo xinikaalli gocha xiinqooqaafi haala/galumsa isaan keessatti raawwataman qo’atu,yaaxinni hasgochaa ammoo kan haammatu doomenoota xixiqqoo wiirtuu ta’anidha(Stalnakar 1972:383)

Egaa Xiyyeeffannoon xinikaalaa yemmuu xiniikni raawwatamee gara xinikaalatti dabarru irratti osoo hintaane, yoo iddoo sana keessaa bahellee Afaan uummama adeemsa haala irratti hundaa’eefi ta’iinsa kamiyyuu keessatti qo’annaan baay’ee ijaarrame xiniika haammachuun haala kan bu’uureffatu dha (Eric k.acton:2014).Haalli irra jireessa akka waliigalaatti, dhugaawwan addunyaa kan walta’iinsa haasaa keessatti ga’ee olaanaa hiika keesaattiifi ittifayyadama Afaan uummamaati.Haalli haasaan tokko keessatti dubbatamuufi doomeniin namoota dhuunfaa baay’ee barbaachisaadha.Akkaataa kanaan jechoonni namoota hundumaa fudhatama argatu jechuudha(Eric k.2014).

Xinikaalli walta’iinsa, hasgocha, sarmummaa, gaalchoofi mirkansoofaa kan qabatedha. Xiyyeeffannoon olaanaan xinikaalaa inni guddaan haasaadha.Haasaan nama tokkoo yaada isaa ibsuu qofa osoo hin taane,waan inni haasaa isaa sanaan hojjetus kan of keessatti qabuudha.Kun ammoo hasgocha jedhama.Hasgocha keessatti dhaggeeffataan hiika xiinqooqaafi beekumsa xiinqooqaan ala ta’e walitti fidee hiika dubbataaf ergaa uummata.Kanaaf,hasgochi waan sadii of keessaa qaba.Haasaa keessatti bu’uuraaleen sadan kanneen walqabatanii argaman:namni tokko yeroo jechootaafi caasaalee Afaan isaanii haayyamu fayyadama.Waan dubbateefis qaba:affeeruu barbaadeetu ta’a,himachuu barbaadeetu ta’a,balaaleffachuu barbaadeetu ta’a,waadaa galuufi barbaadeetu ta’a,jajachuu barbaadeetu ta’a,yookaan ammoo galateeffachuu barbaadeetu ta’a.Kunis haasaa,faayidaa haasaafi bu’aa haasaati akka Austin(1962) kaa’eetti.

### 1.2.Ka’uumsa Qorannichaa

Hasgochi jiruufi jireenya keessatti kan dhalli namaa waan mara ittiin dalagudha.Kana jechuun sadarkaa irra gaheerratti maalummaa isaa osoo beekuus haa ta’uu osoo hin beekiin kan inni ibsatu hasgochaani.Kun ta’ee osoo jiruu itti fayyadamni hasgocha barattootaafi barsiisota mana

barumsaa Burqaa Haarbuu sadarkaa 2ffaa hasgocha maal akka fakkaatu beekuu dhabuun ni mul’ata.Dhugaan addunyaarra jiru namni barate hasgocha maaljoo, sarmummaa,adaafi safuu eeggate kan fayyadamu ta’uusaati.Hagochi barattootaafi barsiisotaa duudhaa,safuu,eenyummaa hawaassa isaanii ibsuu osoo qabu,garuu faallaa kanaa achii as dhufa isaanii dagatanii hasgocha aadaa,safuu,maaljoofi sarmummaa hin qabne fayyadamu.

Hasgocha barattootaafi barsiisotaa keenyaa ilaalchisee waan qabataamaan amma jiru isa kana yoo ta’eyyuu hawwiin hawaassa Oromoo barattoonnifi barsiisoonni hasgochi haala qabatamaa kan barbaadu ta’uusaabeekuu akka qaban eeruudha.Qorataanis hasgochi barattootaafi barsiisotaa maaliin akka walqabaatu baruudhaaf qorannoo kanarratti qorachuuf kaka’uumsa argate.Itti fayyadamni hasgocha barattootaafi barsiisotaa safuu,aadaa,sadarkaa umurii eeguu baachuun maalirraa akka madde beekuuf mata duree kana irratti akkan hojjeedhu na kakaase.Keessumaayyuu barattoonni muraasni barsiisaa isaaniifi hawaasa mana barumsaa maaliif akka arrabsaniifi kabaja dhoowwan beekuu waanan barbaadeefidha.Kanuma ka’uumsa godhachuun qorataan qorannoo kana gaggeessuuf kaka’e.Kanumarraa ka’uun qorannoon kun gaaffilee armaan gadiitti ka’aniif deebii laata amantaa jedhun qaba.

1. Hanqinni ittifayyadama hasgocha barattootaafi barsiisaa maaliirraa madda?
2. Hasgocha barattootaafi barsiisotaa keessaa maaljoon maaliif dhabamaa?
3. Barattoonnifi barsiisoonni hasgocha haaloota kan kamfaa keessaatti itti fayyadamu?
4. Hasgocha barattootaafi barsiisotaa haaloota kamtu fooyyeessuu danda’a?
5. Hubannoon barattoonnifi barsiisoonni hasgocha irratti qaban maal fakkaata?

## 1.3. Kaayyoo Qoranichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qoranichaa

- ✓ Barattoonnifi barsiisoonni mana barumsaa Burqaa Haarbuu Sadarkaa 2ffaa hasgocha akkamiitti akka fayyadamaan adda baasuun xiinxaluu.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree Qoranichaa

- ➢ Ittti fayyadama hasgocha barattootaafi barsiisotaa daree barnootaa keessaafi mooraa mana barumsaa keessaa ibsuu.

- Filannoon tarsiimoofi caaslugaa hasgocha garaagaraa keessatti hagam murteessaa akka ta’an addeessuu
- Sarmummaa,aadaafi maaljoon hasgocha keessatti bu’aa hasgochaa galmaan geessisuu keessatti gahee inni qabu xiinxaluu
- Hasgochi ulaagaa umuriin_aangoon_kabajaan_aadaan xiyyeeffannoo akka qabu ibsuu.

### 1.4. Faayidaa Qorannichaa

- Hasgocha keessaatti faayidaafi fayyadama afaanii lafa kaa’uuf ni fayyada.
- Akka madda ragaatti qorattoota dhimma kanarratti hojjechuu barbaadanii ni fayyada.
- Hasgochi yoomeessa garagaraa akka qabu beekuu nama dandeessisa.
- Namoota gara fuulduraatti mataduree kana irratti qorannoo geggeessan ni jajjabeessa.
- Galma gahiinsi hasgochaa haalootaan akka daangeeffamu qaama kanarratti hojjetu beeksiisa.

### 1.5. Daangaa Qoranichaa

Hasgochi adda addaa tarsiimoo adda addaa waan barbaaduudha.Hasgochin duudhaa, sarmummaafi maaljoo akkasuumaas, namoota sadarkaa garagaraa irraattiifi itti gaafatamummaa yookiin human adda addaa qaban bu’uureeffata.Itti dabalees, hasgochi hawaassa sadarkaa adda addaa, hawaassa umurii garagaraafi hawaassa looga garaagaraa bu’uura godhachuudhaan hedduudha.Beekumsan qaburraa ka’ee hawaasaaf gumaachi xiqqoollee yoo taate gochuu waanaan qabuuf qorannoo irratti geggeessuuf dhimme.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana yemmuun geggeessu hanqina hedduutu na muuddate.Isaan keessaa warren adda duree ta’an hanqina yeroo, hanqina kitaabilee wabii Afaan Oromoo keessumaayyuu xinikaalaafi hasgochaan walqabatee, hanqina qorannoo afaan Oromoo mata duree kanaan walfakkaatuu, fi hasgocha qorachuuf malli isaa kaawwan caala rakkisaa ta’uusaati.

# BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'A BARRUU FIROOMANII

## 2.1. Hasgochaafi xinikaala

J.L.Austin akka jedhutti, ijaarramni jechootaa yookiin himootaa waan tokko dhugaa yookiin soba ta'uusaarra darbee 'Wantoonni jechootaan akkamitti hojjetamu?' falaasama jedhu kan qabaniidha jedha (1962'p.1).Wittgenstein akka jedhutti, hima jechuun dubbataan himatti dhimma bahuudhaan maaljedhe isa jedhamudha jedhe. Yule (1996:3) irratti yoo ibsu, xinikalli namoonni haasaa isaanii keessaatti waan jechoonni /gaaleewwaa jedhan caala haasaa isaaniin maal akka hojjetan irratti xiyyeeffata.Xinikaalli haala waliin walitti dhufeenya cimaa qaba; kallattiin xiyyeeffannoo xinikaalaa afur akka ta'es ni kaasa.1)xinikaalli hiika dubbataa akka ta'e2)xinikaalli hiika haala bu'uureffate akka ta'e 3)xinikaalli waan jedhame caalaa waan jedhameen maaltu akka hojjetame 4)xinikaalli ibsoota akka qabu dubbata.

## 2.2. Xinikaala

Yule(1996) akka jedhutti,xinikaallii Saayinsii hiika haalaa qoraatudha.Akka Yule(1996:3) irratti; xiniikaalli saayinsii hiikaa:dubbataan yookiin barreesssaan dabarsuu barbaade qo'atudha.Kana jechuun uunka xinqooqa dhiyyaate bu'uura taasisachuun waan dubbataan /barreessaan dabarsuu barbaade dhaggeeffattoonni /dubbistoonni xiinxaluudha 'pragamatics is the study of speaker's/writer's meaning.' Inni biraan, xinikaalli galumsa qo'ata.Kun ammoo haala keessatti duubbatame/barreeffame xiinxaluun akkamitti ergaan akka darbu barbaaddame haalicha adda dhiibuufi haalichaan akka dhiibbamu ilaallata 'pragmatics is the study of contextual meaning.'Kun jechuun Xinikaalli hiika dubbataa haala keessatti qorachuu akka ta'e ibsa. Xinikaalli walta'iinsa, hasgocha, sarmummaa, gaalchoofi mirkansoofaa kan qabatedha.Xiyyeeffannoon olaanaan xinikaalaa inni guddaan haasaadha.

Xinikaalli odeeffannoo qofa osoo hin taane, gochallee of keessaa ni qabaata, akkaataa dhaggeeffataan caasaa xiniikaa irratti odeeffannoo dabalachuun hiika xinikaalaa bira gahu qo'ata.Yemmuu dubbifnu/ dhaggeeffanu waan jechoonni yookaan himoonni jedhan qofaa osoo hintaane, waan barreessaan /dubbataan jechoota /himoota sanaan agarsiisuu barbaade maal akka ta'e beekuudha (1996:3) jedha.

Karaa biraan, xinikaalaaf yaanni beekaan kun kennu hiika dubbataan yaadu /fedhu bira gahuudha.kana jechuun waa'ee yaada dubbataa yookiin ilaalcha isaa bira gahuudha.Qo'annaan dubbataan maal jedhe jedhu yookaan hiikni dubbataa xinikaala (pragmatics) jedhama.Xinikaalli hiika hin mul'anne yookaan akkataa nuti itti waan dubbatameef/barreeffameef hiika itti kenninuudha. Hiika haala unkaaleen xinqooqaa keessaatti fayyadamanis bakka_yeroo_fayyadamtootaafi gochaalee isaan raawwatan ilaallata.kana jechuun xiniikaalli hiikni kan ibsamu dubbatootaani yookaan hiika dubbataati.Xinikaalli hiika haala bu'uurreffate;kana jechuun hiika argachuuuf aadaa_hawaassafi afaan dubbataan /barreessaan keessa taa'ee dubbate /barreesse xiinxaluun kan bira gahamu jechuudha.Saayinsiin kun galumsa keessatti faayidaafi fayyadama qo'ata.Malli inni irratti xiyyeeffatu immoo ibsuu,hiikuufi faassasuudha.

## 2.3. Ibsa Yaadrimeewwaan Hasgochaa

Yule (1996) hasgochi faayidaafi fayyadam afaanii kan qoratu akka ta'e ibsa. 'States that speech acts are a study of how the speakers and heares use language.' Karaa biraan waliigalteen qofaasaa afaan miti gocha waliin malee jedha.Namoonni waan tokko jechuudhaan gocha raawwatu.Caaslugaafi seerluga barachuu qofaa hasgochi galma gaha osoo hin taane haala giddugaleeffatee akka galma gahu Hymes (1974) akkas jechuun dubbata 'Proposed the SPEAKING model of speech analysis.according to him inorder to speak alanguage correctly, one does not only need to learn its vocabulary and grammar,but also the context in which words are used.

Haasaan nama tokkoo yaada isaa ibsuu qofa osoo hin taane, waan inni haasaa isaa sanaan hojjetus kan of keessatti qabuudha.Kun ammoo hasgocha jedhama.Hasgocha keessatti dhaggeeffataan hiika xiinqooqaafi beekumsa xiinqooqaan ala ta'e walitti fidee hiika dubbataaf ergaa uummata. Akka waliigalaatti, hasgochi gochoota waliigalteeti.Waliigaltee uumuun ilaalcha murtaa'e ibsuudha; akaakuun hasgochaa walqabannaa raawwii raawwatame ilaalchaan ibsame.Fakkeenyaaf_himaan waan itti amanu ibsa: fedhii isaa gaafachuun ibsuufi waan balleesseef dhiifaama gaafachuudha. Akka gocha waliigalteetti; hasgoonni yoo daawwattoonni addaan baafatan galma gahiinsa argata; akkaataa dubbataan dabarsuu barbaadeetti, ilaalchi isaa

ibsama.Hasgochoonni tokko tokko, haata'umalee, jalqaba irratti waliigaltee gochaa miti_tajaajilli isaanii waliigaltee uumuu miti jedha Austin(1962).

**Haasgochi**: gocha dubbataan raawwaatamu kamiyyuu dubbii keessaatti akka waa lafa kaa'uutti_gaafachuutti__gorsuutti_dheekkamuutti_ajajuu_affeeruu_baga gammaddee_fi wkfdha. Karaa biraa, damee yookiin humna dubbachuu; waliigaltee afaanii; dandeettii gocha dubbachuu: inni mataa isaa ibsa barreessuu caalaa dubbii keessaatti tajaajiiludha.Hasgochi haasawa akka faayidaa waliigalteetti tajaajiluudha.Nuti hasgocha raawwanna yemmuu balleessaa hojjetame eerru, nagaa gaafannu, karaa sarmummaa qabuun waan tokko gaafachuu, Waan jedhame haala nama hin qubsine ta'uu, affeerraa, jajjabeessuu , yookiin faalleessuu .Hasgochi jecha tokko qabaachuu ni dandaa'a.

Austinfi Searle akka ibsanitti, hasgochi walitti dhufeenyaa dhugaa kan haammatuufi beekumsa afaanii qofaan kan galma hin geenyeedha. Garuu afaan fudhatama qabu sun aadaa wajjiin kan fayyaduudha.Hasgochi guyyaa guyyaatti dhagahaa oolu kanneen kanadha.Hasgocha dubbachuun yeroo hundumaa karaa dhaabbataa ittiin waan tokko raawwachuun waliin dubbii keenya guyyaa guyyaa keessatti gargaaramnuudha. Akkaataa hasgochi hojjetu hubachuuf barbaachisaadha gartuun dubbii waan of keessatti qabatu beekuun barbaachisaadha_isaaniis: haasawa, faayidaa haasawaafi bu'aa haasawaa (1962), (1969).

Jechi hasgocha jedhu madda garagaraatiin 'How things do with words'jedhamee argama.Fakkeenyaaf,barreessaan Austin (1962 jedhamu akka jedhutti, ijaarramni jechootaa yookiin himootaa waan tokko dhugaa yookiin soba ta'uusaarra darbee 'Wantoonni jechootaan akkamitti hojjetamu?' falaasama jedhu kan qabaniidha jedha (1962'p.1).Wittgenstein akka jedhutti, hima jechuun dubbataan himatti dhimma bahuudhaan maaljedhe isa jedhamudha jedhe.

J. L. Austin dabalataan akka ibsutti, yaada jalqabaa wantoonni jechootaan akkamiitti raawwatamu, kun bu'uura yookiin dhimma himaa kan seera-qabeessaan dhimma raawwatamanii kan ibsu qofa miti yookiin waan dhugaa tokko lafa kaa'u waan dhugummaafi dharummaa hojjeechuu ta'a.Inni hiikaa jechootaatti fayyadamuun hasgochi raawwataamu dubbataan isaaniitti fayyadamuun adda baase.Namoonni jechootaan wantoota caalaatti hojjeetu odeeffannoo dabarsuu caala.Haaluma walfakkaatuun hasgochi gochoota callisee sagalee baasuu murtaa'e miti.

Akka inni jedhutti, sadarkaa saditti dubbiin alatti gochooni akka raawwatamaan lafa kaa'e.Inni gocha waa jechuu adda adda baase, waan namni waan jedhe duukaa bu'ee hojjeetu adda baase, waan jedheen maal akka hojjete kan ibsuudha. Kunis giddu-galeessummaa gahee ilaalcha dubbataafi maal nan jedhuu dhaggeeffataa irratti hin xiyyeeffanne.Inni galma ga'iinsi faayidaa haasawaa raawwanna akka waan waliigalaatti fudhatamaa malee akka karoora sammuu keessa jiruutti miti.Kun immoo itti fayyadama hasgochaati.

### 2.4. Yaaxina hasgochaa

Yaaxinni hasgochaa akkaataa uummaanni ittifayyadamaniifi waliigaltee afaanii keessaatti gocha raawwataanfi akkaataa uummaanni waan jedhame hubataniidha.Yaanni kun 'speech act theory explains how people use it and perform it in a communicative action and then how people understand what is uttered (Altikriti,2011).Wanti hundaan ol hasgocha keessaatti barbaachisaa ta'e ergaa dubbataan dabarsuu barbaadeefi yegguu dhaggeeffataan barbaachisummaa ergaa sanaaf deebii laateedha.Yaada kana Jabber,and Jiquan( 2013) akkana jechuudhaan kaa'aniiru 'Speech act is power in itsef .The most significant thing in speech act is the message that the speaker wants to convey.When the hearer understands the function of message he will responds or behaves positively.

Yaaxinni hasgochaa jalqabaraatti akka jiru kan lafa kaa'e falaasifaa Awuustiraaliyaa Luudwiing Wiitiigeentiisin yoo eegalamu gidduu-galeessa jaarraa 20[ffaa];falaasifaan Oxfoordii kan ta'e Austin immoo guddate.Bara 1930 booda Austin yaaxina hasgochaaf bu'uura ta'an barsiisa isaa Oxfoordii keessatti 1952-4 dhiyyeessuu eegale.Sana booda ammoo Wiliam Jemse bara 1955 Haarvaardi keessaatti hojiirra oolche.Walumaagalaatti,bara 1962 keessa barsiisoonni kunneen mata duree "wantoonni jechoota waliin akkamitti hojjetu" jechuun bal'isee hojjetee xiinqooqa irraatti dhiibbbaa kan geessise(Huuyangi,2007:93 ,Meey,2001:92)faadha.Afaan humna waliinii itti fayyadamtoota ergaa dabarsuudhaaf gidduu isaaniittin fayyadama.Humni kun yeroo hundumaa yaaxina seera qabeessiisee akka hasgochaatti kan inni irratti xiyyeeffate qooda namni waliigaltee waliin raawwatu keessumaayyuu,tajaajila isaanii keessattiifi gochoota qabatamaa keessatti(Taayiloor,1978:357).Akkataa yaaxina haasgochaatti,dubbiin kamiyyuu dubbataman gochaan raawwatamu(Allaans,1986:164,Yuul,1996:47).

Yaaxina hasgochaa jechuun yaaxina afaanii kan Austin(2009)fi baratàa isaa Searle(2000) yaanni lafa kaawwame.Austin(2009) fuulleeffannoo kanaan hariiroo yookiin walitti dhufeenya afaaniifi gochaatti ture.Akkaataa kanaan namoonni afaanitti yemmuu fayyadamaan walhidhiinsa /walqabatiinsa himeenii qofa dubbachuu osoo hin taane,gocha rawwachuudha.Marquez Reiter akka ibsetti, Afaaniitti fayyadamuudhaan ofii isaanii waa hojjetu yookiin namni biraan waan isaan dubbatan irraa ka'ee waa hojjeeta.Kuniis galateeffachuu, karaa sarmummaa qabuun waan tokko gaafachuuu, waadaa galuu, Afaan isaan keessaa muraasa ( 2000).Searle gama isaatiin,hasgochi irra keessa Afaan qabatamaa keessaatti haala fayyadaman dhiyyeesse(2000).Akkataa inni jedheetti tilmaamni yaaxina hasgochaa unka xiqqaa waliigaltee namootaa kan ta'uu qabu dhiyyeessa akaakuu gochoota murtaa'eeti .

Hasgocha ilaalchisee yaaxinni baay'ee fudhatamaa argate falaasama qofa wajjiin osoo hin taane, xiinqooqa keessatti, xiinsammuu keessaatti,yaaxxina seeraa keessaatti dhimmoota garagaraatiin mul'ata.Barbaachisummaan hasgochaa beekkamtii argachuun dandeettii Afaan waan dhugaa ibsuu caala gocha tokko hojjeechuuf qabu agarsiisa. Akka Bachman (1990) tti immoo, gochoonni kunneen waliigaltee keessaatti kallattii tajaajila Afaanii waliin walitti dhufeenya qaba.Dameewwan lamaan akkaataa tartiiba qabuun waliigaltee keessatti kan raawwatuudha.Austin (2009) yeroo ergaa dabarsinu/hima ijaarru ittifufiinsaan gochoota sadi akka adeemsifaamu agarsiisa. Isaan keessaa inni tokko **haasawa**.Kun salphaadhumaatti kan ibsu gocha waan tokko jechuuti.Inni lammaffaa **Faayidaa haasawaa_** karaa biraatiin waan tokko jechuudhaan waan tokko hojjechuudha. Inni sadaffaan: **Bu'aa haasawaa_**goolaba waan jedhame tokkoti dhiyyaata.Innis fiduumsa yookiin bu'aa inni dhaggeeffataa irratti fide dubbata.

Searle (1969:16) irratti yemmuu kaasu,“Afaan dubbachuun hasgocha raawwachuudha” jedha. Kunis: akkaataa hima himamsaa ijaaran_ ajaja kennan_ gaaffii gaafatan_ waadaa galanfi wkf hasgocha jedhamu jedhe.Seera murtaa'aa itti fayyadama Afaanii wajjiin, gochaaleen kunneen ijaarrama taasisuuf kan danda'amudha.Waliigalteen Afaanii gochaalee xiinqooqaa haammatu.Sababiin isaas, waliigalteen xiinqooqaa kamiyyuu kan tajaajilan haala wayii jalatti ilaalcha (intention) wayii ibsuufidha (ibid:16)

Saadok (2006:53) irratti yaaxina hasgochaa yemmuu tarreessu,“Madaallii/safartuu mijaawaa karoora sammuu keessa jiruufi karaa sirriifi fudhatama qabuun raawwachuu gidduu jirudha jedha.” Kanaafis namoonni keessummaa simachuuf,waan tokko ajajachuuf,waan tokko gaafachuuf fi wkf afaanitti fayyadamu.Kunneen immoo hasgocha jedhamuun adeemsa dubbachuu keessatti hojiirra ola.Yule(1996:47) gochaaleen sun itti dabalamee galma gahuuf dubbidhaan duuchaatti kan jedhamu hasgochaadha;isaaniis: waan dogoggorteef dhiifama gaafattu, karaa wanti tokko quubsaa itti ta’uu baate kan ibsu,wantoota fakkaattii adda addaa qaban walitti makuu, afeerraa, waadaa yookiin karaa fudhatama qabuun waa gaafachuu faadha.
Peerkiin (2007:15) irratti yemmuu ibsu,yaaxina hasgochaa murteessummaan barbaachissummaa isaa, “Tajaajiloonni waliigaltee namni tokko dubbatu kaayyoo dhimma maalii galmaan gahuuf akka ta’eefi qajeelloon dubbachuuf karaa bu’aa qabuun ergaa dubbataa bu’uurreffata jedha.

Haaluma walfakkaatuun Kaayistaal(2008:424) akka ibsetti, Hasgocha jechuun haasaan nama tokkoo yaada isaa ibsuufi waan inni haasaa isaa sanaan hojjeetudha.Akkasumaas hasgocha jechuun waan dubbataaan dabarse yookaan ergaa dubbataa irratti hundaa’uun gochaa raawwatamu kan agarsiisu jechuudha.Kunis kan ibsu hasgochi haasaa galma adda addaatiif taasifamu.kanaaf hasgochi kun kan haammatu:ajajuu,gaafachuu,waadaa galuu,dhiifama gaafachuu,afeeruu,qajeelfama kennuu,mormuufi wkf.

Cook akka ibsutti immoo, waan sana tursiisanii gochaan raawwachuun mala hasgocha itti darbarsaniif haalonni murtaa’oon tokko tokko dirqama jiraachuu qabaatu jedhe.Haaloonni kunneen ammoo haaloota barbaachisoo ‘felicity condition’ dha jechuun ibseera. Dabalataaniis, tooftaa barbaachisaa ilaaluun jalqabarratti kan guddiseefi akkaaataa waliin deemanitti hasgocha kan qoode Austin jedhama.Du’a isaa booda bara 1960 yaadni Austin kan fooyyesse/refined/toora qabsiise,kan yaada itti kennaa ture keessumaayyuu barataa isaa Oxfoordii kan ture falasifaa Ameerikaa J.R.Searle jedhamudha. Haaloonni armaan gadii dirqama kan dhiyyeessan raawwannaadha malee tajaajila sirrii hin taane miti:

1. Isaan adeemsa waliigaltee irraa eegaluu qabu dhiibbaa waliigaltee taasisuuf. Adeemsi kun kan galma gahiinsa qabaatu nama sirriin dubbii mijataa haala mijaawaa ta’een taasiisanidha.
2. Haalaafi namoota haala murtaa’aa adeemisichaa keessaatti haalaa mijataafi nama mijataa.

3. Adeemsa sirrummaa barbaaduufi hirmaattota hundaan guutumaatti hojiirra kan ooluudha (Coulthard, 1985).

Haymes akka lafa kaa'eetti ,yemmuu Afaan barannu kan argisiisu ,ijoolleen dabalataan caasaa seerlugaa irratti qajeelfama hawaassumaa argatu.Dandeettiin kuniis gahuumsa waliigaltee jedhama,beekuumsa seerlugaa wajjiin jechoota akkataa siirriin itti fayyadamuu baraatu.Karaa kanaan, waan barbaadu tokko argachuuf, beekuumsi yoom dubbatama yookiin yoom hin dubbatamu, eenyuuf dubbatama,akkamiitti dubbatama,eessaatti dubbataama.Itti dabalees Haymes (1972) hariiroon ga'umsa waliigalteefi afaanii gabbina ilaalchaa ti jedha.Karaa biraatiin,Afaan argachuun kan inni haammatu seera afaaniifi seerluga afaanii itti fayaadama isaanii keessaatti walfaana haammata.Ijoolleen jireenya hiiku,yaaxina waliigalaa unkawwaan dubbiif mijataa ta'an guddifaatu.Tilmaamni kun muuxannoo daangeeffamuu hin dandeenye hedduu hasgocha wajjin lafa kaawwamufi bu'uura hariiroo hawaasaafi aadaa dabalatu(1972).

Intachakrafi Lascarides faa akka jedhanitti, gochi rakkoo uumuu baay'inaan irra deddeebi'uun kan hojiirra ooluudha waan ta'eef yaadaafi hasgocha gaariifi sirrii ta'e nafeeffachuufis irra deddeebi'uun barbaachisaadha. Gochoonni kunneen gaarummaaf yoo irra deddeebi'amanan kaayyoon isaanii faayidaa walitti dhufeenya haawassumaa dubbii Afaaniin soroorsa.Hasgochi akkaataa karaa caalatti ifa ta'eefi karaa naannawaa ni raawwataama.Alkallattiin kan raawwatu akka ibsa hasgocha keessaatti karaa dalgaa gocha biraatiiiniidha(Asher and Lascarides,2006:183) .Akkaataa kanaatti, yemmuu himni akka 'Ani boru guyyaa dhaloota koo sin affeera' kan jedhu raawwii caalmaatti ifa ta'eedha. "Ani baay'een gammada yoo boru kabaja guyyaa dhaloota koo dhufte'kan jedhu kun immoo karaa alkallattiin raawwii gochaa adeemsifaamuudha.Gammachuun hima 2$^{ffaa}$ tajaajila karaa dalgaa affeeruudha.

**2.5. Hasgocha Kallattii, alkallattiifi raawwannaa**

Akka Austin ilaleetti,qabiyyeen haasawaa(maaltu jedhame yookiin )yeroo hundumaa maaltu himaan dubbatame kan jedhu irratti kan murtaa'e miti.Caalumatti,maaltu jedhameen faayidaa haasawaan kan murtaa'u miti.Nuti hasgocha raawwanna(1)kallattiin yookiin alkallattiin karaa hasgocha biraa raawwannuudha,(2) kallachaa yookiin alkallachaan akkataa jechoota keenya itti

fayyadamnu irratti hundaa’uunfi (3) karaa irruma caalatti ifa ta’een yookiin karaa ibsuun nama rakkisuun waan jedhame irraatti guutummaan guutuutti hundoofna. Barsiisuufi barachuun beekuumsa dabarsuufi dandeettii goonfaachuu irra ni caala, muuxannoo jireenyatu waan hundarra caala.Dubbiin akka hasgocha kallattiiti kan ilaallamu yommuu hariiroo kallattii caasaafi faayidaa waliigaltee dubbii gidduu jiraateedha. Searle kan akka lafa kaa’etti, dubbiin alkallattii isa tokko kan “sababa biraatiif raawwatuudha” (Searle Toomaas wab., 1995, f.93). Sana jechuun unkaafi dubbii gidduu hariiroo dalgeetu jira jechuudha jedhee lafa kaa’e .Kun immoo itti fayyadama hasgochaa keessaatti unka afaaniifi waliigaltee bu’uureeffachuu akka ta’e kan hubaachiisuudha.

### 2.6. Akaakuu Haasgochaa/Types of speech acts

Yeroo namni tokko waan balleesseef dhiifama gaafatu ,fakkeenyaaf, natti dhagahameera jechuu qofa osoo hin taane dhiifaama argachuu barbaaduudha.Dubbachuun dhiifama gaafachuu, ciminaan dubbachuu qaba, suniis karaa dhiifama gaafachuu ifaa ta’eedha,dubbiinillee gocha karaa lamaan kanaan raawwatama.Akka dhiifaama gaafachuutti,dubbiin gaaffii barbaaduutti ibsama.Sababii haqaa kan hasgochaalee hedduu dhimma adda addaatiif argameera; wixineen baay’ee beekamaan hasgochaalee adda qoodan irra jireessa Austin ( 1962) qoqqoodedha;Searle( 1969) qoqqooddaa  Baachfi Harnish (1979) qoqqoodaniin gargaarameera.

#### 2.6.1. Haasawa/ Locution

Haasawwi qaama dubbii mul’ataadha.Sana jechuun dubbataan himoota qabiyyee murtaa’e keessatti karaa idilee ta’een waan dubbatudha.Haasawi caasaa seerluga dubbiiti.Gocha waan tokko jechuuti.Gocha haasawaati.Himni casaa seerluga qaba.Hiika xiinqooqaas niqaba; namichi maal dubbate?(malee dubbataan maal hojjetee miti) Haasoofni seeraan qindaa’e yeroo marayyuu kaayyoo qaba. Austin (1962) haasaan hundi wantoota garaagaraa ibsuuf qofa akka hin taaneefi sana jechuun ammoo wantoonni dhugaa yookiin soba miti jechuu akka hin taane; garuu, raawwiiwwan isaanii tokko tokko agarsiisuu danda’u jechuun ibseera.Yeroo kana gochoonnis raawwachuu danda’u.Haasaan akkanaa akka raawwatamu kan inni taasifamu dubbii taasifamu sanarratti itti fufiinsa isaa adda baasuudhaani.Austin (1962:5) akka ibsutti,himoota dubbataman sana daawwachuudhaan yookiin dhaggeeffachuudhaan akka ta’e dha.Karaa biraan,ifatti himoota

akkanaa dubbachuun gocha raawwachuudhaa malee dalagaa dhugaa yookiin dharaa ibsuu jechuu akka hin taane dubbata.

Austin (1962:55-6) dhamaatiin isaa ulaagaa seerlugaa yaaxina kan raawwannaafi itti fuufiinsa qabu kanneen haasawaa addaa foo'aan lafa kaa'uu ture.Kanumarraa ka'uun iddoo lamatti qoodee ilaaleera.Raawwii karaa caalmaatti ifa ta'een ibsamu (explicit)fi raawwii karaa dalgaa(implicit) jechuun ibseera. Haasaa jechuun gochaalee haasaa sagaloota murtaa'aniifi walitti dhufeenya jechootaa lamaafi lamaa ol kan of keessatti qabatu, walta'iinsa dubbii uumuu seerluga Afaan murtaa'eefi fudhatama qabuudha (Saadok, 2006:54) .Kun hiikaa kallattii yookiin karaa baramaadhaan gama dubbataatiin kan hubatamuudha.Kunis hiika sadarkaa jalqabaatti xiinxalamu jechuudha.

### 2.6.2. Faayidaa haasawaa/ Illocution

Faayidaa murtaa'aa sammuu keessaatti haasawa qabudha, kunis kan inni qabu humna waliigalteeti jedhama. Yemmuu dubbii taasifnu dubbataan yeroo hundumaa dubbii san duubaatti karoora sammuusaa keesaa qaba .Dubbataan dubbii taasisu himaan waa'ee addunyaa taasisuu yookiin dhiifama waan tokkoo gaafachuu yookiin waa'ee waan tokkoo ibsuudha.Kuniis sagantaa/karoora hiikaa dubbii duuba jiruu faayidaa humna haasawaafi keessoo gocha haasawaa jedhaama.Haasawaan tokko galuumsa irratti hundaa'ee hiikaa adda addaa qabaachuu danda'a.Fakkeenya kana ilaaluudhaan 'Asiin qorraa jira'.labsiin hima waa'ee qorraa lafa kaa'uudhaaf oola yookiin dhaggeeffataan akka gocha fooda cufuu akka raawatuuf gargaara.Kana raawwachuun beekkamaadha.Gama bairaan, raawwannaa waan jedhame tokkooti dhugoomsuuti/qabatamaa taasisuuti yookiin waan jedhame tokko faallessuuti. Kunis humna/ga'uumsa faayidaa haasawaati.Sagalee toonii mijataa, waan namaatti dhagahaame, ilaalchaafi miira waliin walqabataadha .Waan dubbataan akka ta'u barbaaduudha yookiin qaamni biraan hojjetu.Yeroo marayyuu jireenya guyyaaa guyyaa keessaatti sagalee dheekkamsaa fayyadama.Dubbataan hiikaa yaada isaa filachuun alkallattiin lafa kaa'uu dandaa'a yookiin kallattiin.Faayidaa haasaa gochoota dubbachuun raawwataman agarsiisaa gocha dubbataarraa qaama biraatti fiixaan bahuumsa raawwiif darbuudha.Faayidaa haasaa beeksisuuf,

akeekkachiisuudhaaf, ajajuuf, waadaa galuuf faa ta'a.Waan namni wanta tokko kennuuf, ibsuufi kan kana fakkaataniif afaaniin dubbatu yookaan haasa'u hundi faayidaa haasaati.

***Yaadrimee faayidaa hasawaa* :**Faayidaan haasawaa kan inni galma gahu haala mijaawaa qabiyyee jiru wajjin walfakkaata.Fakkenyaaf,ani waadaa kanan galu kan gara fuulduraa ta'eefi kan to'annaa koo jala ta'e qofaadha;yookiin yoo xiqqaate;ani waadaa galuu hin qabu waan tokko iyyuu hojjechuu waan anaaf ifaa hin ta'eefi waanani hin hojjeenne.Kanaaf caalaatti,ani kanan raawwaachuu dandaa'ufi dhimma na ilaallatu qofaadha.

### 2.6.3 Bu'aa haasawaa/ Perlocution

Bu'aan hasgochaa karoora sammuu dubbataa keessa jiru yookiin kan hin jiraanne bu'aa inni dhaggeeffataa irratti fiduufi qaama haasawaa akka dubbataatti to'achuu hin dandeenye bu'aa dubbii dhaggeeffataa irraatti qabuudha.Fakkeenyaan ilaaluudhaaf, 'Fiilmii gaariitu jira galgala kana'.Bu'aan haasawaa kan dhaggeeftaan kan hubatu odeeffannoo dabarsuufi deebiin isaa 'galatoomiidha.' Yookiin dubbiin deebisamu akka dhiifamafi homaa mitiitti hubatama.(Renkema 2004, 14) Kun waan sanaan walqabatee bu'aa daawwattoota irratti dhufe uuma.Bu'aan unka yaadaatiin,manaabaan,waan nama: Haasawni sun dhaggeeffatarratti fiduumsa/bu'aa qaba.Yoo dhaggeeffataan haasawa kana gochatti hiike foolii fuudhuudhaan waan hojjetame kan jajachuu dandaa'a.Yoo dhaggeeffataan dubbii kana akka waan affeerameeti hiikuu ni danda'a. kana keessatti waan akka waliigalaatti xiinxalamu faayidaa haasawaati.

### 2.6.3.1. Murteessuu (verdictives)/Assertives

Austin akka jedhutti,akaakuun akkanaa kun murtoo kennuudhaaf kanneen barbaachisoo ta'an akka maqaa yaadaatti, koree murtootiin waliigaltee qaama lamaa dhagaahuun yookiin seera eeguu isaa hordofuunidha.Kunneen kan dhaabbataniif odeeffannoo wanta sanaa dhugummaa yookiin qabatamummaa irratti hundaa'uun argannoo kennuufidha.Searle akka ibsetti immoo, gartuun bakka bu'aan hasgochaa kaayyoo ofkennee waan dhugaa ibsuu dubbataa qaba.Akaakuun hasgochaa bakka bu'iinsaa hunduu ulaagaa dhugaafi sobaa ta'uun safarama.Kanaafuu, kutaan kun karaa irra keessaa dhugaafi soba ta'uu waan tokkoof adeemsa murtoo kennuuti.Kallattiin kutaan kun kan madaaluus jechoota gara addunyaatti;sunis dubbataan ibsa dhugaa qabatamummaa dabarsuuf dhiyyeessudha(Searle,1979:12)

Fakkeenyi kutaa kanaa: Aduun lafarra guddaadha.

### 2.6.3.2. Kallattii kennuu (Exercitives) /Directives

Akka Austin jedhutti, inni kun aangoo, mirga yookiin akkaataa wanti tokko raawwatu irratti qajeelfama kan kennuudha.Qajeelfama kennuufi murtoo dabarsuun waliigaltee qaama lamaanii gidduutti ta'u dhagahuun qaama murtoo kennuufi ogummaa isaa nama ta'een kan raawwatamu ta'uusaatiin murtoo kennuu waliin walfakkaatu. Searle akka ibsetti immoo,kutaan kun qabxii 'illocutionary' kan dadhabbii namni waan tokko qixa sirriin ibsuuf waan hojjetudha.Kallattiin inni madaaluus,addunyaa gara jechaatti(ibid:13).Qabiyyeen haalli ittiin waan tokko ibsamu gocha gara fuulduraa muraasa namni raawwatudha.Isaan kunneen gochima muraasa garee kanneen akka:gaafachuu, affeeruu ,ajajuu, kadhachuu,bashanannuu,eeyyama,gorsa,affeerraa faadha.Sababiin isaas,isaan kunneen nama waan tokko ibsuun deebisuuf,gaafachuufis,kallattii kutaa sanaa gadiitti kan dadhabamuudha.(ibid:14)

Fakkeenyi kanaa: Balbala cufi.

### 2.6.3.3. Waadaa (Commisives)

Waan gara fuulduraatti hojjechuuf jedhootaan dubbatan gochatti jijjiiruudhaaf kan ooludha.Isaan kun kan fayyadan gocha dogoggoraa yookiin seeraan alaa murtaa'aa dubbataa to'achuufi labsii baasuun itti yaadamee kan beeksifamudha.

### 2.6.3.4. Labsii (Behabitives)/Declaration

Akkaataa ilaalcha Searletti, hasgocha raawwachuuf seera murtaawaa waliigaltee keessaa muraasa raawwachuuf ajajamuudha.Seeroonni kunneenis haala mijataafi qabatamaa keessaatti jedhama.Searle yaaxinoota hasgochaa niguddise garee baay'eetti kan qoodamaniifi fedhii namummaan kan walqabataniidha.Fakkeenyi kanaa:Sooraan Waldaa tokko ani har'a Mr 'A'fi Mrs 'B' abbaa manaafi haadha manaa ta'uu isaanii nan labsa.Dabalataan namni umurii dheeraa jiraatee yeroo du'aa isaa eeggachaa jiru ijoollee isaa walitti qabee ''Qabeenyi koo har'aan booda kan ijoollee kooti'' jechuudhaan maangudddoota biraatti labsuufi wkf jechoota qofaa osoo hin taane battaluumma labsiichi labsameen jijjiirramni battalaa kan itti dhufuudha.

### 2.6.3.5. Addeessuu/ Expositives

Qixa barbaachisuun yaada ofii ibsachuu/waan namatti dhagahaame ibsachuu, karaa qindaa'aa ta'eenfi sababa quubsaa qabuun itti fayyadama afaaniifi wabiileetti gargaaramuudha.

#### 2.6.4. Qooddii Searle (Searle's classification)

Falaasifaa Ameerikaa, baratan Awuustiin Joonsi R.Searlel yaaxina hasgocha Austin fooyyessuun qindeesse.Erga falaasifaan isaa du'ee booda, yaaxina hasgochaa akka eeggamutti guddisuu keessatti gahee olaanaa qaba.Akkuma turetti itti fufuudhaan waliigalteen xiinqooqaafi gochoota xiinqooqaa akka haammatu (Searle, 1969:16) ibsa. Searle(ibid:24) 'illocutionary' gocha agarsiisu dabarsuuf raawwwannaa sana yeroo tokkotti piroopoorshiniifi dubbii gochootaati.Hasgocha raawwachuuf seera bu'uuraa yookiin barbaachisoo akaakuu gochaa hundeessu murtaa'aa hordofa (Huang,2007:104).Searle qoqqooddii hasgochaa kallattii barbaachisaan kudha lamaan lafa kaa'a,garuu sadeen isaanii qofarratti hundaa'uun.Searle (1979:2) kaayyoon 'ajajaa' dhaggeeffataan waan tokko akka hojjetuuf jechuun agarsiifama jechuun lafaa kaa'a.Garuu kaayyoon 'ibsuu'kan bakka bu'u waan tokko akka dhugaa,soba,sirrii,sirrii akka hin taane agarsiisuudhaafi.Kaayyoon 'waadaa' waan dubbataan fuulduraatti hojjechuuf jiru agarsiisa.

Kun kan irratti xiyyeeffatu akkamitti jechoonniifi Addunyaan waliin akka ta'anidha.Fakkeenyaaf "assertions" jechi dirqama dhugaa addunyaa waliin walsimuu qaba; garuu 'waadaan'ofkennuun raawwachuu dubbataa barbaada.Kana jechuun addunyaan jechoota dubbataa guutuuf jijjiirama(Searle,1979:3).Qabxii kana keessatti, dubbataan yeroo murtaa'aafi haala murtaa'aa keessatti ibsa yookiin ilaalcha dubbataan waan tokko gubbaatti qabiyyee waliin walsimsiisudha.Searlel(ibid:4) haala 'illocutionaryact'raawwaannaa qabiyyee ta'uu qabu wajjiin,dubbataan ilaalcha qabiyyee muraasaa kan namni murteessuuf irratti hundaa'u ibsa.Sana jechuun dubbataan yemmuu dubbatu,ilaalcha xiinsammuu isaa ibsa.Xiinsammuun ilaalcha raawwannaa 'illocutionary act'keesssatti haala amanamummaa qabuun gocha ibsa.

### 2.6.5. Haala baay'ee mijataa ta'een/Felicity Conditions

Yoo haaloonni mijaawaa ta'uu baataan gochaan sun hin raawwatamu.Waan ta'uu qabuu akka raawwatuuf haaloonni namni raawwii sana raawwatu waan itti amantu isa sirrii yookiin fedhii ati waan sana raawwachuuf qabdu barbaada.Yoo haaloonni kunneen hin guutamne galma hin gahu. Gocha sanaaf, haalli guutummaan guutuutti barbaachisu ofkenuu dubbataa hasgocha sanaafi itti gaafatamummaa inni ofiirraatti fudhachuu dandaa'uudha (Renkema 1993,23).

'Ani boru galagala si arguuf waadaadha',Waadaa kana bu'aa qabessa taasisuuf akkuma jechaan jedhaame kana waadaa isaa raawwachuu qabaata.Haalli mijaawwaan namni sun waadaa isaa akka raawwatu taasiisuus argamuu qabaata.Kun immoo Austin akka jedhutti 'felicity conditions' dha.

Grice (in Cruse 2004:367) wabeeffachuu akka ibsetti, hasgochi guutummaatti galma gahuu kan dandaa'u hojii haaloota murtaawaa kan haasawaa hirmaattotaa mataa isaaniitiin mijeessaniinidha. Hasgochi hirmaannaa kee akka barbaadu yoo taasiftedha jedha.Akkasumaas, hasgochi gocha haasawaati/dubbii jechoota hiika guutuu qabaniiti; hasgochi dhimma ogummaati.Hasgochi gochaawwan kanneen yaaduu hin barbaachiifne raawwachuuudhaaf battaluma jedhame sana namni dhagahu raawwatu dha.Namni tokko kan gochuu dandaa'uudha.Fakkeenyaaf, gadhiisuu isa jedhuuf, "aangoo nan gadhiisa jechuudhaan teessoo gadhiisuu; osoo namni biraa akka gadhiiftu hin gaafatiin". Haata'umalee, yaadni akkanaa kun haammataadha. Akkaatuma amma nuti hasgochi dhimma hiikaa dubbii dubbataati kan hiika dubbataa tokko hojjetaa hin jirre kan hin barbaanneedha.

Haala walfakkaatuun, hasgocha afaanii keessaatti isa kamtu caala barbaachisaan hin haammatamu: waan ajajame raawwachuu, waadaa galuu, waan qabatanii jiraan gadhiisuufi mormiin gochoota jechootaan raawwatamaaniidha. Amalli hasgocha kenyaa ijaarrama jechoota caala dhugaa kana nu qabsiisuuf hiika dubbataa ibsuudhaadha.Hasgochi raawwannaarraa addaan baafameera.Raawwannaaa jechuun jecha tooftaa kan biraati,fi akka as keessatti fayyadetti akaakuu hasgochoonni rawwaannaa irraa addaan baafaamaniidha.Rawwaannaan hiikni addaafi akka as keessatti fayadduutti jalqaba fakkeenyaa akaakuu himaati. Kun immoo hasgochi haala keessatti dubbatame kan qabuufi humna raawwii waan dubbatamee kan qabu tasuusaati.

Noam Chomsky, Akka jedhutti, “Ani wantoota maqaa dhahudhaan akka salphaatti hin milkaa’u, sababiin isaa waan san hojjeechuuf humni na hir’ata yoo ta’e” jedhe.Gochi koo dubbii irra kan darbe raawwannaa barbaada waan ta’eef.kun yoo kadhannaatti amante malee sa’aa tokko siif kadhachuu hin barbaadu akka jechuuti. Kunis waan dubbataan jedhuufi humna dubbii isaa gidduu jiru adda baasuuf.Caasaan afaanii kan irraa ijaarramu jechoota erga guutuuu dabarsaan walii galaan yaada ‘qabbiyyee’ ibsuu danda’ani kallaattiidhumaan dubbiin qabiyyee sanaa maal murteessa jechuudha.Daandii namoonni irra heddumataniitti ani yoon akkas jedhe, “Miila koorra dhaabbachaa jirta”, ergaan ani dabarsuu barbaade ‘miila koorraa ka’i’ jechuudha.Hiikaan humnaafi qabiyyee waalfaana hubatama sammuu keenya keessaatti. Humni maaltu jedhame isa jedhumiti, garuu wanti jedhame akkamiitti jedhame isa jedhuudha.Kunis kan agarsiisu hasgochi humna raawwaii barbaaduusaati.

### 2.6.6. Hiika dubbataan ittiin hojiitti hiikuu

Nuti faayidaan haasgochaa kallattii hiikaa dubbataatiin akka amaleeffamu yaanna ta’a waan jedhamu irratti miti, garuu sanarra akkataa kamiin akka ta’u.Hiikaa dubbataa kanaaf, kan inni qabatu qabiyyee qofa osoo hin taane garuu humna/gahee/fi nutis kana caasaa ifaa amala sirrummaan hasgocha tokkoon tokkoon keessaatti argamuudha.Hasgochi waliigaltee qofaan kan raawwatamu miti.Hasgochi tartiiba qaba.Fakkeenyaaf, suuta deemuu kan jedhu keesaatti suutaafi deemuun tartiiba ittii ijaarrama qabu. Hawaasa keesaatti haasgochi dhimma irratti xiyyeeffatu qaba.Fakkeenyaaf, nama hatu tokko hasgochi inni ittiin dubbatuufi kan kaawwanii garaagara.

### 2.6.7. Caasaa himaafi Tajaajila dubbii

Gaaffii qabaachuu keenya odeeffannoo barbaaduuf gaaffii gaafanna, himni labsii waan tokko lafa kaa’a, himni ajajaa ajaja kenna.Garuu kanneen armaan gadii raawwachuu danda’u: Akkaataa kamiin humna hasgochaa beekuu dandeenya? Galumsaa yookiin yoomeessaafi murtoo isaanii fayyadamuudhaaniifi beekuumsa dandeettii Afaan isaaniifi aadaa isaaniitiin.Waliin dubbiin kallattiidhumaan humna haasawaa akka qabu kan nutti himu dandaa’udha.Hawaasni Afaanitti kallattiin ala hin fayyadamu, yookiin gochi sun akka fudhatama hin qabaanneetti hin hiikkatu.Dubbiin dirqaama uummamaan hasgocha waliin kan walfudhateedha: Lallabaan jedha: “Amma abbaa manaafi haadha manaa ta’uu keessan nan labsa”.Labsiin armaan olii dirqama

yoomeessa sirrii keessati ta'a, waldaa keessaatti yookiin mana amantaa keessatti iddoo waaqeeffannaattifi wkf keessaatti fudhatama kan argatuudha.Gama biraan ummata dhimma sanaaf walitti qabame yookiin kaayyoo sanaaf walitti qabame irratti, kallattiin cidha irratti dubbata malee yeroo cuuphaa yookiin yeroo adda biraa waan akkanaa hin jedhu jechuudha.Namni kana labsu dirqama waan dubbatu kana ofii isaa amanuu qaba. Qaama sana keesaatti hirmaachuu qaba gaa'iila waliitti hidhuudhaaf; kanaaf, haala baay'ee barbaachisaadha

### 2.6.8. Waliigaltee aadaa adda addaa

Sarmummaanfi hasgochoonni hundinuu adaadhaa gara aadaatti safuu gargaar ta'e qaba.Kun kan hubachiisu namni aadaa isaa qajeeltoon beeku jechoota aadaan walqabatan osoo budduufkatee itti hin cinqamiin dubbachuu danda'a jedhuudha.Akka aadaa Oromootti namoonni waliin haasawuuf, walbaruu irraa eegalu.Kunis dura nagaa waaqayyoo walgaafachuun kan eegaaluudha.Nama hojiirra jiru tokko dubbisuu yoo barbaadellee hasgocha sarmummaa qabuun eegala akkana jedhee.Yule Yaada kana akkana jedhee cimsa, nuti fuulaa fuulatti waliin dubbii jechootaan raawwanna, bilbila keenyaan, meeshaalee elektirooniksiifaadhaan nagaa gaafachuudhaaf,walarrabsuudhaaf,gaaffii gaafachuudhaaf,galata dhiyyeessuudhaaf itti gargaaramna.

BOQONNAA SADI: MALA QORANICHAA

Qorannoon kun xiinxaala itti fayyadama hasgocha barattootaafi barsiisotaa kan bu'uureeffateedha.Malli kun akkaataa batattoonnifi barsiisoonni waliigaltee keessaatti hasgochatti fayyadamaniidha.Hasgochi amala afaanii yoo ta'u afaan hasgochaan ala barbaachisummaan isaa xiqqaadha.Qorannoon kun gosoota qorannoo keessaa akkamtaatti (qualitative research) dhimma bahuudhaan gaggeeffame. Addunyaa (2011)fi Dastaan (2013) malli qorannoo akkamtaa kun odeeffannoo afgaaffii,waraabbiifi daawwannaadhaan funaanuu barbaaduuf barbaachisaa akka ta'e ibsanii jiru.Malli kunneen kan barbaachisaniif xinxaalli itti fayyadama hasgocha qorachuuf qaamaan biratti argamuun darbaa dabarsaafi hangamtaan murteessaa waan ta'eefi Odeeffaannoo qorannoo akkanaatiif afgaaffii,bargaaffi,waraabbiifi daawwannaan murteessaadha

### 3.1. Irrawwatamaa Qoranichaa

Odeef-kennitoota kanan argadhe barattootaafi barsiisoota mana barumsaa keessa jiran keessaatti.Barattoota carraan daree 9-12 jiran keessaa 5'n 5'n fudhachuun walumaagalaatti kutaawwaan barnootaa 24 keessaa barattoota 120 hirmaachisuun yoo ta'u barsiisoota immoo warren afaan barsiisaan giddu-galeeffachuun walumaagalaatti barsiisoota 40 hirmaachisuudhaani.

### 3 .2 .Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Odeef-kennitoota kanan argadhe barattootaafi barsiisoota mana barumsaa keessa jiran keessaatti.Barattoota carraan daree 9-12 jiran keessaa 5'n 5'n fudhachuun walumaagalaatti kutaawwaan barnootaa 24 keessaa barattoota 120 hirmaachisuun yoo ta'u barsiisoota immoo warren afaan barsiisaan giddu-galeeffachuun walumaagalaatti barsiisoota 40 hirmaachisuudhaani. Gama biraan immoo, barsiisoota dhiiraa 32fi nahee 8yoo ta'aan isaaniis kan filatamaan mala iddatteessuu akkayyootiin 'purpasive sampling yoo ta'u, barattoonnii immoo dhiirri 60fi shamarran 60 yoo ta'an isaaniis kan filataman mala iddatteessuu carraatiin daree barnootaa 24'n keessaa barattoota 5'n 5'n fudhachuudhaani.

### 3.3 .Madda Ragaalee

Qorannoon kun xiinxala itti fayyadama hasgocha barattoota Burqaa Haarbuu Sadarkaa 2$^{ffaa}$ waanta'eef raga jalqabaa barattootaafi barsiisoota ta'anii qorataan filatamaniiru.

### 3.4. Mala Funaansa Ragaa

Ragaan qorannoo kanaa kan walitti qabame hirmaatoota itti fayyadaamaan hasgochaa waliin walqabatee bargaaffiifi afgaaffii gaafatamanan akka deebisaniin taasisuudhaani.Dawwannaadhaan irra deddeebi'iidhaan ganama ganama yeroo barattoonni mana barumsaa seenaan daawwannaa ittifufaa taasisuu,yeroo boqonnaa osoo barsiisonniifi barattoonni hin beekiin waraabuudhaan, yeroo barattoonni shaayii dhuganiifi barsiisoonni shaanii dhugaan waraabuudhaanfi darbaa badarsaa barsiisoota gaafachuudhaanis ragaan funaannamuu danda'eera.Yeroo raga fuunaannaame qaacceessuu bargaaffiifi afgaaffii ga'umsaafi dhimmamanii deebisan gochuuudhaanifi eeyyama isaanii gaafachuudhaani.

### 3.5. Mala xiinxaala Ragaa

Ragaan hirmaattoota irraa walitti funaanname karaa qoratichaa xiinxalame/qaacceeffame.Ragaan kun kan madaallame bargaaffii, afgaaffii, waraabbiifi daawwannaa xinxaluudhaan sakatta'a ibsaa fudhatame irraa adeemsa gadi fageenya qabuuniidha.Ragaan akkataa kanaan kan walitti qabame qoqqooddameefi qindeeffamee rakkoolee itti fayyadama hasgochaafi tarsiimoo hasgocha kessaatti itti fayyadameedha. Itti fayyadama hasgocha barattootaafi barsiisotaa bu'uureeffatee, itti fayyadama Afaanii bu'uureeffatee, walqabannaa aadaafi hawaasaa bu'uureeffatee, tarsiimoowwan hasgochaa bu'eereeffatee gaafannoo dhiyyaateen fayyadamni,Afgaaffii dhiyyaate dhiyyaateen fayyadamaniifi daawwannaa taasisameen fayyadamanii lakkoofsaafi dhibbeentaan kutaa qaacceessaa keessaatti dhiyyataniiru.

Qorannoo kana keesaatti ragaan kan funaanname hirmaatoonni hasgocha irra caalaa mana barumsaatti itti gargaaraman bargaaffii, Afgaaffii, waraabbii waliin dubbii barataafi barsiisaa, tapha barsiisotaa wabaaruun qaaccessuufi bargaaffiifi afgaaffii gaafataman xinxaluudhaani. Afaaniin waliigaltee taasisuu jechuun maal akkata'e, hasgochi bu'aa maalii dhaggeefftaa isaarratti akka fidu,Afaaniin waliigaltee taasisuun maal akka of keessaa qabaatu akka deebisan afgaaffii gaafatamaan akka deebisaan taasisuudhaani.Kanaan walqabatee ragaan himaattoota barsiisootaa irraa walitti qabame kan qaacceeffame bu'uura itti fayyadama hasgocha barattootaafi barsiisotaa ilaallatan adda baasuudhaaf qajeelfama fudhachuu waliin walqabatee miidhaa fideefi furmaanni moo maalta'uu akka qabaatu xiyyeeffateeti adeemsiifame.

### 3.6. Qindaa'ina Qabiyyee Qoranichaa

Qorannoon kun boqonnaa shan kan ofkeessaa qabu yoota'u, boqonnaan tokko seensa.Seensa jalatti kan hammataman: seenduuba qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, faayidaa qorannichaafi daangaa qorannichaati.Boqonnaan lama immoo, sakatta'a barruu firoominaati.Bakka kanatti barreeffamoota garaagaraa kanneen mata-duree qorannichaa wajjin deemaniifi hubannoon irraa argamuu danada'u dubbisuudhaan mata-duricha wajjin walsimsiisuun dhihaata.Kana malees, qorannoowwan adda addaa kitaabilee hasgocha irratti yaaxina hasgochaa qorattoota garaagaraatiin taasifame sakkata'uudhaan iddoo itti dhiiyyatudha. Boqonnaan sadii mala qorannichaa yommuu ta'u,  mala iddattoofi iddatteessuu, madda ragaalee, mala funaansa ragaafi tooftaa ragaan itti xiinxalamee qaacceeffamu ofkeessatti qabata. Boqonnaa afur jalatti immoo,  qaacceessa ragaatu dhihaata. Ragaan kan funaanamu barattootaafi barsiisoota eeraman irra Afgaaffiifi daawwannaadhaan itti fayyadama hasgochaa baasuudhaani.

Sanaan booda,  caasaa seerlugaa, akaakuu hasgochaatu tarsiimoo isaaniifi akkaataa ittifayyadama hasgochaatu xiinxalamee qaacceeffama.Haaluma walfakkaatuun, hasgochi kunneen faayidaafi bu'aa qabaachuufi raawwatamuu isaa gadi-fageenyaan qorachuun xinxalama.Boqonnnaa shanaffaa keessatti guduunfaafi yaada furmaataa qorannichaatu dhihaata.

# BOQONNAA AFUR: XIINXAALA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti odeeffannoo waa'ee itti fayyaadama hasgocha barattootaafi barsiisotaa mul'isantu afgaaffiidhaan,bargaafiidhaan,waraabbiidhaanfi daawwannaan barattootaafi barsiisootaan guttamantu funaanamaniitu qaacceffame.Akkaataan ragaaleen itti qaacceffamanis yaada rimee isaa, tarsiimoo , faayidaa isaa,sadarkaa hawaasaa, maalnanjedhuu humna raawwii isaa,dhiibbaa isaa,walta'iinsa isaa bu'uureeffatee itti fayyadamni hasgochaa kun gama kabaja aadaa, namummaafi ijaarsaa biyyaatiin qabu giddu-galeeffateera.Boqonnaa kana keessatti ragaaleen malleen boqonnaa sadaffaa keessatti ibsaman sanniinirratti hundaa'uun funaannaman qaacceeffamuun ibsi irratti kennama kan keessatti ibsameedha.Gama biraatiin, boqonnaaa kana keessatti ragaa karaa adda addaa argametu qaacceffama.Maddi ragaan irraa funaanameefi malli ittiin funaaname boqonnaa sadaffaa keessatti ibsameera.Ragaan funaaname ammoo, boqonnaa kana keessatti akka itti aanutti qaacceffamee hiikni itti laatameera.

## 4.1. Qaacceessa bargaaffii barattootaa

### 4.1.1. Hagocha barattota kaayoo barnootaa hin qabnee taane kami?

Gaaffii hagocha barattota kaayoo barnootaa hin qabnee kan hin taane kami kan jedhu ilaalchisee yaada barattoonni qaban adda baafachuuf bar-gaaffii lakkoofsa 1$^{ffaa}$ irratti dhihaateef deebiin barattoonni kennan gabatee 4.1.1 keessatti dhihaatera.

**Gabatee 4.1.1 Haagocha barattota kaayoo barnootaa hin qabnee kan hin taane kami?**

| Hagocha barattota kaayoo barnootaa hin qabnee taa'e kami? | baay'ina odeef kennitootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) Hin bahu, alatti wal-arganna, maalfidda, of kabaji… | 86 | 71.66 |
| b) Galatoomaa… | 4 | 3.33 |
| C) waan hunda callisuu | 30 | 25 |
| *Ida'ama* | 120 | 100% |

Akka gabatee 4.1.1 irraa hubatamutti barattoonni 86(% 71.66) hasgocha barattota kaayoo barnootaa hin qabnee taa'e kami gaaffii jedhuuf deebiin isaanii 'hinbahu, alatti wal'agarra…'

jechuudhaan deebisaniiru. Barattoonni 30 (% 25) hasgocha barattota kaayoo barnootaa hin qabnee taa'e kami gaaffii jedhuuf deebiin isaanii 'Waan hunda callisuu' jechuun deebisaniiru. Barattoonni 4(% 3.33) ta'an ammo, hasgocha barattota kaayoo barnootaa hin qabnee kan taa'e kami gaaffii jedhuuf deebiin isaanii 'Galatoomaa… …' jedhanii deebisaniiru.

Ragaan kun kan inni agarsiisu: barattoonni naamuusa yaraa qabaan hasgochi isaanii sirrii akka hi taaneefi kabaja, namummaa, aadaafi safuu ibsuu kan hin dandeenye ta'uusaatu namatti argama.

4.1.2. Gochaa badaa kan akka: barsiisaatti kolfuu, foorichuu, suura kaasuu… barattoonni mooraa mana barumsaa keessaatti agarsiisaan barattoota akkamiiti jetta?

Gochaa badaa barattoonni mooraa mana barumsaa keessaatti agarsiisaan kan akka: barsiisaatti kolfuu, foorichuu, suura kaasuu… barattoota akkamiiti jetta kan jedhu ilaachisee deebiin barattoonni kennan gabatee 4.1.2 keessatti dhihaatera.

Gabatee 4.1.2 Gochaa badaa barattoonni mooraa mana barumsaa keessaatti agarsiisaan kan akka: barsiisaatti kolfuu, foorichuu, suura kaasuu… barattoota akkamiiti jetta?

| 2. Gochaa badaa barattoonni mooraa mana barumsaa keessaatti agarsiisaan kan akka: barsiisaatti kolfuu, foorichuu, suura kaasuu… barattoota akkamiiti jetta? | baay'ina odeef kennitootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) Kaayyoo barnootaa qabaan | 15 | 12.5 |
| b) kaayyoo barnootaa hin qabne | 95 | 79.166 |
| C) barattoota ciccimoo | 10 | 8.33 |
| *Ida'ama* | 120 | 100% |

Akka gabatee 4.1.2 irraa hubatamutti barattoonni 95(% 79) gochaa badaa barattoonni mooraa mana barumsaa keessaatti agarsiisaan kan akka: barsiisaatti kolfuu, foorichuu, suura kaasuu… barattoota akkamiiti jetta gaaffi jedhu isaaniif dhiyyateef yoo deebiisaan barattoota kaayyoo barnootaa hin qabne jedhuudhaan deebisaniiru. Barattoonni 15(% 12.5)ta'an ammo, gochaa

badaa barattoonni mooraa mana barumsaa keessaatti agarsiisaan kan akka : barsiisaatti kolfuu,foorichuu,suura kaasuu… barattoota akkamiiti jetta gaaffi jedhu isaaniif dhiyyateef barattoota kaayyoo barnootaa qaban jedhuudhaan deebisaniiru. Barattoonni 10(% 8.33)ta'an ammoo gochaa badaa barattoonni mooraa mana barumsaa keessaatti agarsiisaan kan akka : barsiisaatti kolfuu,foorichuu,suura kaasuu… barattoota akkamiiti jetta gaaffi jedhu isaaniif dhiyyateef barattoota ciccimoodha jedhuudhaan deebisaniiru.

Ragaa kanarraa hubachuun akka danda'ameetti, hasgochi kaayyoo kan giddu galeeffate ta'uusaa mirkaneessa.

4.1.3. Qormaataan walqabatee barattoonni waraqaa qormaata isaanii irratti kan suura kaasaan, bakka barsiisaan teessise taa'uu kan jibban, waraqaa qormaataasaanii kan ciran maaliif jettee yaadda?

Gaaffii qormaataan walqabatee barattoonni waraqaa qormaataasaanii irraatti kan suura kaasaan, bakka barsiisaan teessise taa'uu kan jibban, waraqaa qormaataasaanii kan ciran maaliif jettee yaadda kan jedhu ilaachisee deebiin barattoonni kennan gabatee 4.1.3 keessatti dhihaatera.

Gabatee 4.1.3 Qormaataan walqabatee barattoonni waraqaa qormaataa isaaniirraatti kan suura kaasaan, bakka barsiisaan teessise taa'uu kan jibban, waraqaa qormaataasaanii kan ciran maaliif jettee yaadda?

| Qormaataan walqabatee barattoonni waraqaa qormaataasaaniirraatti kan suura kaasaan, bakka barsiisaan teessise taa'uu kan jibban, waraqaa qormaataasaanii kan ciran maaliif jettee yaadda? | baay'ina odeef kennitootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) Qajeelfaama qormaataa wallaaluurraan kan ka'e | 4 | 3.33 |
| b) Qormaataaf waan hin qophoofneefi | 56 | 46.66 |
| C) barnootaan ala waan abdatu kan biraa waan qabuufi | 20 | 16.65 |
| *d) bartee duubee saaniiti* | 40 | 33.33 |
| *Ida'ama* | 120 | 100% |

Akka gabatee 4.1.3 irraa hubatamutti barattoonni 56(%46.66) qormaataan walqabatee barattoonni waraqaa qormaataa isaaniirraatti kan suura kaasaan, bakka barsiisaan teessise taa’uu kan jibban, waraqaa qormaataasaanii kan ciran maaliif jettee yaadda gaaffii jedhuuf yoo deebiisaan qormaataaf waan hin qophoofneef jedhanii deebisaniiru. Barattoonni 40(%33.33) ta’an ammo, qormaataan walqabatee barattoonni waraqaa qormaataa isaaniirraatti kan suura kaasaan, bakka barsiisaan teessise taa’uu kan jibban, waraqaa qormaataasaanii kan ciran maaliif jettee yaadda gaaffii jedhuuf yoo deebiisaan bartee duubee isaaniiti jechuudhaan deebisaniiru. Barattoonni 20(%16.65) ta’an ammo, qormaataan walqabatee barattoonni waraqaa qormaataa isaaniirraatti kan suura kaasaan, bakka barsiisaan teessise taa’uu kan jibban, waraqaa qormaataasaanii kan ciran maaliif jettee yaadda gaaffii jedhuuf yoo deebiisaan barnootaan ala waan biraa waan abdatuuf jechuun deebisaniiru. Barattoonni 4(%3.33) ta’an ammo, qormaataan walqabatee barattoonni waraqaa qormaataa isaaniirraatti kan suura kaasaan, bakka barsiisaan teessise taa’uu kan jibban, waraqaa qormaataasaanii kan ciran maaliif jettee yaadda gaaffii jedhuuf yoo deebiisaan qajeelfaama qormaataa wallaaluurraan kan ka’e jechuudhaan deebisaniiru.

Ragaa kanarraa akka hubatamuutti, barattoonni qormaataan walqabatee waraqaa qormaataasaaniirraatti kan suura kaasaan, bakka barsiisaan teessise taa’uu kan jibban,waraqaa qormaataasaanii kan ciraniif humna raawii malee maqaan barataa akkaa nama hin taasifne ibseera.

4.1.4. Hanqinni itti fayyadama haasgocha barattootaa maalirraa madda?

Gaaffii Rakkoon itti fayyadama haasgocha barattootaa maalirraa madda kan jedhu ilaachisee deebiin barattoonni kennan gabatee 4.1.4. keessatti dhihaatera.

Gabatee 4.1.4. Hanqinni itti fayyadama haasgocha barattootaa maalirraa madda isa jedhu ilaalchisee deebiin barattootaa

| Hanqinni itti fayyadama haasgocha barattootaa maalirraa madda? | baay'ina odeef kennitootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) haalloonni mijaawoon dhabamuu | 6 | 5 |
| b) rakkoo ilaalcha dhaggeeffataa | 3 | 2.5 |
| C) amanamummaa dhabuu dubbataa | 62 | 51.66 |
| *d)* gahuumsa raawwii/humna dhabuu dubbataa | 43 | 35.83 |
| *Ida'ama* | 120 | 100% |

Akka gabatee 4.1.4.irraa hubatamutti barattoonni 62(% 51.66) hanqinni itti fayyadama hasgocha barattootaa maalirraa madda isa jedhuuf amanamummaa dhabuu dubbataati jechuudhaan yoo deebisaan, barattoonni 43(35.83) ta'an ammo, gahuumsa raawwii dhabuu dubbataati jedhaniiru.Barattoonni 6(%5) ta'an ammoo,haalloonni mijaawuudhabuudha jedhanii ibsu.Barattoonni 3(%2.5) rakkoo ilaalcha dhaggeeffataati jechuun deebisaniiru.Xinxalli raga kanaa kan mul'ise rakkoon hasgochaa dubbataan hasgocha isaatiif anamanuu dhabuufi dubbataan hasgocha isaatiif ga'umsa raawwii dhabuu akka ta'e agarsiise.

**Gabatee4.1.5.** Hasgochi irra caalaa maaliin walqabata jettee yaadda gaaffii jedhuuf deebiin barattootaa

| Hasgochi irra caalaa maaliin walqabata jettee yaadda? | baay'ina barattootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) namummaa | 11 | 9.16 |
| b) kabaja namootaaf qabnuu fi safuu aadaa | 23 | 19.167 |
| C) kabaja barnootaaf kennamuufi maatii nu guddiseen | 26 | 21.66 |
| *d)Nama fakkeenya nuuf ta'uun* | 60 | 50 |
| *Ida'ama* | 120 | 100% |

Akka gabatee 4.1.5 irraa hubatamutti barattoonni 60(% 50) ta'an hasgochi irra caalaa maaliin akka walqabatu ilaalchisee gaaffii gaafatamaniif deebiin isaan deebisaan nama fakkeenya nuuf

ta’uun jedhanii yoo ibsan, barattoonni 26(%21.66) ammoo, hasgochi barattootaa kabaja barnootaaf kennamuufi maatii nu guddiseen kan walqabaatudha jechuun yaada isaanii kennaaniiru. Barattoonni 23(%19.167) ta’an ammo, hasgochi kabaja namootaaf qabnuufi safuu aadaaf qabnuun walqabata jedhanii yoo ibsan, barattoonni 11(%9.6) ta’an immoo hasgochi namummaan kan walqabaatu ta’uusaa agarsiisaniiru. Xinxalli raga kanaa kan mul’ise hasgochi aadaafi safuu bu’uureeffate fakkeenyummaa hasgocha barsiisotaafi qaamoota kanaanii kan barbaadu ta’uutu hubatame.

**Gabatee 4.1.6** Hasgochi sirriin maaliirratti xiyyeeffachuu qabaata yaada jedhu ilaalchisee deebiin barattootaa

| Hasgochi sirriin maaliirratti xiyyeeffachuu qabaata? | baay’ina barattootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) kaayyoo | 12 | 10 |
| b) waan itti amantu | 6 | 5 |
| C) lamaanuu | 30 | 25 |
| *d)ammayyummaa* | 72 | 60 |
| *Ida’ama* | 120 | 100% |

Akka gabatee 4.1.6.irraa hubatamutti barattoonni 72(% 60) ta’an hasgochi sirriin ammayyummaa irraatti akka xiyyeeffatu ibsu.Barattoonni 30(%25) ammoo, hasgochi sirriin kaayyoofi waan itti amantu irraatti akka xiyyeeffatu ibsaniiru.Xinxaalli raga kanaa kan mul’ise hasgochi barattootaa kaayyoofi waan itti amanan irratti kan hin xiyyeeffanne ta’uusaatu hubatame.

**Gabatee 4.1.7.**Hasgocha barsiisaatti akkataa kamiin hiika itti kenniita gaaffii jedhu ilaalchisee deebiin barattootaa

| Hasgocha barsiisaatti akkataa kamiin hiika itti kenniita? | baay’ina barattootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) Eyyummaafi gahee barsiisaa sanaa bu’uura godhadheen | 46 | 38.33 |
| b) Haala bu’uureeffachuun | 30 | 25 |
| C) Haasgocha sana bu’uura godhachuun | 6 | 5 |
| *d)* Hariiroon barsiisaa sana waliin qabu bu’uura godhachuun | 38 | 31.66 |
| *Ida’ama* | 120 | 100% |

Akka gabatee 4.1.7 irraa hubatamutti barattoonni 46(% 38.33) ta’an hasgocha barsiisaatti akkaataa kamiin hiika itti kennita gaaffii jedhu gaafatamaniif deebiin isaan deebisaan eenyummaafi gahee barsiisaa sanaa bu’uura godheen jechuun yoo deebiisaan, barattoonni 38(%31.66) ta’an ammoo,hasgocha barsiisaatti hiika kan kennaan hariiroo barsiisaa sana waliin qabu bu’uura godhachuuni jechuun yaada isaanii ibsaniiru. Barattoonni 30(%25) ta’an ammoo, hasgocha barsiisaatti hiika kan kennaan haala bu’uureeffachuun akka ta’e yoo ibsan barattoonni 6(%5) ta’an ammoo, hasgocha barsiisaatti hiika laachuudhaaf, hasgochichuma qofa irratti hundaa’een hiika itti laadha jedhanii ibsu. Xinxaalli raga kanaa kan hubachiise galma gahiinsa hasgochaaf sadarkaa hawaassaa beekuun, gahee namaa beekuun, umurii namaa beekuun, hariiroo gaarii qabaachuufi yoomeessa beekuun murteessaa ta’uutu hubatame.

**Gabatee 4.1.8**.Waan mormiitu tooftaa kamiin mormita yaada jedhuuf deebiin barattootaa gabatee 4.1.14 keesaatti dhiyyateera.

| Waan mormiitu tooftaa kamiin mormita? | baay'ina barattootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) Miidhaa inni fidu kaasuudhaani | 14 | 11.66 |
| b) Isa sirrii agarsiisuunfi filannoo biraa agarsiisuun | 0 | 0 |
| C) Waan qaamni biraa mormeef mormuu | 46 | 38.33 |
| *d)* waanan jibbuuf mormuu | 60 | 50 |
| *Ida'ama* | 120 | 100% |

Akka gabatee 4.1.8 irraa hubatamutti, gaaffii waan mormiitu tooftaa kamiin mormita isa jedhuuf yoo deebisan barattoonni 60(%50) ta'an waan jibban duwwaadhaaf akka morman ibsaniiru.Barattoonni 46(%38.33) ammoo, waan qaamni biraa mormeef qofa akka morman ibsu. Barattoonni 14(%11.66) ta'an ammoo, waan morman tokko miidhaa inni fidu kaasuudhaan akka morman ibsu.Xinxalli ragaa kanaa kan mul'ise hasgocha barattootaa keessa tarsiimoon sababaan mormuu kan hin jirre ta'uusaati.

**Gabatee 4.1.9**.Dura bu'aan mana barumsaa hiriira hiriirsisee gara dareetti gala jennaan, maaliif itti kofattani; barataan isin keessaa ka'ee hin barannu baaneeti deemna jennaan immoo harka walitti buusuun kan foorican maaliif?

| Dura bu'aan mana barumsaa hiriira hiriirsisee gara dareetti gala jennaan, maaliif itti kofattani; barataan isin keessaa ka'ee hin barannu baaneeti deemna jennaan immoo harka walitti buusuun kan foorican maaliif? | baay'ina barattootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) qajeelfama fudhachuu waan hin barbaanneefi | 20 | 58.33 |
| b) yaadicha waan mormineef | 100 | 41.66 |
| *Ida'ama* | 120 | 100% |

Akka gabatee 4.1.9 irraa hubatamutti barattoonni 100(%83.3) ta’an, hasgochi dura bu’aa dhugaa waan hin taaneef,tarsiimoo hasgochaa keessaa qajeelfama/ajaja isaa fudhachuu dhiisanii kan barataa fudhachuu agarsiisaniiru.Barattoonni 20(%16.66)ammoo,qajeelfama dura taa’aa kamiyyuu fudhachuu waan hin barbaanneef qofa tarsiimoo hasgochaa keessaa mormuu sababaan osoo hin deggariin akka adeemsisan kan raggaassisuudha. Xinxalli raga kanaa kan mu’ise hasgochi yaada dhugaafi saayinsawaan galma gahiinsa argachuu agarsiise.

**Gabatee 4.1.10**.Qajeelfaama isa kam raawwachuu dhiifnaan barsiisaan sitti dheekkame?

| Qajeelfaama isa kam raawwachuu dhiifnaan barsiisaan sitti dheekkame? | baay’ina barattootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) Kitaaba fiduu dhiifnaan | 24 | 20 |
| b) sirna alaabaa kabajuu baannaan | 74 | 61.667 |
| c) aadaa kabajuu baannaan | 10 | 6.66 |
| *d) hojii manee, fi abbaltti hojjechuu baannaan* | 12 | 10 |
| *Ida’ama* | 120 | 100% |

Akka gabatee 4.1.10 irraa hubatamutti barattoonni 74(%62) ta’an, qajeelfaama isa kam raawwachuu dhiifnaan barsiisaan sitti dheekkame gaaffii jedhuuf yeroo deebiisaan sirna alaabaa kabajuu dhiifnaan akka itti dheekkaman ibsaniiru.Barattoonni 24(%20) ta’an ammoo,kitaaba fiduu baannaan barsiisoonni akka itti dheekkamaan eeraniiru.Barattoonni 12(10%)ta’an immoo barsiisaan qajeelfaama kam raawwachuu dhiifaan sitti dheekkame gaaffii jedhuuf yeroo deebii kennaan hojii maneefi abbaltii hojjechuu dhiifnaan natti deekkame jechuun deebisaniiru.Barattoonni 10(6.67) ta’an immoo barsiisaan kan natti dheekkame aadaa kabajuu dhiisuudhaan jechuudhaan deebisaniiru.Xinxalli raga kanaa kan argisiise qajeelfama fudhachuun walqabatee hasgochi barattootaa rakkina qabaachuu kan agarsiisuudha.

11. Mana barumsaa keessatti gosa hasgochaa kam caalaatti dhimma itti baata?

Gaaffii Mana barumsaa keessatti gosa hasgochaa kam caalaatti dhimma itti baata isa jedhu Ilaalchisee yaada barattoonni qaban adda baafachuuf dhihaateef deebiin barattoonni kennan gabatee 4.1.11 keessatti dhihaatera.

**Gabatee 4.1.11.**Mana barumsaa keessatti gosa hasgochaa kam caalaatti dhimma itti baata isa jedhuuf deebiin barattootaa

| Mana barumsaa keessatti gosa hasgochaa kam caalaatti dhimma itti baata? | baay'ina odeef kennitootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) deebii deebisuu | 70 | 58.33 |
| b) gaaffii gaafachuu | 20 | 16.66 |
| C) mormuu | 30 | 25 |
| *Ida'ama* | 120 | 100% |

Akka gabatee 4.1.11 irraa hubatamutti barattoonni 70(%58.33) ta'an, mana barumsaa keessatti gosa hasgochaa kam caalaatti dhimma itti baata yaada jedhuuf deebii deebisuu jedhanii deebisaniiru. Barattoonni 30(%25) ta'an, mana barumsaa keessatti gosa hasgochaa kam caalaatti dhimma itti baata yaada jedhuuf mormuu jechuudhaan ibsu. Barattoonni 20(%16.66 )ta'an Mana barumsaa keessatti gosa hasgochaa kam caalaatti dhimma itti baata yaada jedhuuf gaaffii gaafachuu jedhaniiru.Xinxaalli raga kanaa kan mul'ise hasgochi barattoonni mana barumsaa keessatti caalaatti fayyadaman deebii deebisuufi mormuu ta'uusaatu hubatame.

12. Waan balleessiteef dhiifama akkamiitti gaafattaa?

Gaaffii waan balleessiteef dhiifama akkamiitti gaafattaa isa jechu ilaalchisee deebiin barattoonni kennaan gabatee4.1.23.keessaatti dhiyyateera.

**Gabatee4.1.12.** Waan balleessiteef dhiifama akkamiitti gaafattaa isa jedhuuf deebiin barattootaa

| Waan balleessiteef dhiifama akkamiitti gaafattaa? | baay'ina odeef kennitootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) waanan balleesse dubbachuudhaan | 20 | 16.66 |
| b) waanan balleesse dhoksuudhaan | 60 | 50 |
| C) waanan balleesseetti gaabbuudhaan | 40 | 33.33 |
| *Ida'ama* | 120 | 100% |

Akka gabatee 4.1.12 irraa hubatamutti barattoonni 60(%50) ta'an waan balleessiteef dhiifama akkamiitti gaafattaa yaada jedhu adda baafachuudhaaf gaaffii dhiyyateef, waanaan balleesse dhoksuudhaanan dhiifama gaafadha jedhanii deebisaniiru.Barattoonni 40(%33.3 ) ta'an, Waan balleessiteef dhiifama akkamiitti gaafatta yaada jedhu adda baafachuudhaaf gaaffii dhiyyaateef, waanan balleesseetti gaabbuudhaan jechuudhaan ibsu. Barattoonni 20(%16.66) ta'an, Waan balleessiteef dhiifama akkamiitti gaafattaa yaada jedhuuf waanan balleesse dubbachuudhaan jechuun deebisaniiru.Xinxaalli raga kanaa kan mul'ise hasgochi barattootaa waan balleessaan kan hin amanne ta'uusaatu hubatame.

13. Dogooggora barsiisaan uume akkamiitti sirreeffaatta?

Gaaffii doogoggora barsiisaan uume akkamiitti sirreeffaatta isa jechu ilaalchisee deebiin barattoonni kennaan gabatee  4.1.13.keessaatti dhiyyateera.

**Gabatee 4.1.13** Doogoggora barsiisaan uume akkamiitti sirreeffaatta isa jedhuuf deebiin barattootaa

| Doogoggora barsiisaan uume akkamiitti sirreeffaatta? | baay'ina odeef kennitootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) sodaachisuudhaan | 50 | 41.66 |
| b) miidhaa inni jireenya koo irratti fidu beeksisuudhaan | 40 | 33.33 |
| C) adabsiisuudhaan | 30 | 25 |
| *Ida'ama* | 120 | 100% |

Akka gabatee 4.1.13 irraa hubatamutti barattoonni 50(%41.66 )ta'an dogooggora barsiisaan uume akkamiitti sirreeffaatta yaada jedhu adda baafachuudhaaf gaaffii dhiyyateef, sodaachisuudhaan jedhanii yoo deebiisan, barattoonni 40(%33.33 )ta'an ammo, miidhaa inni jireenya koo irratti fidu beeksisuudhaan jedhanii deebisaniiru. Barattoonni 30(%25 ) ta'an, doogoggora barsiisaan uume akkamiitti sirreeffaatta yaada jedhuuf adabsiisuudhaan jedhuudhaan eeraniiru.Xinxalli raga kanaa akka mul'isutti,barattoonni dhibbeentaan 70(58.33) ta'an dogoogora barsiisaan uume sirreesiifachuun walqabatee  hasgochi isaanii sodaachisuufi adabsiisuun walqabachuutu hubatame.

**Gabatee.4.1.14**.Hasgochi kee bu'aa maalii dhaggeeffataa irraatti fida?

| Gaaffi hasgochi kee bu'aa maalii dhaggeeffataarratti fida isa jedhuuf deebiin isaanii | baay'ina odeef kennitootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) itti yaadee hin beeku | 80 | 66.66 |
| b) deebiisuurraa of qusataniiru | 40 | 33.33 |
| *Ida'ama* | 120 | 100% |

Gaaffi jedhuuf barattoonni 80(%66.66) ta'an, hasgochi bu'aa maalii dhaggeeffataa irratti qaba isa jedhuuf adda baasanii kan hin beekne ta'uusaa ibsaniiru.barattoonni 40(%33.33) ta'an ammo, hasgochi bu'aa maalii dhaggeeffataa irratti qaba isa jedhuuf yaada isaanii kennuurraa of qusataniiru.Ragaa kan irraa wanti hubachuun danda'ame,barataan hasgochi isaa dhiibbaa yookiin bu'aa akkamii dhaggeeffataa isaarratti akka qabu kan hin beekne akka ta'e mirkaneessa.

15. Hasgochi barnootaaf itti gargaaramtan kan akkamiiti?

**Gabatee 4.1.15**.Hasgochi barnootaaf itti gargaaramtan kan akkamiiti?

| Gaafii hasgochi barnootaaf itti gargaaramtan kan akkamiiti jedhuuf deebiin isaanii? | baay'ina odeef kennitootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) mirga ofii gaafachuu | 65 | 54.16 |
| b) deebiisuurraa of qusataniiru | 55 | 45.83 |
| *Ida'ama* | 120 | 100% |

Gaaffii jedhuuf barattoonni 65(%54.16) ta'an hasgochi barnootaaf itti gargaaramtan kan akkamiiti isa jedhu adda baafachuudhaaf gaaffii gaafatamaniif,mirga ofii gaafachuu,waan mormamuu qabu mormuufi deebii barsiisaan gaafatu deebisuu jedhanii deebisaniiru.Barattoonni 55(%45.83) ta'an ammoo, yaada isaanii kennuurraa of qusataniiru.Xinxalli raga kanaa kan agarsiise barattootti itti fayyadama hasgochaa haala adda addaa keessaa kan hin beekne ta'uusaaniiti.

**Gabatee 4.1.16** Afaan dubbachuu akkamiitti ilaalta?

| Gaafii afaan dubbachuu akkamiitti ilaalta jedhuuf deebiin barattootaa | baay'ina odeef kennitootaa | |
|---|---|---|
| | Lakk | % |
| a) ergaa ofii ittiin dabarfachuu | 61 | 50.83 |
| b) barnoota ittiin barchuu | 12 | 10 |
| C) yaada kennuuraa of qusataniiru | 47 | 39.17 |
| *Ida'ama* | 120 | 100% |

Gaaffii Afaan dubbachuu akkamiitti ilaalta isa jedhuuf barattoonni 61(%50.83)ta'an ergaa ofii ittiin dabarfachuu yookiin waliigaltee ittiin taasisuu jechuudhaan deebisaniiru.Barattoonni 12(%10) ta'an ammoo,barnoota ittiin barachuuf yookiin yaada namoota biroo ittiin fudhachuudhaaf faayyada jedhanii ibsu.Barattoonni 47(%39.17) ta'an immoo, gaaffiii kan ilaalchisuudhaan yaada isaanii kennuu irraa of qusataniiru. Akka raga kannirrraa hubatamuun danda'ameetti, barattoonni hedduun isaanii Afaan dubbachuu waliin walqabatee gama faayidaa afaaniirratti kan xiyyeeffataniifi itti fayyadama hasgochaa waliin walqabsiisanii yaadni isaan dhiyyeessaan baa'ee muraasa ta'uu isaa kan nama hubachiisuudha.

## 4.2. Qaacceessa Ragaa waliin dubbii barsiisaafi barataa

**Waliin Dubbii 'A'**

B/saa: Akkam bultaan barattoota?

Barattoota: Nagaa galata Waaqaa.

B/saa: Namuusan barnoota keenya har'aa itti fufna.

Barattoota: B/saa **bilbilameera**

B/saa: callisaa! Mataa buqqee gootanii

Barataa: Uuf… sa'aa sadiif baranneem barsiisa!

B/saa: Haalli guugeefi bofa nama gootiif malee ija keen si keessaa balleessa.

Barataa: Waan dubbatan hin qabdanii barsiisaa?

Hasgochi ‘bilbilameera’ jedhu kun itti fuftee nu barsiisiin jechuudha/Barsiisaa bahi nutis ni baanaa jechuudha/Yeroo kanatti yoo barsiifte si dhagahu jechuudha/ boqonnaa waan ta’eef bahuuf mirgan qaba jechuudha.Faayidaan haasaa kanaa nurraa bahiidha; bu’aan haasaa kana boqonnaa bahuu barbaaduu barattootaati.Ragaa kanaraa wanti xiinxalamu hasgochi barataa kanaa kan : sarmummaa kan qabu;karaa alkallattii barsiissaatti himuu isaa,kabaja barsiisaa isaa eeguu kan agarsiisuudha.

Hasgochi‘Callisi! Mataa buqqee gootee jedhu si hin dhagahuudha; faayidaan haasaa kanaa arrabsoodha; bu’aan haasaa kanaa lammata barataan gaaffii akkanaa akka hin gaafanne taasisuudha.Ragaa kanarraa wanti xiinxalame barsiisaan sarmummaa kan hin qabneefi haamilee barataa jechoota tuqutti fayyadamuusaatu hubatame.Hasgochi Uuf… jedhu kun dadhabuusaa ibsachuudha; faayidaan haasaa kanaa: bahiidha; bu’aan haasaa kanaa: barnooticha jibbine osoo hin taane ni boqonnaadha.Xinxalli raga kanaa yoomeessa beekiidha.

Hasgochi haalli guugeefi bofa nama gootiif malee ija keen balleessa jedhu waa sodaadheeni malee hin galtuudha; faayidaan haasaa kanaa: falmuudha; bu’aan haasaa kanaa: na jala hin dubbatiiniidha.Xinxalli raga kanaa haalaatu na dhoowwe malee siin qotaadha.Hasgochi ‘Waan dubbatan hin qabdanii’ jedhu jechoota gaarii hin qabdanii jechuudha; faayidaan haasaa kanaa itti fayyadama jechoota barsiisaa karaa gaalchoon mormuudha;bu’aan haasaa kanaa barsiisaa sirreessuudha.Ragaa kanarraa wanti hubatame hasgochi sarmummaa waliin walqabachuuu isaatu hubatame.

## Waliin Dubbii Daree Barsiisaafi Barataa “B”

B/saa: TV warrii na seetemoo maaliif akkamaaaiit na ilaalta?

Barattuu: barsiisaa bu’aa barnootaa ana caala isin kan beektan natti fakkaata.

B/saa: barnoonni biyya kanatti bu’aa maalii qaba?

Barattuu: Yoo maaliif baradhu jetturee…?

B/saa: Dhaqii warra biyya bulcha gaafadhu.

Barataa: seenuu b/saa? Natti barfateen turee.

B/saa: ‘**Siif yeroo hundumaa Waaqniifi lafti dafanii walirraa hin ka’anii?**

Barataa: I… jedhe mataa hooqqachaa

B/saa: J.k.l.m…

Barataa: Isa kan illee dhaqtanii kutaa tokko barsiisuu dandeessu.

B/saa: ati qotiyyoodha; akkatti dubbattullee hin beektu…

Hasgochi TV warri kee sii bitan na seetemoo jedhu  nan ilaaliiniidha;faayidaan haasaa kanaa akkeekkachiisuudha; bu’aan haasaa kanaa akka ija baachuu hin dandeenye ibsachuudha.Ragaa kanarraa wanti hubatame  hasgochi barsiisaa kanaa aadaa hawaasaa kan hin bu’uureffanne, sarmummaa kan hin qabne, hasgocha fakkeenyummaa hin qabne ta’uutu hubatame.Kun immoo kan nutti agarsiisu barsiisoonni muraasni hasgochi isaanii kan barataaf fakkeenya ta’u haa turuutii ofuma hasgochi isaanii kan barattootallee gara dhiibbaa hamaatti geessu ta’uutu hubatama.

Hasgochi bu’aa barnootaa ana caala isintu beeka jedhu barnoonni barbaachisaa akka ta’e ibsa; faayidaan haasaa kanaa yaada barsiisichaa ani barnootarraan dhimma qaba malee sirraa miti jechuun mormuudha; bu’aan haasaa kanaa kaayyoon qabaadha.Ragaan kun kan agarsiisu kaayyoofi sarmummaa qabaachuu barattuu kanaati.

Hasgochi ‘**Siif yeroo hundumaa Waaqniifi lafti dafanii walirraa hin ka’anii?**Jedhu yeroo hundumaa maaf turtaadha; faayidaan haasaa kanaa rakkoo si tursiisu himadhuudha; bu’aan haasaa kanaa gara fuulduraa dafii koottuudha.Ragaa kanarraa wanti hubatame aadaa hawaassaafi jechoota hawaassicha keessatti humna qabanitti fayyadamuun akka danda’amudha.

Hasgochi I… jedhe mataa hooqqachaa jedhu hiika haasaa sanaa wallaaluu isaa ibsa; faayidaan haasaa kanaa naaf hin galleedha; bu’aan haasaa kanaa jecha biraan irra naaf deebi’iidha.Ragaa kanarraa wanti hubatame waan isaa hin galle barataan yoo gaafateyyuu barsiisaan ibsuufi diduudha.

Hasgochi (j.k.l…) jedhu akka kutaa gadi aanaa barattuutti yaadaadha; faayidaan haasaa kanaa gadi deebi'ii baradhuudha; bu'aan haasaa kanaa si hin dhagahuudha. garuu hiika ati ijjoollee kutaa tokko barataniiti jechuusaa agarsiise. Barataan kunis hasgocha barsiisaa kanarra dhaabbatee ani barataa kutaa tokkoo mitii yoo kutaa tokko barsiisuu barbaadde achi deemi jedheeni.Akkatti dubbatanillee hin beektu hasgochi barsiisaa jedhu dubbiis akkatti dubbataniis hin beektu jechuusaa mul'iseera.Cuunfaan raga kanaa kan mul'ise hasgochi akkaataa duubbiin Kan walqabatu ta'uusaa,aadaafi jechoota safuun beekuun kan walqabatu ta'uusaatu hubatame.Kun immoo barattoonni tokko tokko osoo aadaa Oromoo keessaatti guddatanii jiranii jechoota aadaa waliin walqabatan tokko tokko wallaaluusaaniitu hubatme.

## Waliin dubbii Barsiisaafi Barataa 'C"

B/saa: Yuunifoormii akkamii keewwattaa, maali kan akkas ciccirte?

Bar/taa: Kiyya miti Tr. Namarraan fudhee; ijoollee bardheengaddaarraa.

B/saa: Hanga shurraabii kee nyaattu barumsa hin nyaattuu?

: Ijoolleen barreengaddaa hanga qaamni isaanii dhumutti dubbisani

Bar/taa: Dubbisaan jira barsiisaa

Ba/saa: Osoo dubbiftee jabbii duutee bulte fakkaattaa?

Bar/taa: araa dhuguman jedha barsiisaa

B/saa: Maali surreen sirraa baheehoo?

: Sanuummoo hin dubbatuuhii!

: Surreen kun kan aadaa kee osoo hin taane Ameerikaan Arraapheedha.

: Biyya diinagdeedhaan baay'ee fagoo guddatetu faashinatti deebi'e godhata.

: Atimmoo biyya **hiyyeettii** kana keessatti faashina kana hordofta.

: Abeet! Abeet! barataa si'anaa!

: Gurbaa atoo maal gooteetu akkas goote?

Bar/taa: Waggaa sadi booda akkas ta'e tr.

B/saa : Lakki **giloobalayzeeshiniitu** si bira gahe.

: Ilaalchi ati barnootaaf qabdu kan akkamiiti ta'a?

Bar/taa: Isaan gaafadhaa isinitti himuu

B/saa: barnootattillee cimaadha.

: Boonsaa Maali adaraa rabbi maaliif surree kee qaaraa goote

Bar/taa: Osoo itti hin yaadiin akkas ta'e tr.

B/saa: Ati maaliif yuniifoormii kee baaftee tikishaarratti baatta? Kan kee hoo eessa?

Bar/taa : Borsaa keessa jira tr.

:Barataa fakkaachuu waan hin barbaanneef gateettiitti baata; borsaatti baachuutu irraa barataa nama fakkeessaaree?

B/saa: Isinii mannaa bineensa waliin ooluu wayya.

: Mirga keessan malee dirqama keessan hin beektani;daangaa mirga keessaniyyuu hin qalbifanne;namarra yaa'uu barbaaddu.

: Karaan harkaa badeera barataa jalaa yaaduma yaa'u.

: Qo'aa ammaan isinii hojjedhaa!

: Intalaa maraattuu maaliif fooddarraan baata?

Bar/tuu: Arrabsaa jirtuum barsiisaa.

B/saa: Osoo beektee arrabsoon kooyyuu gorsa siif ta'a ture.

: Akkamitti haasoftii?

: Mooraa mana barumsaa gadhiisitii bahi

Bar/tuu: bade! barsiisaa maaloo dhiifama naa godhaa?

B/saa: beekanii balleessanii dhiifama gaafachuun maalinni?

: Akkanatti mormi koo cita malee ati daree seentee hin barattu.

Bar/tuu: Maaloo barsiisaa ani barattuu keessan mitii?

B/saa: Dabtara baachuun barattuu nama hin godhu.

Bar/tuu: Maaloo ni dogoggortee dhiisaafi barnootattillee laaftuu mitii isheenoo?

B/saa: Irratti walnyaattu Waaq anuu beeka.

Bar/tuu: Daree keessaattis yoo ta'e alatti nuuf jettanii waan dheekamtaniif ni fudhanna tr.

: Dhugaa Waaqayyoo tr.naamusa keenya moo ni sirreessina.

: Kan shawwadamne gaafa isin dhagahuu dhiifnee

: Har'a irraa qabnee garuu…

B/saa: tole coqorsa ta'aa lafa qabadhaa.

Hasgochi barumsa kee hin nyaattuu hamma yuniifoormii nayyattu jedhu barumsaan dadhabaa ta'uu baratаa kanaa karaa gaalchoo dubbate; faayidaan haasaa kanaa: qajeelfama barnootaaf xiyyeeffannoo kenni jedhu dabarsuudha; bu'aan haasaa kanaa cimiidha.Xiinxaalli raga kanaa cimiidha.

Hasgochi barattoonni bara darbee hanga qaamni isaanii dhumuutti jedhu baay'ee qayyabachuu isaanii ibsa; faayidaan haasaa kanaa karibsoon akka qayyabachuu qaban akkeekkachiisa; bu'aan haasaa kanaa dhiibbaa barattootarratti akka qayyabatan uuma.Xinxaalli raga kanaa qayyabadhuudha.

Hasgochi osoo dubbiftee jabbii duutee bulte fakkaattaa jedhu dubbisaa hin jirtuu kan jedhu ibsa; faayidaan haasaa kanaa: akka dubbisan gorsuudha; bu'aan haasaa kanaa barattoonni dubbisanii qabxii gaarii fiduudha.Xinxaalli raga kanaas cimiidha.

Hasgochi atimmoo biyya hiyyeettii kana keessaatti faashiina hordoftaa jedhu faashina hin hordofiiniidha; faayidaan haasaa kanaa: faashiina hin ordofiin jechuun akeekkachiisuudha; bu'aan diinagdeen keenya akkana akka gootuuf siif hin eeyyamuudha. Xinxalli raga kanaa kan agarsiisu ammayyummaan ormaa aadaa ofii barattoota gachisiisuusaatu hubatame.

Hasgochi lakki giloobalazeeshiniitu si bira gahe malee jedhu sobaa jirtaadha; faayidaan haasaa kanaa ammayyummaa miidhaa akka qabu beeksisuudha; bu'aan haasaa kanaa: gocha ammayyummaan walqabatee aadaa keefi jireenya kee miidhu dhiisi jechuudha. Ragaa kanarraa wanti xiinxalame maal nan jedhuun barattoota biratti laafaa kan ta'eef dhiibbaa ammayyummaa ta'uusaati.

Hasgochi Abeet! Abeet! Baratаa si'anaa jedhu gaalchoon baratаa durii wayyaadha; faayidaan haasaa kanaa: ballalleffachuudha; bu'aan haasaa kanaa: akka baratаa durii ta'aa jedhuudha. Ragaa kaanarraa wanti xiinxalamu barataan qajeelfama barsiisaa fudhachuu waan dhiisuuf: barnootaan ala waan biraa waan abdatuuf, naamuusa barnootaa waan tuffatuuf, aadaa haawaassaaf iddoo waan hin qabneef ta'uusaati.

Hasgochi baratаa fakkaachuu waan hin barbaanneef gateettiirratti baata jedhu baratаa ta'uu jibbuusaa agarsiisa; faayidaan haasaa kanaa: baratаa ta'i jechuun qajeelfaama kennuudha;

bu’aan haasaa kanaa kaayyoo kee hin dagatiiniidha.Xinxaalli raga kanaa akkeekkachiisuudha.

Hasgochi isinii manna bineensa waliin ooluu wayya kan jedhu naamuusni keessaa sirrii miti jechuu agarsiisa; faayidaan haasaa kanaa barattoonni naamusa isaanii akka sirreeffaataan dheekkamuudha; bu’aan haasaa kaana naamuusa sirrii arguuf hawwuu isaati. Ragaa kanarraa wanti hubatame gufuun hasgochaa: walkabajuu dhabuu, seerluga afaanii wallaaluu, waan godhan wallaaluufi tuffii irraa madduusaatu xiinxalame.

Hasgochi namarra yaa’uu barbaaddu jedhu safuu hin beektaniidha; faayidaan haasaa kanaa: safuufi aadaa kabajuu akka qaban beeksisuudha; bu’aan haasaa kanaa: safuufi aadaatti of hidhuun waan hundarra caaluusaa ibsuudha. Ragaa kanarraa wanti xiinxalamee hubatame galma gahiinsa hasgochaaf: aadaan, hariiroo gaarii, yoomeessifi sadarkaa hawaassaa beekuun barbaachisaa akka ta’eetu xiinxalame.

Hasgochi yaaduma yaa’u malee baratаа jalaa karaan harkaa badeerra jedhu barnootaaf xiyyeeffannoo kennaa hin jiraniidha; faayidaan haasaa kanaa: kaayyoo keessanirratti xiyyeeffadhaa jechuun barattoota akeekkachiisuudha; bu’aan haasaa kanaa karaan qajeelaan daandii barnootaa akka ta’e ibsudha.Ragaa kanarraa wanti xiinxalame hasgochi barattootaa sarmummaa waan hin qabneef humna guutuun barsiisoonni akka hojjetaa hin jirre mul’isa.

Hasgochi osoo beektee arrabsoon kooyyuu gorsa siif ta’a ture jedhu siif jedheen sitti dheekkamaadha; faayidaan haasaa kanaa: ammyyuu taanaan na hubadhuudha; bu’aan haasaa kanaa: daandiitti deebi’iidha. Ragaa kanarraa wanti huabatame sababoota hasgocha barattootaa irratti dhiibbaa geessisan keessaa maal nan jedhuu, sarmummaafi aadaa ofiif kabaja laachuu baachuu ta’uutu hubatame.

Hasgochi irratti wal-nyaattu Waaq anuu beeka jedhu barnoota hin dandeessaniidha; faayidaan haasaa kanaa: barnootaa cimuu qabdu jechuun dheekkamuudha; bu’aan haasaa kanaa: barnootaaf ga’uumsa qabaachuutu barbaachisa jechuudha. Ragaa kanarraa wanti hubatame hasgochi barsiisaa galma gahuu kan dhabe: barataan barnootaaf gatii waan hin kennineef,

barsiisaa kabajuun waan hin jirreef, barattoonni sarmummaa waan hin qabneef ta'uutu hubatame.

Hasgochi dhugaa Waaqayyoo jedhu kana booda murteeffadheeradha; faayidaan haasaa kanaa: barnootaan cimuuf waadaa galuudha; bu'aan haasaa kanaa: ga'umsa raawwii barnootaa agarsiisuudha.Ragaa kaanarraa wanti xiinxalame hariiroo sirriifi waldhagahuun, gorsa fudhachuun, kaayyoo qabaachuun, aadaa ofii kabajuun hasgocha barattootaa fooyyeessuu danda'uusaati.

Hasgochi tole coqorsa ta'aa lafa qabadhaa jedhu waan hundi isiin fuudhee hin deemiin jechuudha; faayidaan haasaa kanaa: Uumaa kadhachuufiidha; bu'aan haasaa kanaa: Rabbi isaan gargaaruudha.

## Waliin dubbii barsiisaafi baratаa 'D'

B/saa: Maaliif fooddarraan baate?

Barattuu:  ana namni hunduu na hin jaalatu.

B/saa: Maatii kee keessaa abbaa yookiin haadha kee fiddu malee hin barattu

Barattuu: abbaas haadha hin qabu.

B/saa: Eenyu bira jiraattalee

Barattuu: Iddoo yuu hin qabu…

Hasgochi **'ana namni hunduu na hin jaalatu'** jedhu bakka hundatti akka namni ishee jibbeetti fudhachuushiiti; faayidaan haasaa kanaa: fakkaattii eenyummaa ishee ibsachuudha; bu'aan haasaa kanaa namatu najibbaadha.Xinxalli raga kanaa hasgochi bakka oolmaafi hiriyaan kan miidhamu ta'uusaati.

## Waliin dubbii barataafi barsiisaa 'E'

B/saa: Naa'ool Moosisaa akkamitti cimaa taatee? Barattootatti himimee!

Barataa: barsiisaa biraatu barsiisaan na barsiisuun barataa keessan Naa'ool hin beektuu?Herreegaafi Ingiliffaan cimaadha; jedheeni. Barsiisichis nan barsiisa garuu 'akka cimaa ta'eetti hin beeku mee gara fuulduraa nan ilaala' jedheni. Sana booda barsiisichi dareetti gaaffii nagaafachuu danda'a jedheen qo'achuu eegale kanumarraanaan bara san kanan samiisteera duraa

17ffaa bahe samisteera lammaffaa 4ffaan bahe.kutaa 8 kaasee hanga ammaatti immoo bararroota daree hundaa keessaa 1ffaan bahaa jira jedhe.

B/saa: barattuu Hawwineet Aminoo atoo?

Barattuu: Yeroon kutaa 4ffaa baradhu abbaa koo waliin mana sagadaa dhaqne; waahimaan mana sagadaa sanaa barruu harka koo keessa ilaalee abbaa kootiin 'intalli keessaan kun mootii taati' jedheeni; sana booda galle. Turree bullee osuma jennuu yeroon kutaa 5ffaatti darbu halkan abbaan koo dhufee osoon ani rafaa jiruu 'Namni Mootii taatu akka kee kanaatti kurruuftee raftii' naan jedhe edda gaafasiitii kaasee halkan yeroo hundumaa ka'ee qayyabachuun jalqane.Kanarraa ka'een barattuu cimtuu ta'e.

Hasgochi 'baay'ee herreegaafi Ingiliffaan cimaadha' jedhu dandeettii barataa sanaa ibse; faayidaan haasaa kanaa: beeksisuudha; bu'aan haasaa kanaa: caalaatti barataa kanatti onnee kaasuudha.Xinxala raga kanarraa wanti hubatame hasgochi keenya barattoota keenya ajjeesuufi fayyisuu akka danda'uu isaati.

Hasgochi 'Namni mootii taatu akka kee kanaatti kurruuftee raftii' jedhu dubbisiidha; faayidaan haasaa kanaa:qajeelchuudha; bu;aan haasa kanaa:waan boruu agarsiisuudha.Xinxalli raga kanaa kan mul'ise hasgocha humna raawwaii namaatti uumuu danda'uusaati.

## Tallamsa barsiisaafi barataa "A"

B/saa: bahii rifeensa kee sirreeffadhuu kootu.

Barataa: ani rifeensa koo gababachuu hin danda'u; dirqama yoo jettan immoo raga barnootaa koo naaf kennaa iddoo biraattan baradhaa.

B/saa: bahi raga keen sitti miti kan kennamu.

Barataa: hin bahu maali fidda?

B/saa: Kan warri waarii jedhan ijoolleen waaree jetti jedhan

Barataa: Muu, atuu barsiisaa taateeti…

Hasgochi hin bahu maal fidda jedhu tuffii agarsiisa; faayidaan haasaa kanaa: mormuudha; bu'aan haasaa kanaa: humna raawwii kee waanaan beekuuf homaa hin fidduudha.Xinxalli raga kanaa sarmummaa dhabuu, kabaja namoomaa mulquufi ajaja fudhachuu dhiisuu barataa ibsa.Hasgochi kan warri waarii jedhan ijoolleen waaree jetti jedhu maatii kee fakkaattaadha; faayidaan haasaa kanaa maatii barataa kanaa balaaleffachuu agarsiisa; bu'aan haasaa kanaa: qajeelfama maatii kee hin ordofiiniidha.

**Tallamsa "B"**

B/saa: barataa dareetti barsiistuu waan jeeqxeef koottu bahi?

Barataa: Barsiisoonnii mana barumsa kanaa maal haadha isaanii ta'uu?

B/saa: bilooniin sammuu ni gadhiisee hii?

Barataa: alatti walarganna

B/saa: harreen oshee hin dhageessu yoo jalaa goran malee

Barataa: kana kanatu bukeessa kanaaf nama singiggeessa jedhanii…

Hasgochi barsiisoonnii mana barumsa kanaa maal haadha isaanii ta'uu jedhu arrabsuudha; faayidaan haasaa kanaa: arrabsoodha; bu'aan haasaa kanaa isin osoo hin taane anatu sirriidhaadha.Hasgochi harreen oshee hin dhageessu yoo jalaa goran malee jedhu yaaduu hin dandeessuudha; faayidaan haasaa baqachuun qabaadha; bu'aan ati humnatti waan amantuuf sirraa goruu wayyaadha.

**Tallamsa "C"**

B/saa: ati na jeeqaa waan jirtuu iddoo geeddaradhu barataa

Barataa: Ani afaan Ingiliffa malee hin dhagahu.

B/saa: Oli jennaan harreen tabbatti jedhanii, afaan ittiin dhalatte afaan Oromooyyuu qulqulleessitee hin beektuu

Barataa: wal osoo kabajnee gaariidha.

B/saa: kaleessa fooddarraan geroo baate sun garaa na dhukkuba jette malee, waahuu mataa akka si dhukkubu hubadheera…garuu of…

Hasgochi ***‘ani afaan Ingiliffaa malee hin danda’u’*** kun hasgocha tuffii barsiisaaf qabu agarsiisuudha; faayidaan haasaa kanaa: balaaleffachuudha; bu’aan haasaa kanaa: sagalee kee dhagahuu jibbeeraadha.Xinxalli ragaa kanaarraa wanti hubatamu hasgochi barataa kanaa aadaafi eenyummaa isaa kan hin giduu galeeffanne ta’uusaati, hasgocha sarmummaa hin qabne ta’uusaati, hasgocha humna raawwaa hin qabne ta’uusaati.

Hasgochi **‘Afaan ittiin dhallatte Afaan Oromooyyuu qullleeffaattee hin beektuu’** jedhu ga’uumsa dhabuu barataa sanaa ibsuufidha; faayidaan haasaa kanaa: ceepha’uudha; bu’aan haasaa kanaa: barataan akka of ilaallu taasisuudha.Xinxaalli raga kanarraa hubatame hasgochi humna raawwii akka barbaadu kan eeruu isaati.

## 4.3. Waliin dubbii Barsiisotaa “A”

A: Samoona maaf haftee?

B: Har’ayyuu **Waaqa sodaadheen dhufe malee** as keessaa coccoba.

A: Waaqa sodaachuun waan hunda caala; jalqabni ogummaas isa sodaachuudha.

: Namoonni baay’een **na qoroxoxome**; **na mummure** jedhu torbee kana.

: barsiisaa‘x’ akkana akka naannoofne nadhorke jedhe.

C: Maa dudduufaa deemtaa akka nama dheeraa?

A: Adaraa waaqaafi lafaa nadhiisi.

: Amma waanaan fayyeef kana booda waan isin na ajajan hunda nan hojjedha.

B: Kaleessas hojiidhuma keessa turte ati.

A: Barbaadeen osoo hin taane waan na ilaallatuufidha.

B: Cubbuu akka sitti hin taaneefis ta’uu mala.

: Koottuu buna dhugi.

A: Maamilummaa cimsuufimoo?

B: Isin duuba dhaloonni hiriiree waan jiruuf, ulfinatu isiniif mala.

C: ይህ ሲኒ አበበዉጠምኘነ ው፡ ፡

B: Maali qaalluu qabdamoo?Kan siinii filattu?

C: Namni ayyaanaafi gaaddidduu malee dhalataa?

B: Garuu maaliif faraqaa kee malee dhufte har’a?

C: Isin ilaaluufan dhufe

A: Ishoo! Olii siif haa ajaju kan si ilaalu**.**

C: Ameen!

B: Guutee jennaan guyyuu yoo nu ilaalte ni jibbinaa? Ni gamanna malee.

B: Maqdhaalli maalii?

C: Maqdhaalli kan bakka maqaa bu'ee tajaajila maqaan kennu kennudha.

: Afaan Oromoo reefu hojii waan jalqabeef jechoonnisaa nama rakkisa.

D: Manni barumsaa kun qormaata akkamiitti qorsiisee?

: Calliseetuma barattoota daree hin turre waliitti qabee qorsiisaa?

: Isiniifan qotaa;Ani 'Z' yoon isinii ta'uudhaa baadhe.

: Atteendaasii qaba ani.

Hasgochi har'iyyuu Waaqa sodaadheen dhufe malee jedhu guutummaatti hin fayyine jechuu agarsiisa; faayidaan haasaa kanaa: akka dhukkubsatee hafee beeksisuudha; bu'aan haasaa kanaa: ani Waaqayyoon sodaadheen hojjedha jechuusaa mul'isa.Ragaa kanarraa wanti hubatame hasgochi barsiisaa kaayyoofi waan amanu irratti xiyyeeffachuusaati.

Hasgochi maaliif dudduuftee deemtaa jedhu oljedhii deemiidha; faayidaan haasaa: kanaa gadi jettee deemuun sirraa hin eeggame ati gabaabaa waan taateef jechuudha; bu'aan haasaa kanaa: oljedhee deemuu dhaggeeffataati.

Hasgochi kaleessaas hojiidhuma keessa turte ati jedhu hojii irratti hin hamatamtuudha; faayidaan haasaa kanaa: gaalchoon warren hojii miidhan akka jiran beeksisuudha; bu'aan haasaa kanaa: waan gaaf tokko hafteetti of hin ceephessiiniidha.

Hasgochi ይህ ሲኒ አበበዉ ጠማማ ነዉ jedhu daraaraa siinii kanaa hin jaalanne jechuudha; faayidaan haasaa kanaa: daraaraa siinii samaa mormuudha; bu'aan haasaa kanaa: siinii kana naa gaalchoodhaan siinii kana naa geeddaraadha.Ragaa kanaarraa wanti hubatame itti fayyadamni Afaanii waliigaltee keessaatti dhugaa ibsuutti kan hin daangoofne ta'uusaati.

Hasgochi qaalluu qabdamoo jedhu waan lagattuufi hin laganneetu jiramoo jechuusaati; faayidaan haasaa kanaa: waaniif jibbite nutti himiidha; bu'aan haasaa kanaa: waan balalleffatte tokkoof sababa isaa himiidha.

Hasgochi namni ayyaanaafi gaaddidduu malee dhalataa jedhu namni hiree Rabbii kenneef qaba jechuudha; faayidaan haasaa kanaa: kenna Rabbi namaa kenne beeksisuudha; bu'aan haasaa kanaa: kenna rabbi namaa kenne beekanii fudhachuudha.

Hasgochi ishoo! Olii siif haa ajaju kan si ilaalu! Jedhu hawwii waan gaarii namaaf qaban ibsuu agarsiisa; faayidaan haasaa kanaa: Waaqayyoon waa'ee nama gaarii kanaa kadhachuudha: bu'aan haasaa kanaa: Waaqayyo kadhannaa kanaan waan gaarii namichaaf godhuudha.

Hasgochi guutee jennaan guyyuu yoo nu ilaalte ni jibbinaa! Ni gammanna malee jedhu hariiroo keen barbaannaadha; faayidaan haasaa kanaa: akka namaa hin guunne beeksisuudha; bu'aan haasaa kanaa: yoo guutuu didellee nuti si hubannaadha.

Hasgochi Afaan Oromoo reefu waan hojii jalqabeef jechoonni isaa na rakkisa jedhu jechoonni Afaan Oromoo ni ulfaatuudha; faayidaan haasaa kanaa: reefu jalqabuu Afaan Oromoo beeksisuudha; bu'aan haasaa kanaa: rakkoo kan jiru sibira mitiidha. Ragaa kanarraa wanti xiinxalame fakkeenyummaa dhabuu hasgocha barsiisaa irraan kan ka'e hasgochi barattootaa hubamaa ta'uusaati.

Hasgochi isiniifaan qotaa ani "Z" miti yoon isiniif ta'uudhaa baadhe jedhu isinan miidhaadha; faayidaan haasaa kanaa: mana barumsaa isaan qorsiise balaalleffachuudha; bu'aan haasaa kanaa: barattootarratti haaloo mana barumsaa bahuudha yookiin humna raawwiisaa agarsiisuudha.

## Tapha Barsiisotaa Yeroo Boqonnaa "B"

Barsiisaa waliin bullemoo! Baha! Edda ammaa nagaa sin hin jennee?Jaalalatu anarraa si qabemoo?Qufaan hanga kana nahurgufee moo meeqaan nagaa siin jedhee danda'a.Torbee tokkoo olan ciisee dhufe.**Qub-lamee** ni mokkorta mitii?Dur-kaa. ' **ፈጬች ፈጬችና ዛሬ ማርያም** ነዉ አለች አሉ' mee Afaan Oromootti naaf hiikimee.Daaktee daakteetu har'a Maariyaamii jette jedhan.Har'uma uumte moo duruu jechamni kun jira?Jiraachuullee jiraa

‘**ለእኔ ስሆን ነዉ የወፈሬዉ**’. Kunoo baga argatte sidhaa nagaranyaan akka nama hin dhageenyee Afaan Oromootti naaf hiiki jechuun caalatti ho’isuu barbaadde mitii? ቁብ ነገረ jechoonni afaan Amaaraa tokko tokko hin dhagahu;hanga ammaatti daree seenee osoon du’ee tasa dubbadhee hin beeku.Kanatti mitiiree Qabanneen daree seentee ‘**ልጁ ተቐረጠ እንዴ፤ ትናንትና ክላሰ አልነበሬም አሌች**’ kanarraa kan ka’e hanga har’aatti ijoolleen isheetti kofalti.

Taammanee yeroo barsiisu qubasaa gara ijoolleetti qabuudhaan mee ijoolle tapha gaa gaarii fidaa jedhee yoo barsiisu barattoonni barsiisaa ta’ee akkamiitti qubasaatiin balagummaa agarsiisa jchuudhaan mana barumsaatti yoo himatan manni barumsa yoo isa gaafatu inni takkaa waan akkanaa akka hin yaadne ta’uusaa dubbate.Ati cimtuudha eessa abbaasaa si bira hin geenye kaa.Waan afaanii kun baay’ee rakkisa Yunvarsiitii yeroo barannu mucaan tokko; dhukkubsateetu mana yaalaa mooraa deeme.Inni Yaalu Afaan Amaaraa malee waan hin beekneef “ **ምኒን ያሓማሃል፤ ብሎ ስጠይቄዉ፤ በዝህ በዱግዳ በኩል ጨቅህ ጨቅህ ያደረገኛል ብሎ መለሴለት፡፡**

Hixaxxeetu bira geese moo akkamiitti qaqabdee bilbilte? Ati akkamitti bilbilta?Ani bilbilee hin beeku hanga ammaati;sareen re’een eegee gadi qabi jette jedhan;ormillee osoo jedhanii irraa bareeda.Nama meeqatu ajjaba intala kana?Ana osoo na dhukkubee, namni karra nabaasuu hin jiru;daree gubdee deemteeree barsiisaa naan jedhu malee. Ijoolleen barren gaddaa baay’ee **jeettota** barnoota akka kubbaa itti taphaatu**;** ijoolleen baranaa waan ta’eefis waan hin taaneefiis gara manaatti fiigdi malee banoota keessan soolidii dhiisii kan keenyayyuu hin dandeessu.Afaan isaanii kan itti dhalataniis hin beekamii? Bara Yunvarsiitii seennu barattoonni siiineerii barsiisoota mana barumsichaa fakkaatanii shaanxaa keessaan mazzansiisaa jedhanii barataa tokko irraa kan kee maadaalaan oli jechuudhaan bassoo gartokkee jalaa fudhatani.Isaan baayyee abaarramoota.Mana shaaworii mana fincaanii jedhanii nama dogogorsiisu turani.

Dr.Xanaatu **lagatti gadi na naqe**.Bade abbaa koo! **Dhaqateeti l**agatti nama nama naqaa.Maal godhata haa!Anaa nyaatu Baay’isaa atis akkana taanee.Simannaa barattootaa Yunvarsiisii irratti miriindaan dhugaatii alkoolii se’een ofirra dabarse.Guyyuma guyyaan shamizii geeddartaa hii ati barsiisaa qaalahiinsa jireenyaa kanaan? Iyi…yaa hiiyyeessa

biyyoonni guddatan konkolaataa guyyaa guyyaa geeddaraa oolu; ani shamizii waanaan geeddareef ajaa'ibsataaa! Kaleessa immoo Injiineer Geetaanee waliin deemta; barsiisummaa geeddaruu bardaadeetumoo?Ogummaa tokkorra osoo turuu baatanii gaariidha.Ani osoon mootummaa ta'ee hojjettoota ogommaa tokkorra waggaa shanii ol hin tursiisu.Waggaa shan barsiisummaa yoo hoojjetan waggaa shan immoo ogummaa fayyaa yookiin qonnaa akka hojjetanan godha.Isin dhaloonni ammaa kun jabaadhaa baradhaa,ogummaa kanas geeddaraa hin shawwadamiinaa .Mootummaan sumunii kan faluudhaan maaliif isin ergata?Yesuus Kiristoos iyyuu barsiisaa turee maali ogummaa kanaatu tuffatamamoo miindaa laalteetu hojiin eebbifamaanuu barsiisummaadhaa? **ዶሮ ሲያተልሉት በመጫኛ አሉ፡፡**

Bara kana namni amantaa kaniiyyuu Itoophiyaa keessaatti uumaa Waaqessina jechaa waan biyyoonni amantii hin qabne illee hin hojjeenne hojjetu.Namni gaafa masqalaa **iyyoolee** osoo jedhuu gurri isaa dude iyyoolee jechaa hafa jedhan Samoona kana taasgabbaa'uu dhabuu siyyaasaarraa kan ka'e namoonni waan badaa hojjetaniin akka duruu tureettifi itti fufiiinsa qabuutti kaaftaa?Biyyi kun dhalootumaan abaarramte, **አንደድ አስተማር ተብዬዎች** ogummaa kana akka jibbinu godhu.Raasaatu keessa jira ta'uu hin beekkamu.**አትሳደብ እረሱ ልማታዊ ቃልቻ ነዉ ፡፡** Garuu rakkoo hamaa kan qabu namadha; namni nama ta'uu dhiiseerra amma kanaafi kan akkas jedhamee mammaakamu "**አቤቱ ጌታ ሆይ ሰዉ ፍጠር በቤትህ የሞላ ፈረስና በቅሎ ነዉ አሌ አሉ፡፡.**

Haati abayii jirtii?Eenyu haati abayii? Daarikreeta keessaniidha kaa.Aarrabas ni dheeratta fakkaatta namni akkamiitti seexaana ta'a. Isheedhaa manna seexana harka torba hin wayyuu.Akkam bulte haa nyaanu kaa! shiroon immoo ni nyaatamaa ni dhugama malee kanaaf haa dhugnu jedhi.Ati amantii dhumayyuu qabdaahii? Ni qoostaahii yeroo Amboo sadarkaa lammafaa baradhu kuuwaayeerii keessan ture.Amma garuu Seexanni jira jedhee hin amanu.Seexanni hin jiru jetta taanaan situ jiraachaa jira osoo hin taane siin akka hin jiraanne godhee ofiisaa jiraachaa jira jechuudha.Nuun qorri nu fixee ati shamiziidhaan deemtaahii?Qorri eessa jira qaama dhabne hin jettanii.Maali ciree hin nyaanne moo buskuuttii sadi daabboo keessa keessaa altokkotti kan nyaattu?ciree illee nyaadheeraa ciree

seera qabessaa hin nyaanne malee. Akkanatti nyaatanii dhirsa hin yaadan akka jedhame akka hin taane egaa barattoota seeraan barsiisi.Mootummaan Ijjoollee eegi jedheetu malee barsiisi jedhee gara mana barumsaatti hin ergine.Barsiise jettee baay'ee hi haasa'iin…

- ❖ Hasgochi jalaalatu anarraa si qabemoo jedhu dursoo isaa yoo ilaalle namoonni waljaalatan amas ammaas nagaa walgaafachuu isaanii kan ibsudha.Faayidaann haasaa kanaa yoo jaalalli narraa si qabeera ta'e na beeksiisi kan jedhudha.Bu'aan haasaa kanaa jaalachuufi dhiisuusaa gochaan raawwachuudha.Ragaa kanarraa wanti hubatame hariiroon barsiisota gidduu jiru hariiroo obbolummaa akka ta'e kan ibsudha.
- ❖ Hasgochi qufaan hangana na hurgufeemoo jedhu yeroon amma keessa jiru kun ammas ammaas nagaa siin jechuuf mijataa miti kan jedhudha.Faayidaan haasaa yeroo amma keessa jirru bari jedhuudha.Bu'aan haasaa tole nan dogoggore jedhee dhiifaama gaafachuu dubbataa kan gochaan eerudha.
- ❖ Hasgochi qub-lamee ni mokkorta mitii jedhu dursoon isaa aadaa keessaatti namni utaalloon yoo isa rakkise haraqee itti fudhataa jechuu ibsuusaati.Faayidaan haasaa haraqeen qoricha akka ta'e beeksisuu isaati.Bu'aan haasaa lakki ani haraqee dur malee ammaa hin dhugu jedhee deebisuu isaati.
- ❖ Hasgochi ፈጩችህ ፈጩችህና ዛሬ ማርያም ነዉ አለች አሉ jedhu nadha kee baateetu dhiiftee isa jedhudha.Faayidaan haasaa quufteetu dhiifte malee sababa biraa hin qabdu isa jedhuudha.Bu'aan haasaa kanaa ammayyuu yoo quufuudhaa baatte dhuguu ni dandeessa isa jedhuudha.
- ❖ Hasgochi 'ለእኔ ስሆን ነዉ የወፈሬዉ jedhu ittiin caalaatti na miidhuu barbaadde isa jedhu ibse.Faayidaan haasaa kanaa kadhachuu isaati ittiin namiidhiin jedhee; bu'aan haasaa kanaa tole sin miidhu jedhuu dubbataa ibsa.
- ❖ Hasgochi 'ልጁ ተቖረጠ እንዴ፤ ትናትህና ክላሰ አልነበሬም አሌች jedhu kun itti fayyadamni afaanii aadaa, xiinqooqaafi naannoo waliin walqabachuu ibsa.Faayidaan haasaa kanaa waan hin beekne hin dubbatiin isa jedhu ibsa; bu'aan haasgocha kanaa tole jedhee gochaan agars iisuu mul'isa.
- ❖ Hasgochi" ምኒን ያማሃል፤ ብሎ ስጠይቄዉ፤ በዝህ በዱግዳ በኩል ጨቅህ ጨቅህ ያደረገኛል ብሎ መለሴለት" jedhu kun afaan Amaaraa qulqulleessee beekuu dhabuu barataa sanaatu hubatame.Faayidaan haasaa kanaa afaan waliigalteef bu'uura akka

ta'e beeksisuudha.Bu'aan haasaa afaan kamiyyuu qulqulleessii beeki isa jedhu hubachiisa.

- Hasgochi hiixaxxeetu qaqabde moo akkamitti bilbilte jedhu kun gabaabduu ta'uu ishee mul'ise.Faayidaan haasaa kanaa miti jechuudhaan mormuudha; bu'aan haasaa kanaa lammata gabaabduu naan hin jedhiin ati ormillee yoo jedhe jechuu isheeti ibsa.
- Hasgochi barattoonni bar-dheengaddaa jeettota jedhu cimoo ta'uusaanii ibsudha; faayidaan haasaa kanaa gaalchoon barattoonni baranaa dadhabaa ta'uusaanii ibse; bu'aan haasaa kanaa hojii jabduu irratti hojjechuu qabna kan jedhu eeruusaati.
- Hasgochi barattoonni siineerii yunvarsiitii abaarramootadha jedhu kun barattoota haaraa goyyomsuu isaanii mul'ise.Faayidaan haasaa kanaa abbarramaa ta'uusaanii beeksisuudha; bu'aan haasaa kanaa barattoota kanarraa warri haaraa of-eeguu akka qaban mul'isuudha.
- Hasgochi lagatti gadi na naqe jedhu kun iddoo mijataatti nah in ramadne jedhuudha; faayidaan haasaa kanaa mormii qabu ararsiisuudha; bu'aan haasaa kanaa namni biraallee akka isa balaaleffatu affeeruudha.
- Hasgochi anaa nyaatu jedhu gadduufi aragsiisa; faayidaan haasaa kanaa oo'uufii agarsiisa, bu'aan haasaa kanaa anillee akkuma keen ta'e jedhee karaa sarmummaa qabu ibsuusaati.
- Hasgochi Iyi… yaa hiyyeessaa jedhu tuffachuu agarsiisa; faayidaan haasaa kanaa gaarii akka hin taane akkeekkachiisuudha; bu'aan haasaa kanaa akka biyyoota kaanii konkolaataa faa geeddarachuuf hawwiidha.
- Hasgochi mootummaan sumuniidhaan isin ergata jedhu kanfaltiin barsiisaa gahaa miti jechuu ibsa; faayidaan haasaa kanaa qajeelfama hojii geeddaruu kennuudha; bu'aan haasaa kanaa dhugaa jette jedhee qabatamaan hojii geeddaruu dhaggeeffataa ibsuufidha.Ragaa kanarraa wanti xiinxalame hasgochi sirrii hin taane hojii baruufi barsiisuu gufachiisuu akka dandaa'u isaatu hubatame.
- Hasgochi namni gaafa iyyoolee gurraa dude iyyoolee jechaa hafa jedhu waan turtii yeroo dheerraa keessatti altokko raawwate akka itti fufiinsa qabuutti fudhaattaa jedhuudha; faayidaan haasaa kanaa akkanatti hin fudhatiin jechuun qajeelfaama sirreeffamaa kenna, bu'aan haasaa kanaa dhugaa hubatee hojiirra oolchuu isaatu eeggama.

- Hasgocha “አትሳደብ እረሱ ልማታዊ ቃልቻ ነዉ” jedhu kun qaalluun sun qaalluu misoomaa fidudha kan jedhu ibsa; faayidaan haasaa kanaa hin arrabsiiniidha; bu’aan haasaa kanaa qaalluun tokko tokko gaarii akka ta’aan dhaggeeffataa hubachiisuudha.
- Hasgochi “አቤቱ ጌታ ሆይ ሰዉ ፍጠር በቤትህ የሞላ ፈረስና በቅሎ ነዉ አሌ አሉ” jedhu kun mana amantaa keesaatti Waaqayyoon kadhachuu kan agarsiisuudha; faayidaan haasaa kanaa kadhannaa isaanii dhagahuu Waaqayyoo ibsa; bu’aan haasaa kanaa nama qajeelaa kennuufiidha.
- Hasgochi haati abayii jirtii jedhu kun hamtuu ta’uufi nama raasuu ishee kan ibsudha, faayidaan haasaa kanaa jibbuu agarsiisa; bu’aan haasaa kanaa arrabsuudha. Ragaa kanarraa wanti xiinxalame sababoota haasgocha barsiisotaa irratti dhiibbaa geessisan keessaa tokko ga’umsa dhabuu hasgocha barsiistuu kanaa ta’uutu hubatame.
- Hasgochi shiroon ni nyaatamaa ni dhugama malee jedhu rakkinaafi gadadoo keessa jirra jechuu ibsa; faayidaan haasaa kanaa rakkoo keessa jiru himachuusaati; bu’aan haasaa kanaa daballii miindaaf iyyachuu qabnaadhaan karibsoon fayyadamuu ibsa.
- Hasgochi ciree seeraa hin nyaanne jedhu manasaa komachuudha; faayidaan haasaa kanaa dhiirri nyaata jaalata jedhuusaati; bu’aan haasaa kanaa dubartoonni dhiira nyaachisuu qabu jechuudha.

## Walfalmii Haala Biyya barsiisoota gidduu “C

Namni amanaan jiraayii bara kana? Amantiin osoo adda hin baasiin deemee kadhatee miliyoona shan walitti qabuudhaana akka isaan namoota hin ajjeefneefi hin guddedne kadhatee oolchuu isaatiin xiqqoo luba amantii maddaalli kaasu ta’uusaa argeera yoo akka jedhaan ta’e.**Eenyu haa dhaggeeffatu Kaa lamaan keessaniyuu yeroo tokko haasoftuu?**Nuti waliigalleerra.Waliigaluu dhiisuu dandeessu;garuu lamaan keessan yeroo tokkotti haasa’uu keessantu qajeeltoo miti.Walmormii keessaatti sa’aatii walsaamuun kanuma jiruudha.Amantiin hin jiru biyya Itoophiyaa kana keessa osoo jiraatee namni walhin jibbu;qabeenya namaa hin saamu.Biyya Chaayinaa amantii hin qabne keessa namni waan fedheyyuu yoo gatee kumpuuteera dabalatee,

abbaan qabeenyichaa beekkamnaan ni deebi’aafi dhabamnaan immoo mootummaa isaaniif galii ta’a.Asitti garuu Waaqa waaqessina jechaarra…

Biyya kanatti walabummaafi diimookiraasii Waaqayyoon namaaf kenne namarraa mulqaniiru jiraatu.Ani waan ati jettu kana barabaraanuu itti walii hin galu.Bilisummaafi diimookiraasiin jira nama jedhu nan jibba; sababiin isaa biyya kamiyyuu keessa diimookiraasiin hin jiru.Kana mormiita yoo ta’emmoo seera Waaqayyoo mormiita jechuudha.Seera uumamaa inni dhaabe jechuudha.Seerri uumamaa kaminni haadha manaa koo nan dhorkani.Seerri uummamaa kana qofaa si biratti.Seerri umamaa nyaachuudhaa?Dhuguudhaa?Haasa’uudhaa? Moo arrabsuudha.Yoon callisee haati kee akkas haataatu jedhe maali faayidaan isaa? Ani osoon biddeena nyaadhee yaaduu nan danda’a; amma garuu miindaa koo yoom baati? Qaawwi mana kessaa jiru maalinni? Kamtu guutuudha?Kantummoo hir’uudha jechaa nama jiraatudha.Nama biyya kana keessaa jiraachuu hin barbaadne keessaa tokkoon ture.Amma garuu Waaqayyo nifarada; gaggeessitoota Ameerikaarratti. ወንድ በወንድ ስደፈር፣ ቄስ ወስዶ ቆዳዉን ስገፉት’፡ ፡

Namni osoo waa’ee dhaabaaa darbee natti kaasuu baatee gaariidha.Ijoollummaa kootii kaasee hanga mataan narraa qunca’uutti namatti yoon galu imimmaaniin yaa Waaqayyoo nurraa kaasi jechaa,yoon daree seenu ciigoodhaan falmachaa tureera.Farda yaabbii sirnichaa kan turan immoo har’a sirrii miti yeroo jedhan naaf hin liqifamu.Jaalateeti miti;durfameetu malee,achi keessa keenee bara meeqa waldhaansoo qabe;uummata kanas deeggareera.Maaliif gara dhaabaatti naannessitaa ani waa’ee nama dhuunfaan haa’asaa jira.Waan hadheeffatu tokko deeggaruun mormuu hin dandeessu.Yoo jette moo isin warra ala turtantu balleessaa qaba.Warri keessa turan har’amoo boru nu ajjeessu jechaa keessa taa’anii falmatani.Isin baqattanii mana keessan keessa dhokattani.Hammeenya fakkaadhuu sirreessi kan jedhu seera rabbii kamtu jedharee? Biyya kanaa bahuuf miila kootiin yaalii godhee yeroo hedduu qabamee deebi’eera.Amma garuu obboloonni koo achi jiraachuusaaniitti nan gadda.Lammaffaa achi deemuuf hin hawwu.Maaliif seete biyyi keenya biyya akka hin taane harka lafa jalaatiin hojjetaa jiru.Akkas miti bar yeroo kamiyyuu haguuggiin sirna cunqursaa tokkummaafi nagaa biyya kanaaa eegsisuu kan jedhu piroopogaandaa burjaajjessaatti fayyadama.

Mee seera rabbi yoo fudhanne Edeen Ganatti kunuunsaa itti jiraadhaa jedhe mitii? Mirga kana maaliif nurraa mulquu’Carraa filatanii si’ool galuufi ganati galuu Waaqayyo kenneera hootii!

Mee‘Freedom’jechuun siif maaliidha? Nama kan biraa osoo hin miidhiin, waanaan hubannoo irraatti qabu bilisaan dubbachuu, yaadan itti amane deeggaruufi bilisaan bahee galuudha.Inni kun biyya eessaa jiraree?Mootummaa Waaqayyoo keessa akka hin jenne, Mootummaa Waaqayyoo keessa ulfina ilmasaafi Waaqeffaannaa dhugaa malakoota waliintu jira.Biyya lafaa kanarra jiraa narraa mulqame malee yoo jettemmoo lolaan deeffataaree…garuu kadhannaadhaan ta’uu mala.

Amma umuriin koo ganna shantamii tokko.Tiisheertii Ameerikaanotaa hedduun qaba ture.Biyya kana keessaa jiraachuudhaaf abjuuttillee yaadee hin beeku; erga namichichi du’ee garuu.Namni keenya biyya ambaa dhaqe garaan isaa waan guuteef qofa ‘I’am Free jedhamaleesaa… diimookiraasiin ardii kamirrayyuu hin jiru.Akkasitti maaliif guduunfita? Ani biyya keenya keessa diimookiraasiin hinjiru biyya Ameerikaamoo ni jira yoomaan jedhe namana.Garuu ani kanaan jedhe biyya kana keessaatti namni walabaan ilaalcha barbaade deegaruun eeyyamameeraa?Essatti eeyyamame biyya keen alas yoo ta’e…

Barnootallee yoo ta’e kan ajjeese namoota biyya bulchanidha.Ijoolleesannii alatti barsiifachaa addunyaaf dorgomaa taasifachaa ijoollee haadha hiyyeessaa walitti naqaa eegaa jedhu.Akka barsiiftuuf miti bar akka inni mootummaatti dhagaa guuree daandii hin cufneef akka inni dubartii namaa mandaratti hin gudeedneef eegi jedhamte malee barsiisii miti waansaa.Osoo ta’ee namni biyyaaf quuqamu maraataa biyya isaafuu gaarii yaaduu osoo qabuu.qooda kanaa kaan kolaasee,kaan naaffisee,kaan biyyaa baasee kaan immoo dacheetti dabalee biyyan bulcha jedha.Ani seexaana sodhaadhee hin beeku hangan siyyaasabiyya kanaa sodaadhu; dhugaa natti himi yoo jette ani Waaqayyuu sodaadhee hin beeku hamman nama sodaadhu;namarra bineensa wayya;bineensi guddaafi qoratamee hin dhumne nama waan ta’eef.Ani kanaafaan hin dubbadhu harka namaattan du’aa jennaan diddanii nadubbiftu.Namni waan namaan jedhuufi waan nama godhu hin dhabu.Yaadafi ilaalcha qabnu dubbanne malee maaltu jala si boosisaree?Anis barsiisaa akka keefi hiriyyaa keetihoo?

Akkam jirtu? Falmii keessan gidduu hin seenu jedheetan ture malee haajaan isinirraa qabaa.Baga barbaachayyuu arganne kaa! Haasa’a gammoojjii maa haasoftaa!Ati  ammayyuu ganaadhaahii? Haati abbayyiiyyuu akka kee kanaatti hin haasooftu…

Koottu mee ciree siaffeereen dhugaa dhugaa shee haasofnaa.Bara kana silaa sobumatu tuullaa guutee nurakkisee.Kunuu warri rafnaan jette jedhan …maali nan maraadhe moo ijoollee koo hin guddifadhuu!

Hasgochi eenyu haa dhaggeefatu kaa lamaan keessanuu ni haasoftu jedhu dabaree walii kaennaa haasaa jechuudha; faayidaan haasaa kanaa: adeemsaa hubachiisuudha; bu'aan haasaa kanaa: tokko yeroo dubbatu tokko dhaggeefachuu akka qabu ibsuudha.Ragaa kanarraa wanti hubatame barsiisonni kun tarsiimoo mormii, taphaa, gaaffii gaafachuu, dhiifaama gaafachuufi qajeelfama fudhachuu wallaaluu isaaniitu hubatama.

Hasgocha mormii keessaatti sa'aatii walsaamuun kanuma jiru jedhu yeroon barbaachisaa ta'uusaa ibsa; faayidaan haasaa kanaa: mormuudha; bu'aan haasaa kanaa: itti fufuun dabaree malee haasa'uudha.

Hasgochi amantiin biyya kana keessa hin jiru jedhu dursoo irratti hundaa'uun namni waaqessu akkamitti nama miidha isa jedhudha; faayidaan haasaa kanaa: namni of ilaaluu qabaadha; bu'aan haasaa kanaa: qalbii geeddarachuu qabaadha.

Hasgochi haadha manaa koo nan dhorkatani jedhu waan biraa silaa anuu hin qabuu jechuudha; faayidaan haasaa kanaa: isa kaan biyyi kamiyyuu hin eeyyamtu jechuun mormuu ibsa; bu'aan haasaa kanaa: biyyi hundumtuu walfakkaataadha jechuu ibsa.

HasgochiYoon callisee haati kee akkana haataatu jedhe kan jedhu yoon arrabse maalaan fidaadha; faayidaan haasaa kanaa: arrabsoon sirrii mitiidha, bu'aan haasaa kanaa: atuu nama hin arrabsiiniidha. Ragaa kanarraa wanti xiinxalame barsiisonni seerluga Afaanii edda baratanii waan fedhan kan ittiin akka hin taane hubachiisuusaati.

Hasgochi amma garuu Waaqayyo ni farada jedhu Waaqayyo abbaa murtoo dhugaadha jechuudha; faayidaan haasaa kanaa: biyyi biraa nu miidhaa jirti jechuun mormachuu ibsa; bu'aan haasaa kanaa: kana booda biyya koo keessa jiraachuuf murteeffachuun qabaadha.

Hasgochi hanga mataan narraa qunca'utti kan jedhu yeroo dheeraa falmachuusaa ibsa; faayidaan haasaa kanaa: rakkoo isa quunnameef Rabbi kadhachuusaamul'isa; bu'aan haasaa kanaa: Rabbi

rakkoosaa dhagahee kaasuu ibsa.Ragaa kanarraa wanti xiinxalame barreeffama adda addaafi mallattoolee adda addaan hasgocha mormii taasisuun akka danda'amutu hubatame.

Hasgochi hammeenya fakkaachuudhaan sirreessi kan jedhu seera Rabbii kamtu jedharee kan jedhu rabbi hin jaalaatu jechuudha; faayidaan haasaa kanaa: atillee hin fakkaatiin jechuudha; bu'aan hasgochaa rabbi hammeenya ni jibba jechuudha.

Hasgochi carraa filatanii si'ool yookiin Gannati filachuu Waaqayyo kenneera jedhu Waaqayyo fedha bilisaa namaaf kenneera kan jedhuudha; faayidaan haasaa bilisummaa rabbi beeksisuudha; bu'aan haasaa kanaa: waan na baasa jette filachuu ni dandeessadha. Xinxalli raga kanaa kan ibse hasgochi ilaalchaan walqabachuusaati.

Hasgochi mootummaa isaa keessa ulfina ilmasaafi Waaqeffannaa dhugaatu jira jedhu lafarratti waan gaarii hin eegiin jechuudha; faayidaan haasaa beekumsa mootummaa Waaqayyoo qabaadhu jechuudha; bu'aan haasaa kanaa: abdii boruun jiraadhu jechuudha.

Hasgochi lolaan deeffattaaree… garuu kadhannaan ta'uu mala jedhu lolli furmaata miti jechuudha; faayidaan haasaa kanaa gaalchoo jaalalaan guuttamiidha; bu'aan haasaa kanaa: olaantummaa waaqayyootti hirkadhuudha.Xinxaalli raga kanaa hasgochi barattootaa fakkeenyummaa hasgocha barsiisotaa akka barbaadutu hubatame.

Hasgochi abjuuttillee yaadee hin beeku jedhu osoo itti hin yaadinillee as jiraachuu yaadee hin beekuudha; faayidaan haasaa kanaa: abjuun waan dhugaa yeroo tokko tokko namatti akka fiddu ibsuudha; bu'aan haasaa kanaa: hin fedhuudha.

Hasgochi ani seexaana sodaadhee hin beeku hangan siyyaasa sodaadhu jedhu siyyaasan irra sodaadhaadha; faayidaan haasaa kanaa siyyasarraa baqadhuudha; bu'aan haasaa kanaa: ijoollee keef jiraadhuudha.Ragaa kanarraa wanti xiinxalame qajeelfama gara garaan hasgocha mormii fayyadamuun akka danda'amutu hubatame.

Hasgochi dhugaa dubbadhu yoo jette ani Waaqayyoyyuu hin sodaadhu amman nama sodaadhu jedhu nama baay'een sodaadhaadha; faayidaan haasaa kanaa: Waaqayyo hoo'aafi araara qabeessa ta'uusaa hubachiisa; bu'aan haasaa kanaa: namarraa fagaadhu jechuudha.

Hasgochi haasaa gammoojjii maa haasoftaa jedhu haasoofni kee sirrii miti jechuudha; faayidaan haasaa kanaa dheekkamuudha; bu'aan haasaa kanaa: haasawa madaalu haasa'iidha. Ragaa kanarraa akka xiinxalametti hasgochi barsiisaa kan jibbamu: yoomeessa waan giddu hin galeeffaneef, sadarkaa hawaassaafi umurii waan hin eegneef ta'uutu hubatame.

## 4.4. Qaacceessa RagaaAfgaaffii Barsiisotaa

1. Gaaffii barattoonni mooraa mana barumsa keessanii tokko tokko maaliif qajeelfama keessan hin fudhanne isa jedhuuf barsiisonnii 24/40 keessaa ta'an sirni barnoota biyya kanaa naamuusa barataa waliin walqabatee harka caalaa mirga isaa malee dirqama isaa gadi fageenyaan kan hin hubachiifne ta'uu lafa kaa'aniiru.Xinxaalli raga kanaa hasgochi sirna barnootaa keessa ooluu akka qabu hubachiisa.

2.Sirni barnootaa amma jiru hasgocha barattootaafi barsiisotaa maaliif fooyyeessuu dadhabe isa jedhuun walqabatee,barsiisoonni 28/40 ta'an yeroo yaada isaanii kennann,imaamanni siyyaasaa biyya kanaa imaammata barnootaa waan miidheefi jechuun ibsaniiru.Xinxaalli raga kanaa akka mul'isutti imaammanni barnootaa hasgochaan kan walqabatu ta'uusaati.

3. Barattoonniifi barsiisoonni hasgocha yoomeessa giddu galeeffate akka qabaataniif furmaanni kennamuu qabu maali isa jedhu waliin walqabatee, barsiisoonni 34/40 ta'an barnoonni walmaddeessa akka ciminaan kennamuu qabaatu kaasaniiru.

4. Hasgochi barattootaa hojii baruufi barsiisuu akkamiitti miidhe isa jedhuun walqabatee, barsiisoonni 32/40 ni miidhe jechuun malee sababa quubsaa kannuu hin dandeenye.Xiinxaalli raga kanaa waan tokko mormuudhaaf yookiin deeggaruudhaaf hasgochi barsiisotaa sababa gahaa kaa'uu dhiisu mul'iseera.

5.Hasgochi ati daree barnootaatti fayyadamtu kan akkamiiti gaaffii jedhu ilaalchisee barsiisoonni,16/40 ta'an itti yaadee hin beeku jechuudhaan yaada isaanii ibsaniiru.Barsiisoonni 14/40 ta'an ammoo, kan barattoota caalaatti barnootaaf kakaasuudha jechuudhaan ibsaniiru.Barsiisoonni 6/40 ta'an ammoo, barattooni koo na dhageefachuudhaaf kan hin ciinqamnedha jedhanii yaada isaanii kennanniiru.Ragaa kana irraa waanti hubatamuun danda'amu, barsiisoonni baay'een hasgocha daree keessaatti itti fayyadamanillee adda baasanii

kan hin beekneefi itti fayyadama  hasgocha barattootaa bu’uura godhatanii kenneen daree keessatti hasgocha sirriitti fayyadaman kan hin jirre ta’uu nama hubachiisa.

6. Barsiistuu Kumee, barataa Malkaamuu waliin maaliirratti waliitti buute? ‘ Osoon barsiisaa jiruu sagalee jeequmsaa gara duubaatiin dhagahe;ilaallaan iddoo isaa malee eenyu akka jeequ addaan baafachuun dadhabe;eenyuutu jeeqe jedhee barattoota gaafannaan natti himuu didani; ammas osoon barsiisaa jiruu sagalee dhageenyaanaan , barataa duubaa keessaa isa jeequu danda’a jedhee yaade Malkaamuun koottu bahi ka’ii jennaan ‘**Xash nash indee’** naan jedhe sana booda baay’ee natti dhagahame mana barumsaatti himadhe.

Hasgochi xash nash indee jedhu sirriirra hin jirtuudha;faayidaan haasaa kanaa arrabsoodha;bu’aan haasaa kanaa: qulqulleeffadhuu haasa’I jechuudha.Xinxalli raga kanaa: barataan kun sarmummaa kan hin qabne,kabaja barsiisaa kan hin eegne,hariiroo barataafi barsiisaa gidduu jiru kan hin eegne,haamilee barsiisoota kanneen kaawwaniillee kan miidhu,tarsiimoo hasgochaa kan hin beeknefi maaljoo kan hin eegnedha,safuu kan hin eegne ta’uusaatu hubatame.

7.Barsiisaa Geetaachoo daree barnootaa kutaa 10D maaliif hin galu jettani? ‘Ani qindeessaa dabaree ta’ee osoon hojjedhuu shamarree ‘X’ bosona keessatti qabamtee akka maatii fiddu ishee ajaje.Haati maatii barattuu kanaa dhufteetu yeroo boqonnaa ‘Staff’ gubbaa dhaabbannaan enyu akka isheen taate waan hin beekneef ‘Eenyuun bardaadde?’ jedhee yeroon gaafadhu barsiisaa ‘jiboon barbaada naan’ jette, anis baay’ee waan natti dhagahameef “የዝህ ሀጋር ሰዉሰዉንና ጁብን አይለይምእነ ዴኣለኩ” sana boodaas qindeessaa daree ta’ee hojjechuus daree barattuu sanaa seenee barsiisuun hin barbaanne.

Hasgochi jiboon jiraa jedhu namni maqaaa jiboo jedhamu eessa jiraa kan jedhuudha; faayidaan haasaa kanaa: gaafannoodha; bu’aan haasaa kanaa:dhimmaan irraa qabaadha Xinxalli raga kanaa hiikaa waan tokkoo osoo hin beekiin fayyadamuu ishee mul’isa; hasgochi barattuu isaanii hasgocha isaanii akka miidhe agarsiisa; barataan seerluga afaanii eddaa beekee booda waan fedhe aadaafi duudhaa hawaassa saan ala akka itti fayyadamuu dandaa’uutti yaaduusaa mul’isa; hasgochi maatii barataallee barsiisaa miidhu isaa hubachiisa.

Hasgochi ‶የ ዚህ ሀገር ሰውጅብንና ሰወኝ አይለይምእንዴ አልኩ`` jedhu rakkoo maatii tokkoo akka guutuu hawaassaatti fudhachuun dogoggora.Xinxalli raagaa kanaa kan mul’ise rakkoon itti fayyadama hasgochaa barataa biraas, barsiissaa biraas akka jiru hubachiisaati.

8. Barsiistuu Yeshii waraqaa qormaata barattuu Dirribee maaliif koree sirna barnootaatti dabarsite?Guyyaa Afaan Oromoo qoramaan sagantaan qormaataa daree isaanii na gahe ture.Maqaa isaaniin yeroon teesisuuf jedhu barattuun kun iddoon ani ishee teessisee kaatee iddoo biraa teenyaan kaaseen iddoon isheedhaa kennetti deebiise; yeroo kana natti ciciniinnachuu eegalte; yeroo baatu suura harree deebii qormaataa irratti kaafnee harka tuffiin natti kennitee baate,yeroo ala baatu immoo ‘**Afaan Oromoo Fiiziksii natti ta’**e’ jetteen hiriyyoota isheen.

Hasgochi fakkii harree kaasuun kun tuffachuudha; faayidaan haasaa balaalleffachuudha; bu’aan haasaa kanaa: sii manna harree wayyaadha.xinxaalli raga kanaa kan mul’isu sarmummaa dhabuushee ibsa; tarsiismoo hasgochaa keessaa arrabsootti fayyadamuu ishee agarsiisa; sadarkaa jechaa caala gochaan ergaa ishee dabarfachuu ishee ibsa; xiyyeeffannoo barnootaa dhabuu ishee ibsa; bilchina sammuu dhabuu ishee ibsa; naamusa qormaataa hojiirraa oolchuu dhabuushee ibsa.

Hasgochi‘Afaan Oromoo Fiiziksii natti **t**a’e**’** jedhu ulfaatina qormaatichaa ibsa; faayidaan haasaa karaa gaalchoo afaan Oromoo ni salphaata jechuu addeessa; bu’aan haasaa kanaa afaan Oromoo namni kamiyyuu ni hojjeta isa jedhu ibsa.Xinxalli raga kanaa Afaan Oromoo barnoota miti jechuudha; Afaan Oromoo namni osoo hin qayyabatiinuu deebisuu danda’a jechuudha; ilaalchi Afaan Oromoof qabdu gadi-aanaa ta’uu agarsiisa; Afaan Oromoo hincimu jechuu agarsiisa.Gama biraan, hasgochi barattootaa kabaja barsiisaa kan hin qabne ta’uusaafi Afaan Oromoofillee kabaja kan hin kenniine ta’uusaaniitu hubatama.

9. Walgahii barsiisotaa 2013 fulbaanaarratti maaliif dura- bu’aa mana barumsaatti kofaltani?Dura-buutuun akkadaamii immoo maayikii irraa fuutee dubbanaan maaliif harka waliin reebdaniifi? Barsiisoonni daballii miindaa nurraa cite Perezadaantii Oromiyaa, Obbo Shimaaliis bira deemnee gaafanna jennaan; ‘***Achis deemtanii homaa hin fiddani; ana jechuun Shimaliis jechuudha***?Inni jennaan itti kofalle. Yeroo kan dura-buutuun akkaadaamii immoo, nutis barsiisaa waan taaneef mirga barsiisaan argachuu qabu karaa seera qabeessaan isin faana buunee

gaafachuu qabna; kan as jirrus tokko mirga keessaan kabachiisuufidha; jennaan barsiissoonni harka waliin reebneefi galateeffanne.

Hasgochi ana jechuu Obbo Shimaalis jechuudha jedhu waanan jedhu kun isuma Obbo Shimalis jedhanidha isa jedhudha; faayidaan haasaa kanaa: hin deemiinaadha; bu’aan haasaa kanaa waanan jedhe hojiirra oolchaadha.Xinxalli raga kanaa humna raawwii obbo Shimaaliis qabu osoo hin qabaatiin qaba jechuusaati; xiyyeeffannaaon haasa’uu dhiisuu isaati; ga’uumsa raawwii dhabuu isaati; tarsiismoo hasgochaa wallaaluu isaati;

Hasgochi mirga barsiisaan argachuu qabu karaa seera qabeessaan isin faana buunee gaafachuu qabna jedhu gaaffiin keessaan rakkoo hin qabu jechuudha; faayidaan haasaa kanaa: karaa seera qabeessa ta’een gaafadhaadha; bu’aan haasaa kanaa: waan argachuu qabu barsiisaan argachuu qabadha.Xinxalli ragaa kanaa hasgochi ishee sarmummaa kan qabu ta’uusaa, amantaa waansanaa qabaachuu isheefi walitti dhufeenya gaarii barsiisoota waliin qabaachuushee kan ibsu ta’uusaatu hubatame.

10. Barsiisaa Birahaanuu, dura bu’aa mana barumsaa waliin maaliirratti walitti buutani? Daree 12D barsiistuu Qananiitu barsiisaa jira; osuma isheen barsiisaa jirtuu barattootni daree keessaatti ishee jeeqnaan isheen lammata daree kana hin seenu jette; kanarraa dhaabbachuudhaan dura bu’aan anaan nawaamee daree 12D seeni naan jennaan , ‘barattoonni kun barattoota jeeqaan waan ta’aniif naamuusatti dura haa dhiyyaatan jennaan ‘ ***inni si hin galchu*** amma kana seeni naan jedhe; sanan dura ani barattoota kutaa 11ffaan barsiisa malee 12ffaa barsiisee waan hin beekneef har’a kitaaba fudhee qophaa’een borun seena jennaan ‘ ***Afaan Oromoo daree seentee waan jettu hin wallaltuutii seeni***’ naan jennaan; ani immoo ‘**sa’a abbaan gaafa cabse ollaan ija jaamsa’** jedhaniin jedheenii kanarra dhaabbatee daree seenuu dide jedhee na himate.

Hasgochi ‘**inni si hin galchu**’jedhu aangoo waanaan qabuuf waanaan jedhe hundumaa hojjechuu qabdaadha; faayidaan haasaa kanaa: hasgochi barataa sirrii yoo ta’uu baatees si hin ilallatu jedhee akeekkachiisuudha; bu’aan haasaa kanaa: haamilee tuqamuun barsiistuu Qananii dhimma kee miti jedhuudha.

Hasgochi ‘Afaan Oromoo daree seentee waan jettu hin wallaltuutii seeni’**:** Afaan Oromoo namni kamiyyuu barsiisuu dandaa’a jechuudha; faayidaan haasa kanaa: Afaan Oromoo beekumsa akka

hin barbaanne ibsuudha; bu’aan haasa kanaa: Afaan Oromoo qophii hin barbaadu jechuudha. Xinxalli raga kanaa kan mul’isu beekumsi afaanii akka isaatti ittiin dubbachuufi dhagahuu yoo danda’e afaan beeke jedhee amanuu isaa kan agrsiisuufi ilaalchi inni afaan Oromoof qabu gadi bu’aa ta’uusaati.

# BOQONNAA SHAN

## 5. GUDUNAFAA, ARGANNOOFi YABOO

Boqonnaa kana keessatti yaada furmaataa fi goolabbiitu dhiyaata.Akkasumas yaaboowwan kan keessatti tarreeffamanidha.Bu'aan qu'annoo kanaa kan inni agarsiisu hasgochi namumaan, kaayyoon, humna raawwiin, amanamummaan, yoomeessaanfi ilaalchaan kan walqabate ta'uusaati..Hasgochi aadaafi safuu bu'uureeffate fakkeenyummaa hasgocha barsiisotaafi qaamoota kanii kan bardaadu ta'uusaati.Hasgochi barattotaa kaayoofi waan itti amanan irratti kan hin xiyyeeffanne ta'uutu hubatame.Hasgochi sirriin akkaataafi yoomeessa qajeeltoo akka barbaadu hubatameera.Galma ga'iinsa hasgochaaf sadarkaa hawaassaa beekuun,gahee namaa beekuunfi haala beekuun barbaachisaa ta'uusaatu hubatame.

Karaa biraan hasgocha barsiisaafi barataa keessatti tarsiimoo hasgochaa wallaaluun mul'ateera.Hasgochi yaada dhugaafi saayinsawaa hordofuun galma ga'iinsa argata.Hasgocha barattootaafi barsiisotaa waan arganiifi dhagahaniin kan miidhameedha.Hasgochaatti fayyadamuun dhimma jiruufi jireenyaa yoo ta'u,akkamiitti caasaa afaanii beeknee itti fayyadamna isa jedhu beekuudha.Hasgocha qajeelaa fayyadamuun dhageettii namoota hedduu biraatti akka qabaatan kan nama taasisuudha.Hasgochi barattootaa qajeelfaama fudhachuurraatti hanqina qaba.

Dabalataaniis, mana barumsaa keessaatti hasgochi barattoonni irra jireessa fayaydaman deebii deebisuu ta'uunsaatu hubatame.Waan balleessaan amanuun hasgocha barattootaa keessaatti hin mul'atu.Hasgocha barattootaa keessatti doorsisuu, tuffiifi arrabsootu mul'ata.Hasgochi sarmummaa of keessaa qabu hasgocha kallattii caala alkattiitidha.Hasgocha barsiisaa keessaatti barataatti dhaadachuun ni mul'ata.

### 5.1. Gudunfaa

Akka waliigalaatti sakatta'a/xiinxala kana keessaatti wantoonni hedduun hasgocha ilaalchisee sakatta'i/xinxaalli gaggeefameera.Wantoonni sakatta'a kana keessatti qaacceeffaman itti fayyadama hasgochaa waan kamiifiyyuu oluu danda'uusaa, hasgochi gaalchoon walqabachuusaa, hasgochi karibsoon walqabachuusaa, haasgochi dursoon walqabachuusaati.

Hasgochi eenyuammaa namaan akka walqabatu, aadaa hawaassaafi jechoota hawaasicha keessaatti humna qabanitti fayyadamuufi dhiisuun keenya hasgocha keenyaan kan mul'atu ta'uutu mul'ate. Hasgochi akkaataa dubbiifi sochii qaamaan illee kan walqabatu ta'uusaatu beekkame. Kaayyoon qorannoo kanaas xinxala itti fayyadama hasgocha barattootaafi barsiisoota filataman keessatti waliitti dhufeenya aadaa waliin qabu, geeddaruumsa inni isaan irratti fide,sirna baruufi barsiisuu akkataa inni itti miidhe,tarsiimoo isa kamiitti akka fayyadaman,akkasumaas of-eeggannoo isaan hasgocha isaaniif taasisan sakkata'uudha.Haaluma kanaan xinxalli itti fayyadama hasgocha barattootaafi barsiisoota mana barumsaa Burqaa Haarbuu Sad.2[ffaa] irratti xiinxalli taasifameera.

Xiinxalli taasifame yaaxxina hasgochaa bu'uura taasifachuun yoo ta'u, bargaaffii, afgaaffii dhiyyeessuun ragaa funaanamefi daawwannaanfi waraabbiin ragaan funaannane, qabxilee xiyyeeffannoo yaxxinichaa wajjin walsimsiisuun qaacceffamee mala qorannoo akkamtaatiinfi hamamtaatiin ibsamee jira. Itti fayyadama hasgochaa keessatti miidhaa inni fideefi faayidaa inni fide xiyyeeffannaa argateera. Qorannoon kun itti fayyadama hasgocha barattoota Burqaa Haarbuu Sad.2[ffaa] irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, kaayyoo guddaan qorannaa kanaa xinxaala itti fayyadama hasgocha barattootaafi barsiisota Mana Barumsaa Burqaa Haarbuu Sad.2[ffaa] xinxaluu/ qaacceessuudha.Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, xinxala itti fayyadama hasgocha barattootaafi barsiisota Mana Barumsaa Burqaa Haarbuu sadarkaa lammaffaa irratti xiinxalaafi qorannoo gaggeessuudha.Kaayyoo kana bira gahuuf hirmaattoonni qorannoo kanaa, barattootaafi barsiisotaa mana barumsaa sadarkaa 2[ffaa] Burqaa Haarbuuti. Gama biraatiin, bargaaffiifi afgaaffiin dhihaate haala caasaa cufaa fi banamaa walqabatiinsa qabuun kan qindaa'edha.Ragaan meeshaalee kanneeniin walitti qabame ammoo, karaa qulqulleeffataafi safarataan qaacceeffamuun qindaa'era.Qaaccessaafi ibsa ragaa gaaffilee bu'uuraaf deebii barbaaduuf walitti qabameef taasifameerra ammoo, argannoon mul'ateera.

### 5.2. Argannoon bu'uuraa mul'ates:

1. Hasgochi barsiisaa hasgocha barataatiif, fooyya'insa qabxii barataatiif, cimina barataatiif, humna raawwii barattotarratti murteessaa ta'uunsaa hubatameera.

2. Rakkoon ittifayyadama hasgocha barattootaa rakkoo ittifayyadama hasgocha barsiisootaan kan walqabatu ta'uusaati.

3.Hasgochi waan keessa keenyatti yaadnuun, aaadaan, sarmummaan, ejjennoo qabnuun,namummaa namaan,ga'umsa raawwii qabnuun,waan dhageenyeefi dubbifneen,abdii qabnuun,maaljoon,haalaan,gaalchoon,karibsoon,kaayyoonfi waan itti amannuun walqabachuusaatu hubatame.

4. Hasgochi barattoonniifi barsiisoonni itti fayyadaman: deebii deebisuu, gaaffii gaafachuu, qajeelfama kennuu, gorsuu, dheekkamuufi hawwii gaarii namaaf qaban ibsutti akka ta'e mul'ateera.

5. Ilaalchi keenya miirri keenya, falaasamni jireenya keenyaa, waan itti waaqessinu hasgocha keenyaan beekkamuusaatu hubatame.

6. Hasgochi waanuma namni keessa jiru mara kan ibsu ta'uusaatu mirkanaa'e.

### 5.3. Yaada Furmaataa/Yaboo

Wanta sakkata'i/xinxalli irratti gaggeeffame tokkoof yaada furmaataa kaa'uun barbaachusaadha.Innis namoota gara fuulduraatti mata duree kana waliin walfakaatu irratti qorannoo gaggeessaniif akka ka'umsaatti kan gargaarudha.Odeeffannoo madda ragaalee irraa sassaabamee qaacceffame irraa akka hubatametti, xinxaalli itti fayyadama hasgocha barattootaafi barsiisotaa yaad-rimee hasgochaa, hasgocha branootaaf onnee namaatti horu,hasgocha dhugaa keessa jiruu ibsu, hasgocha ammayyummaafi fakkeenyummaa dhabuun miidhame, hasgocha bakka oolmaafi hiriyyaan miidhame,tarsiimoo hasgochaa irra jireessa maan barumsaa keessaatti fayyadaman xinxaluun yaboon kenname:

1. Hasgochi barataas ta'ee barsiisaa maaljoo,sarmummaa, kaayyoofi fakkeenyummaa osoo qabaatee

2. Hasgochi barataas ta'ee barsiisaa humna raawwii osoo qabaatee, aadaa osoo giddu galeeffatee, amanamummaa osoo qabaatee,haala osoo giddu galeeffatee,kabaja ogummaafi namoomaa osoo eegee

3. Hasgocha hojii baruufi barsiisuu hin miinetti osoo fayyadamnee

4. Itti fayyadamni hasgocha barattootaa kallattii qajeelfaama fudhachuutiifi seera mana barumsaa kabajuutiin akka jabaatu ta’uu qaba.

**5.** Barnoonni walmaddeessaa barattoota haammachuun waliigaltee afaanii qixaan fayyadamaniif gumaachuu qaba.

**6.** Hasgocha barataafi barsiisaa lamaanuu keessatti dogoggorri yaad-rimee hasgochaa, ilaalcha hasgochaafi rakkoon itti fayyadama hasgochaa, akkasuumaas itti fayyadama seerlugaafi xiinqooqaa sirreeffamuu qaba.

**7.** Itti fayyadama hasgocha barattootaa kabaja aadaa, umurii, sadarkaa hawaassaa, hariiroo sirrii, tarsiimoo hasgochaa, sarmummaa, bilchina sammuu, humna raawwii of keessatti qabatee argamuu qaba.

11 .Hasgochi barataa hasgocha ilaalcha isaa ibsu, maatii isaa ibsu, eenyummaa isaa ibsu, oolmaa isaa ibsu ta’uusaa beekee waan haasawufi godhu hundaaf xiyyeeffannoo kennuu qaba.

12 Ijaarsa biyyaa keessatti rakkina itti fayyadama hasgocha namoonni biyya bulchaa jiranii sirraa’uufi imaamanni barnoota biyya keenyaa hasgocha akka qabiyyee tokkootti hamachuun fala akka argatu.

13 Hasgochi of kennuu, waan itti ananaan, haala mijataa waan barbaaduuf, xiyyefannoo yoo itti kennine itti fayyadamn hasgocha barattootaafi barsiisotaa fala argata.

14 Hasgochi barsiisaa barataa biratti fudhatama akka argatuuf hasgochi isaa fakkeenyummaa, humna raawwiifi amanamummaa qabaachuu qaba.

15 .Xiniikaala keessumaayyuu hasgocha barachuuf kaka’umsa ni uuma

## Wabii/References

Agbedo, Ch.(2008).A Speech Act Analysis of political Discourse in the Nigerian print Media. *Ikenga International Journal of African Studies*, 10(1&2), 159-191.http://linguisticsafrican.com/journal.html

Altikriti, S.F. (2011). Speech Act Analysis to Short Stories.*Journal of Language Teaching and Research*, 2(6), p 1374-1384.ttp:dx.dx.doi.org/10.4304/jltr.2.6.1374-1384

Allan, K. (1986). *Linguistic Meaning*. London: Routledge & Kegan Paul.

Austin, J. (1962). *How To Do Things With Words*. Oxford: Oxford University Press.

------------*Philosophical Papers*. Oxford: Oxford University Press, 1960.Google Scholar

---------- *How to Do Things with Words*. Oxford: Oxford University Press, 1962/1975 2nd ed.Google Scholar

Bach, K. and R. M. Harnish (1979).*Linguistic Commuication and Speech Acts*. Cambridge, Mass.: MIT Press.

Barker, Stephen. *Renewing Meaning*: A Speech-Act Theoretic Approach. Oxford: Clarendon Press, 2004.Google Scholar

--------- "Semantics Beyond the Distinction between Sense and Force". In John Searle's Philosophy of Language: Force, Meaning and Mind, edited by Savas L. Tsohatzidis, 190-210. Cambridge: Cambridge University Press, 2007.Google Scholar

Bates,E.(1996).Language and context:The Acuqistion of pragmatics,orlando,Florida:Academic press

Brown, R.(1973*). A first Language*: The early stages. Cambridge: Harvard University press.

Brown, G. & Yule, G. (1983). *Discourse analysis*. Cambridge: Cambridge University Press.

Carston, Robyn. *Thoughts and utterances*. The Pragmatics of Explicit Communication. Oxford: Blackwell, 2002.Google Scholar

Carston, R., 2003. *Thoughts and Utterances*. Oxford: Blackwell.

Clark, H., 1996. Using Language, Cambridge: Cambridge University Press.

Cole, P. & Morgan, J. L. (eds.) (1975). *Syntax and semantics, Vol. 3: Speech acts*. New York: Academic Press.

Cook, G. (1989). *Discourse*. Oxford : Oxford University Press.

Cook, V. J. (1985). Language functions, social factors, and second language learning and teaching. IRAL, 23, 3, 177–98. 177–98.

Crystal, D. (2008). *A Dictionary of Linguistics and Phonetics* (6th ed.).

Oxford: Blackwell Publishing Ltd.

Coulthard, Malcolm. 1985. *An Introduction to Discourse Analysis*. London: Longman.

Davis, W., 1992. '*Speaker meaning*,' Linguistics and Philosophy, 15: 223–53.

Dylgjeri, A.(2017).Analysis of Speech Acts in political Speeches. *European Journal of Social Sciences Studies*, 2(2).http://doi.org/10.5281/zenodo.344518

Forguson, L.W., 1973. '*Locutionary and illocutionary acts*,' in G. Warnock (ed.), Essays on J. L. Austin, Oxford: Clarendon Press, 160–185.

Gardiner, Alan. 1932. *The Theory of Speech and Language*. Oxford: Clarendon.

Gazdar, Gerald. Pragmatics: *Implicature, Presupposition and Logical Form*. New York: Academic Press, 1979.Google Scholar

Giglioli, P. (ed.) (1972). *Language and social context*. Harmondsworth: Penguin.

Grice, Herbert P. *Studies in the Way of Words*. Cambridge, Mass: Harvard University Press, 2004.Google Scholar

Halliday, M. A. K. (1976). In Halliday: *system and function in language*. Selected paper edited by Gunther Kress. London: Oxford University Press.

Hare, R., 1970. ‘*Meaning and Speech Acts*,’ The Philosophical Review, 79: 3–24.

Horn, Laurence R. "More issues in neo- and post-Gricean pragmatics." Intercultural Pragmatics. 3.1 (2006): 81-93, doi: 10.1515/IP.2006.004.CrossrefGoogle Scholar

House-Edmondson, J. (1987). *Interlanguage pragmatics*: requesting in a foreign language. Paper presented at 8th AILA conference, Sydney.

Huang, Y. (2007). *Pragmatics.* Oxford: Oxford University Press.

Hymes, D. (1974). Foundations in Sociolinguistics: an ethnographic approach. Philadelphia: University of Pennsylvania Press.

Jabber,Kh., and Jinquan,Z.(2013).The Modal verbs: *A speech Act of Request in the Speech of the former president of the United States, Barak Obama*. Issue 12, February 2013. http://www.the – creterion.com/v4/nl/Khalid.pdf

Kempson, R. (1977). *Semantic theory*.Cambridge: Cambridge University Press.

Kissine, Mikhail. "Illocutionary Forces and What is Said" Mind & Language, Vol. 24, No. 1 (2009), 122-138, doi: 10.1111/j.1468-0017.2008.01356.x.CrossrefGoogle Scholar.

Korta, Kepa and John Perry. "*How to say things with words"* . In John Searle's Philosophy of Language: Force, Meaning and Mind, edited by Savas L. Tsohatzidis, 169-1

Langton, R., 1993.*‘Speech acts and unspeakable acts*,’ Philosophy and Public Affairs, 22: 293–330.

Leech, G. (1981) .*Semantics (Second Edn.).* Harmondsworth: Penguin Books.

Leech, G (1983). *Princi ples of pragmatics*. London: Longman.

Levinson, S. C. (1980). *Speech act theory*: the state of the art. Language Teaching and Linguistics: Abstracts, 13, 2–24.

------------ (1983). *Pragmatics*. Cambridge: Cambridge University Press.

Lyons, J. (1977). Semantics (2 vols.). Cambridge: Cambridge University Press.

----------(1981). *Language and linguistics*. Cambridge: Cambridge University Press.

Martin, J. R. (1981). *How many speech acts?* U.E.A.Papers in Linguistics, 14, 5, 42–77.

MacFarlane, J., 2011. 'What is Assertion?' in Brown and Cappelen (eds.) As Martin, J. R. (1981). How many speech acts? U.E.A.Papers in Linguistics, 14, 5, 42–77.sertion: New Philosophical Essays, Oxford: Oxford University Press, pp. 79–96.

Mey, J. L. (2001). *Pragmatics:* An Introduction. (2nd ed.). Oxford:Blackwell Publishing.

Nunan,D.(1993).Introduction discourse analysis, London:Penguin.

Perkins, Michael (2007). *Pragmatic Impairment*.Cambridge: Cambridge University Press.

Recanati, F., 1987. *Meaning and Force*: The Pragmatics of Performative Utterances, Cambridge: Cambridge University Press.

Roberts, C., 2012. '*Information Structure in Discourse*: Towards an Integrated Formal Theory of Pragmatics,' Semantics and Pragmatics, 5: 1–69.

Sadock, J., 1974. *Toward a Theory of Linguistic Speech Acts*.New York: Academic Press.

------- (2006). "*Speech Acts*". In Horn, Laurence R. and Gregory Ward. The Handbook of Pragmatics. Blackwell Publishing Ltd.

Saeed, J. (1997) .*Semantics*. London: T.J. Press Ltd.

Saul, J., 2012. Lying, Misleading and What is Said: An Exploration in the Philosophy of Language and in Ethics, Oxford: Oxford University Press.

Searle, J., 1968. ‘Austin on locutionary and illocutionary acts,’ The Philosophical Review, 77: 405–424.

-----------(1969). *Speech Acts*: An Essay in the Philosophy of Language, Cambridge, Eng.: Cambridge University Press.

––– (ed.), 2003. John Searle, Cambridge: Cambridge University Press.

--------- Expression and Meaning. Cambridge: Cambridge University Press, 1979.Google Scholar

--------- (1965). What is a speech act? In Black., M. (ed.) Philosophy in America. Allen &Unwin and Cornell University Press. Reprinted in Searle, J. R. (ed.) (1971), The philosophy of language. Oxford: Oxford University Press.

---------- (1975). *Indirect speech acts*. In Cole, & Morgan, , 59–82.

---------- (1976). *The classification of illocutionary acts*. Language in Society, 5, 1, 1–24.

Skinner, Q., 1970. ‘Conventions and the Understanding of Speech Acts,’ The Philosophical Quarterly, 20: 118–38.

Smith, B., 1990. ‘Toward a history of speech act theory,’ in A. Burkhardt (ed.), Speech Acts, Meaning and Intentions: Critical Approaches to the Philosophy of John Searle, Berlin: Walter de Gruyter, 29–61.

Stalnaker, Robert C. "Pragmatics" In: G. Harman and D. Davidson (eds.): Semantics of Natural Language, 380-397, Dordrecht: Reidel, 1972.Google Scholar

Strawson, P. F. (1964) 'Intention and convention in speech acts', Philosophical Review 73: 439-60.

Thomas, J. A. (1983). Cross cultural pragmatic failure. Applied Linguistics, 4, 2, 91–112.

-----------(1984). Cross cultural discourse as ‘unequal encounter’: towards a

Taylor, Mary V. (1978). The *Grammar of Conduct*: Speech Act

Theory and the Education of Emma Woodhouse, Style. vol. 12: pp. 357-71.

Thomason, R., 1990. ‘*Accommodation, meaning and implicature*: interdisciplinary foundations for pragmatics,’ in Cohen, Morgan and Pollock (eds.), Intentions in Communication, Cambridge, MA: MIT Press, pp. 325–364.

Tsohatzidis, S.L. (ed.), 1994. *Foundations of Speech Act Theory*: Philosophical and Linguistic Perspectives, London: Routledge.

Vanderveken, D., 1990. *Meaning and Speech Acts*, Vols I and II, Cambridge: Cambridge University Press.

Watson, G., 2004. ‘*Asserting and Promising*,’ Philosophical Studies, 117: 57–77.

Wilkins, D. A. (1983). Some issues in communicative language teaching and their relevance to the teaching of languages in secondary schools. In Johnson, K. & Porter, D.

Williamson, T., 1996. ‘Knowing and asserting,’ The Philosophical Review, 105: 489–523.

Witczak-Plisiecka, Iwona. *Semantic and Pragmatic Aspects of Speech Acts in English Legal Texts*, unpublished PhD thesis, University of Lodz, Poland, 2001.Google Scholar

Yule, G. (1996). *Pragmatics.* Oxford: Oxford University Press.

DABALEE- A

**Bargaaffi kabajamtoota Barattoota mana barumsaa Burqaa haarbuu sadarkaa lammaaffaan guutamu**

Bargaaffiin kun itti fayyadama haasgocha barattootaa mana barumsaa Burqaa haarbuu sadarkaa lammaaffaa irratti raga guuruuf kan qophaa'edha.Kanarraa kan ka'e, qorannoo kanaaf odeeffannoo barbaachisaa sirrii walitti qabuuf isin hirmaattota qorannaoo kanaa taatanii filatamtaniittu.Kanaaf,fiixa bahiinsa qorannoo kanaaf ragaa dhuga qabeessa ta'e amanamummaafi akeekaan akka naaf guuttan kabajaan isinaan gaafaadha.Darbee gaaffilee gabatee keessatti dhiyaateef kan filatte jalatti ()

1. Hagocha barattota kaayoo barnootaa hin qabnee kan ta'e kami?

A) Hin bahu, alatti wal-arganna, maalfidda, of kabaji… B) galatoomaa… C) waan hunda callisuu

2. Gochaa badaa kan akka: barsiisaatti kolfuu, foorichuu,suura kaasuu… barattoonni mooraa mana barumsaa keessaatti agarsiisaan barattoota akkamiiti jetta?

A) Kaayyoo barnootaa qabaan B) kaayyoo barnootaa hin qabne C) barattoota ciccimoo

3. Qormaataan walqabatee barattoonni waraqaa qormaata isaanii irratti kan suura kaasaan, bakka barsiisaan teessise taa'uu kan jibban, waraqaa qormaataasaanii kan ciran maaliif jettee yaadda**?** A) Qajeelfaama qormaataa wallaaluurraan kan ka'e B) Qormaataaf waan hin qophoofneefi C) barnootaan ala waan abdatu kan biraa waan qabuufi D) *bartee duubee saaniiti*

5. Haasgochi irra caalaa maaliin walqabata jettee yaadda? A) namummaa B) Kabaja namootaaf qabnuufi safuu aadaa C) kabaja barnootaaf kennamuufi maatii nu guddiseen D) *Nama fakkeenya nuuf ta'uun*

6 . Haasgochi sirriin maaliirratti xiyyeeffachuu qabaata? A) kaayyoo B) waan itti amantu C) lamaanuu D) *ammayyummaa*

7. Haasgocha barsiisaatti akkataa kamiin hiika itti kenniita A) a) Eyyummaafi gahee barsiisaa sanaa bu'uura godhadheen B) Haala bu'uureeffachuun C) Haasgocha sana bu'uura godhachuun D) Hariiroon barsiisaa sana waliin qabu bu'uura godhachuun

8. Waan mormiitu tooftaa kamiin mormita? A) Miidhaa inni fidu kaasuudhaani B) Isa sirrii agarsiisuunfi filannoo biraa agarsiisuun C) Waan qaamni biraa mormeef mormuu D) waanan jibbuuf mormuu

9. Dura bu'aan mana barumsaa hiriira hiriirsisee gara dareetti gala jennaan, maaliif itti kofattani; barataan isin keessaa ka'ee hin barannu baaneeti deemna jennaan immoo harka walitti buusuun kan foorican maaliif? A) qajeelfama fudhachuu waan hin barbaanneefi B) yaadicha waan mormineef

10. Qajeelfaama isa kam raawwachuu dhiifnaan barsiisaan sitti dheekkame? A Kitaaba fiduu dhiifnaan B) sirna alaabaa kabajuu baannaan C) aadaa kabajuu baannaan D) *hojii manee, fi abbaltti hojjechuu baannaan*

11. Mana barumsaa keessatti gosa hasgochaa kam caalaatti dhimma itti baata? A) deebii deebisuu B) gaaffii gaafachuu C) mormuu

12. Waan balleessiteef dhiifama akkamiitti gaafattaa? A) waanan balleesse dubbachuudhaan B) waanaan balleesse dhoksuudhaan C) waanan balleesseetti gaabbuudhaan

13. Doogoggora barsiisaan uume akka miitti sirreeffaatta? A) sodaachisuudhaan B) miidhaa inni jireenya koo irratti fidu beeksisuudhaan C) adabsiisuudhaan.

14. Haasgochi kee bu'aa maalii dhaggeeffataa irraatti fida? ----------------------------------------
----------------------------------------------------------------------------------------------------

15. Haasgochi barnootaaf itti gargaaramtan kan akkamiiti?------------------------------------------
----------------------------------------------------------------------------------------------------

16.Afaan dubbachuu akkamiitti ilaalta?------------------------------------------------------------
-------------------------------------------------------------------------------------------

**Dabalee-B**

**1.Qaacceessa Ragaa Waliin dubbiifi Tallamsa barsiisaafi barataa**

2. **Qaacceessa Waliin dubbii, taphaafi falmii Barsiisotaa**

**3. Qacceessa Afgaaffii barsiisotaa**

## IBSA

Ani qorataan maqaafi mallattoon kooarmaan gadiitti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii koo dhuunfaa koo kanaan dura Yunvarsiitii kamiyyuu keessattuu qorannoo eebbaatiif hindhiyyaanne ta'uusaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbise hunda fayyadame hunda isaanii wabii keessaa kaa'uu koo nan mirkaneessa

**Maqaa--------------------**

**Mallattoo--------------**

**Guyyaa---------------**